YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAA

MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO

# MALLATTUMMAA COQORSAA FI SAARDOO AADAA OROMOO WALISOO LIIBAN KEESSATTI

INDAALAA YOHAANNIS DABALAATIIN

EBLA 2015

JIMMA

# MALLATTUMMAA COQORSAA FI SAARDOO AADAA OROMOO WALISOO LIIBAN KEESSATTI

INDAALAA YOHAANNIS DABALAATIIN

GORSAA: TARRAFAA MITIKUU FI
MAGARSAA RAGGAASAA (G/RA.PROOF.)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA
FOOKLOORII OROMOO GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOOTIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO

EBLA 2015
JIMMA

## YUUNVARSIITII JIMMA

## SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Fookloorii Oromoo guuttachuuf Indaalaa Yohaannisiin,mata-duree:Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban jedhuirratti qophaa’ee sadarkaaYuunvarsiitiin kaa’een guutee kan dhiyaate.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_________________________ Mallattoo_____________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa_______________________ Mallattoo______________ Guyyaa ______________

Gorsaa duraa__________________________Mallattoo____________ Guyyaa_______________

Gorsaa I/A___________________________Mallattoo______________Guyyaa_______________

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookaan Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**AXEEREERAA**

Qorannoon kun mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa OromooWalisoo Liiban keessatti jedhu irratti kan gaggeeffamedha.Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta’u,ragaa qorannoo kanaaf barbaachisuu funaanuuf mala funaansa ragaalee kan ta’an keessaa gaaffii afaaniin,marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaan dirreeyerooqorannoonkungaggeeffamukeessattijilootadeemsifamaanirrattitaasifameejira.Qaacces sa ragaalee mala funaansa ragaalee armaan olitti eeraman kanaan funaannaman irraa ragaan argameakkamul’isuttimallattummaanCoqorsaafiSaardooaadaaOromooWalisooLiibankeessattidu udhaaleehawaasummaa,amantaa,falaasama,beekumsa,qaroomina,seenaafihaalajiruufijireenyaha waasichaa irratti hundaa’ee jiloota hawaasichi gaggeefatu keessatti kan mul’atudha.Haaluma kanaan jiloota hawaasichi gaggeeffatu keessaa jiloonii amantaa fi al-amantaa ta’aan,jechuun aadaafi duudhaalee hawaasa naannoo qorannoon kun gaggeeffamee ibsaan qorannoo kana jalatti kanneen Coqorsaa fiSaardoo qabateeraa wwiiwwan raawwatu addeeffamaniirruu. Dabalatanis,bakka ragaan suuraan argamettis suuraan deeggaramee dhiyaateera.Xinxala mallatummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo Liiban kana irraa kan hubachuun danda’amu,ummatni kun beekumsa naannoo uumamaa,aadaa,amantaa,duudhaalee hawaasaa,siyaasaafi jireenya hawaasummaa gadi fageenyaan kan qabu ta’uu isaafi beekumsi kun kunnuunfamee,guddatee,dhalootaaf akka darbuu gochuun barbaachisaadha.

## GALATA

Duraan dursee nagaa, fayyaafi beekumsa naa kennee qorannoo kana akkan gaggeessuuf kan na gargaare Waaqayyoo guddaaf galanni haa ta'u.Itti aansuun kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hin qusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turaan gorsaa koo Tarrafaa Mitikuu fi Magarsaa Raggaasaa (G/ra.Proof.) galanni isaaniif qabu guddaadha.Gama biroon,barsiisota muummee Fookloorii Oromoo Yuunivarsiitii Jimmatti na barsiisaa turan hunda hojii qorannoo kana keessatti qofa osoo hin taane, jalqaba carraa barnootaa akkan argadhus ta'ee,sanaan booda yeroon baradhu na cinaa dhaabbachuun akkan haamileedhaan barnoota koo itti fufu na jajjabeessuun deeggarsaa na barbaachisu hunda kan naaf taasisaa turan hundaaf galanni koo daangaa hin qabu.Akkasumas qorannoon koo akka galma gahuuf humnaa fi beekumsaan jalqabaa hanga dhumaatti kan na bira dhaabbatan haadha manaa koo addee Fayyisee Gizaaw fi intalaa koo Hawwii Indaalaa fi barattuu Muluwarq Hirphasaatiif galannif jaalalli koo onneerrati.Kana malees bakka hundatti humnaafi yaadaan yeroo mara kan na biraa hin hafne abbaa koo Obbo Yohaannis Dabalaa fi Haadha koo Aaddee Birrituu Abbaa diimaatiifi obbolaawwan koo hundaaf galanni koo guddaadha.Itti aansuun jabaadhee hojii koo kana galmaan akka gahuuf bekkumsa,yaadaafi deeggarsa meeshaalee adda addaa naa tasisuun jalqabaa hanga dhumaatti kan na gargaaran itti gaafatama Waajjira Aadaa fi Turizimii kan ta'an obbo Waganee Naadhasaa onnee koo irraan galateeffadha.Kanatti aansee yeroon ani funaansa ragaaleef deemu,rooba,qorra,aduufi fageenya osoo hin jenne bakkan ani deeme hunda na waliin deemuun suuraafi waraabii adda addaatiin kan na gargaaran obbolaawwan koo Balaachoo Yohaannis fi Kabaabush Imaanaatiif galanni ani qabuuf guddaadha.Dhumarratti,milkaa'ina hojii kootiif ragaalee barbaachisu hundaa nuffii tokko malee yeroo keessan arsaa gootanii kan naa kennitaan manguddoota Oromoo Walisoo fi dubartootaaf jaalalli, kabajniifi galanniin isiniif qabu daraan guddaadha.

**GABAAJEE**

Gabaajeewwan kanaa gadii qorannoo kana keessatti kan argamaniidha.Isaanis maqaa Waajiraalee,dhaabbiileefi jechoota gabaabbatanii barreeffamaniidha.

GWA-------------Gumii Waaqeeffannaa Adduunyaa

Kkf----------------Kan kana fakkaatan

WAT--------------Waajiira Aadaafi Turizimii

WBAW----------Waajiira Barnoota Aanaa Walisoo

Wkf---------------waan kana fakkaatan

Ykn-------------Yookiin

## BAAFATA


**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ iii

Galata ........ iv

Gabaajee........ v

**BOQONNAA 1: SEENSA**

1.1 Seen-Duubee Qorannichaa........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa........ 2

1.3 Gaaffiilee Qorannichaa ........ 3

1.4 Kaayyolee Qorannichaa ........ 3

1.4.1 Kaayyoo Gooroo........ 3

1.4.2 Kaayyoo Gooree ........ 4

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa........ 4

1.6 Daangaa Qorannichaa ........ 4

1.7Hanqina Qorannichaa........ 5

1.8 Malleen Qorannichaa ........ 5

1.8.1Saxaxa Qorannichaa........ 5

1.8.2 Madda Ragaa Qorannichaa ........ 6

1.8.3 Mala Iddattoo ........ 6

1.8.4 Malleen Ragaaleen Ittiin Funaannaman........ 7

1.8.4.1Daawwannaa........7

1.8.4.2GaaffiiAfaanii........9

1.8.4.3MariiGareeXiyyeeffatee........10

1.9 Mala Xiinxalaa Fi Ibsa Ragaalee ........ 11

1.10 Naamumsa Qorrannichaa........ 111

1.11 Qindeeffama Qorrannichaa........11

**BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU**

2.Sakatta'iinsabarruuleefiyaad-Hiddamaa ........ 12

2.1.Sakata'iinsabarruulee........ 12

2.1.1 Uumamaa Magariisa Fi Coqorsaa ........ 12
2.1.2 Duudhaalee/Barsiifata Hawaasaa Fi Saardoo ........ 13
2.1.3 Sirna Gumaa Baasuu Fi Coqorsa ........ 15
2.1.4 Jaarsummaa Fi Saardoo ........ 17
2.2 Haammattoo Yaadiddamoota Adda Addaa ........ 19
2.2.1 Yaadiddamoota Mallattummaa ........ 19
2.2.2 Yaadiddamoota Aadaa: ........ 22
2.2.3 Yaadiddamoota Faayidaa (Functional Theory) ........ 23

**BOQONNAA SADII : SEEN-DUUBEE BAKKA QORANNOO**

3.1 Haala Argamaafi Teessoo Aanaa Walisoo ........ 24
3.2 Baayyinauummataa,Afaan Fi Amantii Uummataa Aanichaa........25
3.3.1 Teessuma Lafaa........25
3.3.2 Haala Qilleensa........26
3.3.3 Qaaman Bishaanii........26
3.3.4 Biyyee........26
3.3.5 Bineeladota........26
3.3.6 BakkeewwanseenaQabeessaaFiHawwataTuriizimii Aanichaa........27
3.4.Diinagdee........28
3.5 Haala Dhaabbilee Hawaasummaa Aanaa Walisoo........28
3.6 Akaakuwwan Aadaa Aanicha Keessa Jiru........29
3.6.1 Nyaata Aadaa........29
3.6.2 Aadaa Walgargaarsaa........29
3.6.2.1 Qaboo........30
3.6.2.2 Daboo........30
3.6.2.3 Jigii........30
3.6.2.4 Daadoo........30
3.6.2.5Walitti Birmachuu........30
3.6.2.6 Afooshaa........31
3.6.2.7 Iquubii........31
3.6.2.8 Hirphuu........31

3.7 Hidda Latiinsa Hawaasa Oromoo Aanaa Walisoo................................................................ 31

**BOQONNAA AFUR:HIIKAAFI XIINXALA RAGAALEE**

4.1 Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo............................................................................ 33
4.1.1 Mallattummaa Coqorsaa .............................................................................................. 33
4.2 Coqorsaa Fi Utubaa Mana Dhaabuu ............................................................................ 35
4.2.1 Eebba Ijaarsaa Manaa Yeroo Karaa Aadaatiin Ijaaranu Eebbifatamuu Fi Coqorsaa .......... 37
4.3 Sirna Gumaa Fi Coqorsa ............................................................................................. 43
4.3.1 Sirna Gumaa Sagaduu Fi Coqorsa ............................................................................. 43
4.3.2 Sirna Warra Gumaa Wal Himaachiisuu Fi Coqorsa ........................................................ 43
4.3.3 Sirna Gumaa Muruu Walisoo Liibanii Fi Coqorsa ........................................................ 44
4.3.4 Adeemsaa Raawwii Seera Gumaa Tumuu Fi Coqorsa ...................................................... 47
4.3.5 Eebba………………………………………...……………………..……………..50
4.3.5.1 Eebba Gumaa Fi Coqorsa ........................................................................................ 50
4.3.6 Seera Gumaa Tumuu Fi Coqorsa .............................................................................. 51
4.3.7 Harka Dhiqannaa Fi Coqorsa ....................................................................................... 52
4.4 Mallattummaa Coqorsaa Sirna Irreechaa Keessatti ........................................................ 54
4.5 Ateetee Fi Coqorsa ......................................................................................................... 58
4.5.1 Eebba Ateetee Fi Coqorsa Sirna Facaafannaa Keessatti .................................................... 62
4.6 Mallattummaa Saardoo……………………………………..……………………..63
4.7 Sirna Fuudhaa Fi Heerumaa Fi Saardoo ....................................................................... 65
4.7.1 Ilaallannaa Fi Saardoo................................................................................................. 66
4.7.2 Haala Kaadhimmannaa Fi Saardoo.................................................................................. 68
4.7.3 Uwwisaa Fi Saardoo ...................................................................................................... 70
4.7.4 Qophiiwwan Biroo Guyyaa Cidhaa Dura Raawwataman ................................................. 70
4.7.5 Sirna Cidhaa Keessatti Saardoo Kennuufi Eebba Fudhachuu.. .......................................... 71
4.7.6 Sirna Mullii Fi Saardoo................................................................................................. 71
4.8 Jaarsummaa Fi Saardoo .................................................................................................. 74

**BOQONNAA SHAN:GUDUNFAA,ARGANNOOFI YABOO**

5.1 Gudunfaa ........................................................................................................................ 77
5.2 Argannoo........................................................................................................................ 79
5.3 Yaboo ............................................................................................................................ 81
Waabbiilee…………………………………………………………………….…………………82

**DABALEEWWAN**

Dabalee “A” ........................................................................................................................ 88
Dabalee “B” ........................................................................................................................ 89
Dabalee “C” ........................................................................................................................ 90
Dabalee “D” ........................................................................................................................ 90
Dabalee “E” ........................................................................................................................ 93
Waraqaa Mirkaneeffannaa……………………………………………………………...107

# BOQONNAA 1: SEENSA

## 1.1 SEEN-DUUBEE QORANNICHAA

Ummanii Oromoo Coqorsaa fi Saardoo ayyaanota fi jiloota waggaa tibboota adda addaa kabajamaan, raawwiilee duudhaalee hawaasaa,aadaa fi amantaa Oromoon gaggeeffatu keessatti karaa faayidaa fi mallattummaa adda addaa inni qabu agarsiisuu danda'uun dhimma itti baha. AkkaGetahun(2016)ibseeti,"coqorsa grass used in religious rituals,prayers,and blessings."Jedha.Akka Workineh(2001)Coqorsa grass is the respected and favored grasses in Oromo traditional religion. It is a strong creeper grass,which can stay green during the dry seasons."Jechuun ibseer.Akka Dirribiin (2012:122) ibsetti, gosti ateetee maarama loonii keessatti Loon erga galanii booda abbaan manaa coqorsa qabatee haadha manaa isaa waliin dallaa Seenuudhaan farsoofi dhadhaa itti facaasee eebbisa.Akka Leelliisaa (2018:261) ibsetti,"guyyaa ayyaana Ateetee dubartiin dhadhaa baksaa,Coqorsa cuuphxee ittin facafaatte,ittiin eebbiftuu kun Ateetee facafannaa jedhamee kan ayyaneeffattuudha." jedha. Dabalataanis,akka Worqinaa,(2001) Saardoon aadaa Oromoo biratti marga kabajaa guddaa qabudha.Saardoon naannoo mana jireenyatti baay'inaan marga.Saardoon baay'ee laafaa fi qajeelaadha.Marga hin barbaadamnes miti.Saardoon dhimmoota garagaraatiif dhimma itti bahama." Jedha.

Akka yaada armaan olii kana irraa hubannutii Coqorsi jiloota amantaa ittiin raawwachuuf kan dhimma itti bahamu qofa osoo hintaanee raawwiiwwan jiloota Oromoon gaggeeffatu keessatti mallattummaa adda addaa kan qabu ta'u isa irraa hubachuun danda'ameera.Fakkeenyaaf Ateeteen ayyaana sabnii Oromoo ayyaneeffatuu keessaa isa tokko ta'ee kan dubartootaan ayyaneefatamudha.Yeroo ayyaana ateetee kabajan manguddoonni Coqorsa qabatanii kan waaqa ittiin kaadhataniidha.Kunis dubartiin akkuuma heerumten jiruu gaarii akka qabaattu,akka hortu,jireenya gaariifi nagaa akka argattufi bara dheeraa maatii ishee waliin jalaalaan akka jirattuuf kaadhatama.

Kanaafuu, Coqorsi mallattummaa hormaataa, mallattummaa jireenya,mallattummaanagaa fi mallattummaa jalaalaattiin fakkeeffama."Jechuun ibsuu isaaniifi akkasumas,Waaqa ittiin kadhachuuf fi eebbaaf kan nu fayyadu ta'u qorannoo armaan olii irraa hubachuun danda'ameera.Gama birattiin,garaagarummaa Coqorsaa Fi Saardoo yoo ilaalu Coqorsi dhimmoota jajjabaa waaqaan walqabatuuf jechuun kaa`dhaa Waaqaa fi eebbaaf kan tajaajilu ta'ee yommeessa jilli tokko raawwatu bu'uura godhachuun mallattummaa adda addaa akka qabu

mirkannaa’eera.Saardoon immoon dhimmoota kanneen akka jaarsummaa fi duudhaalee hawaasaa fuudhaa fi heerumaa keessatti raawwiiwwan jiraan raawwachisuuf dhimma ittiin bahu qofa osoo hin taanee innis yommeessa duudhaalee hordofuun mallattummaa adda adda qaba.Kanaafuu,Coqorsii fi Saardoon wantoota uumaa fi uumamaa Waaqni uumee keessaa hawaasa Oromoo biratti jaalatamaa,kabajamaa,filatamaa  hundee jabaa kan qabuta’uu isaa mul’isa.Kuni immoon  ilaalcha guddaa fi hundaa oli mallattummaa inni qabuun kabaja guddaa qabaachuu isaa fi dhimmoota adda addaatiif bonaa fi ganna akka dhimma itti bahamu ta’uu irraa hubachuu dandeenya.

Kanaafuu,qorannoo kana keessatti kabajaa Oromoon Walisoo Liiban mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo ittiin hubatu,kunnuunsa inni taasisu,gosoota margaa dirree Oromoo Walisoo Liiban irratti argaman,gosoota margaa kana keessaa addatti immoon mallattummaa Coqorsaa fi Saardoon qaban,gahee fi walitti hidhiinsaa amantaa,duudhaalee hawaasa,diinagdee,aadaa fi kunnuunsa naannootiin qabu,mallattummaa isaa fi faayidaaleen taajajila jiloota keessatti itti fufiinsaan qabanu irratti xiyyeeffachuun gadi fageenyaan xiinxalamera.

### 1.2 KA’UMSA QORANNICHAA

Qoratooni baay’een kallatti adda addattiin aadaa,duudhaa hawaasa fi amantaa irratti mata duree karaa alkallattiin walfakkii qabuun qorannoo garagaraa qorataniru.Kallattiin mata duree kana irratti qorannoon qoratame garu sakatta’a barruuwwan taasifameen argachuu hin dandeenyee.Sakatta’a kanneen keessaa,Samuel( 2014) hawaasaa Oromoo naannoo Shawaa irratti xiyyeeffachuun Workineh (2001) qorannoo Amboo irratti Asmarom (1973) Oromoo Booranaa irratti,Abiyoot (2011) meeshaalee sirna ayyaana ateetee Oromoo: Aanaa Dandii fi Yaazoo (2016) sirna ayyaana ateetee Oromoo godina shawaa kaabaa aanaa warra jaarsoo,qorannoo karaa alkallattiin gaggeessanirruu.Haa ta’uu malee,qoratoon armaan olii qorannoo isaan keessatti sirna irreecha,ilaalcha Oromoon naannoof qabu keessatti Coqorsaa,seera fuudhaa fi heerumaa fi ateetee keessatti Saardoofi waaqeffannaa Oromooirratti qorannoo kallatti adda addattiin haa adeemsisanu malee mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo hin qoranne.Haalumaa kanaan hanga ammatti sakkata’a barruuwwan xiinxaleen akkaan hubachuu danda’eetti duudhaalee hawaasa kanneen keessatti addatti mata duree mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa OromooWalisoo Liiban jedhuun qoratamee ifa bahee wantii ta’ee hin jiru.Akkasumas,waa’ee walitti hidhiinsa

Coqorsii fi Saardoon jilaalee garaa garaa keessaatti qabu fi mallattummaan isaa duudhaalee hawaasaa qorannoo hanga ammaatii qoratameen mata duree qorataan amma filateen adda bahee qoratame waan hin jireef duudhaalee hawaasaa kana keessatti mallattummaan Coqorsaafi Saardoo gadi fageenyaan qorachuun wanta dhokataa jiloota sana keessa jiru akka mul'atu godheera.Qorannoo kanas qorannoowwan dura qoratamaan irraa kan adda isa godhus bakki qorannoon kun qoratamee bakka qoratoon dursa qoratan irraa adda ta'uu,qabiyyeewwan qorannoo,raawwiiwwanduudhaalee hawaasaa garaagaraaofkeessatti qabaachuu,haala jiloonni raawwatamanuun,bakkaan,yommeessa kam keessatti akka raawwatamanu adda baasuun mallattummaan Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti qoratame kan ifoomsee ta'uun qorannoowwan dura irraa adda isa godha.Kun immoon raawwiiwwan duudhaaalee garaagaraa Oromoon raawwatu keessatti yoomiifi eessatti Coqorsaa fi Saardoo dhimma akka itti bahuufi mallattuummaa inni qabu beekuuf gargaara.

## 1.3. GAAFFIILEE QORANNICHAA

1 Garagarummaa fi tokkummaan mallattummaa Coqorsii fi Saardoon qabu maali ?

2 Coqorsaa fi Saardoo yommeessa akkam keessatti dhimma ittiin bahu

3 Yeroo ammaa kana itti fayyadamni fi kabajnii mallattummaan Coqorsaa fi Saardoo hawaasa Oromoo Walisoo Liiban biratti maal fakkaata?

4 Faayidaa fi walitti hidhiinsi Coqorsaa fi Saardoon duudhaalee hawaasummaa,waltajjiiwwan Amantii fi aadaa keessatti qaban maali ?

5 Maaliif ummanni Oromoo coqorsaa fi Saardoo qabata ?

6 Mallatummaan Coqorsaa fi Saardoo duudhaalee hawaasummaa,waltajjiiwwan Amantii fi aadaa keessatti qaban biifa kamiin mul'ata ?

## 1.4. KAAYYOLEE QORANNICHAA

### 1.4.1. KAAYYOO GOOROO

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti xiinxaluudha.

### 1.4.2. KAAYYOO GOOREE

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa:

- ✓ Akka aadaa Oromoo Walisoo Liibanitti mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo ibsu,
- ✓ Coqorsaa fi Saardoo eessatti,eenyuun fi dhimma maalitiif akka qabatamu addeesuu,
- ✓ Faayidaafi walitti hidhiinsi Coqorsaa fi Saardoo,duudhaalee hawaasummaa, waltajjiiwwan amantii fi aadaa keessatti qaban ibsuu fi raawwiiwwan achi keessa jiran agaarsiisuu,
- ✓ Walitti dhufeenyaa fi garaagarummaa Coqorsaa fi Saardoo ibsu,
- ✓ Kabajaa fi safuu Oromoon Walisoo Liiban Coqorsaa fi Saardoodhaa qabu addeessuudha.

### 1.5. BARBAACHISUMMAA QORANNICHAA

Qorannoon kun dhimmoota armaa gadiif barbaachisaa ta'uutu amanama:

Qorataan Afoola Oromoos ta'e qorataan biraa tokko yommuu qorannoo geggeessu barbaachisummaa qorannoo inni qoratu ifaatti kaayyoo isaa irratti hudaa'uun adda baasee kaa'uu qaba.Haalumaa armaan olitti ibsameen qorannoon kun faayidaalee armaan gadii qaba jedhamee yaadama.

a) Qorattoota qorannoo kanaan walfakkaatu geggeessaniif bu'ura buusuun akka madda ragaa lammaffaatti tajaajiluu danda'a.

b) Bifa barreeffamaatiin qoratamee yoo ta'e namni hundi hubannoo walfakkataa waan hin qabneef gadi fageenyaan dubbisuun waa'ee mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo kanaa haalaan hubachuu danda'a.

C) Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo akka duudhaa hawaasa tokkooti qoratameedhaloota dhufuufakka dabru gochuu keessatti qooda qabaata

D) Hawaasni aadaasaa akka kunuunfatuufi tursiifatu hubannoo kennuu danda'a.

### 1.6. DAANGAA QORANNICHAA

Qorannoon kun kan adeemsifamu Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kiba Lixaa Aanaa Walisoo keessattii dha.Sababiin qorannoon kun aanicha qofa irratti xiyyeeffateefis hawaasa oromoo hunda irra deemuun qorannicha gaggeessuuf yeroo fi humni waan daangessaniif, hin danda'amu.Mata dureen qorannichaa Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo Oromoo Walisoo

Liiban irratti xiyyeeffata.Sababni isaas mallattummaan Coqorsaa fi Saardoo kun gad-fageenyaan waan hin qoratamneef. Bu’uuruma kanaan,mata-dureen kun akka qoratamuuf filatame.

## 1.7. HANQINA QORANNICHAA

Yeroo qorannoon tokko gaggeeffamu hanqinaalee adda addaatu mudachuu danda’a.Haaluma kanaan, qorataa qorannoo kana gaggeesses yeroo inni qorannoo kana adeemsisaa turetti hanqinooleen tokko tokko isa mudataniiru.Hanqinooleen kunniinis maal akka ta’aniifi malli qoratichi rakkoollee mudatan keessa darbuuf mala fayyadame fi rakkinichi maal akka ta’e kanaa gaditti dhiyaataniiru.

Kitaabilee wabii akka garaatti argachuu dhabuun rakkoo isa cimaa ture.Bakka qorataan jiraatuufi qorannaa itti gaggeessaa ture yuunvarsiitiin tokko jiraatullee,kitaabileen mata duree qorannichaa wajjin deeman yuunvarsiiticha keessa hinjiran.Ta’us qoratichi rakkoo kana furuuftooftaaleen inni itti fayyadame nijiru.Kitaabilee kana argachuuf bakka intarneetiin jiru deemuun intarneetii irraa buufachuun itti fayyadamuu yaaleera.

Odeeffannoo ykn ragaa sassaabuuf yeroo ragaa kennitoota bira deemu namoota tokko tokko argachuun yeroon dhibu nijira ture.Yeroo isaan argamuu danda’anitti nuffii malee itti deddeebi’ee ragaa irraa fudhachuun rakkinicha keessa lufuu danda’eera.Rakkoon inni biraa hanqina maallaqaati.Qorannoo gaggeessuuf meeshaaleen barreessaa heddutu barbaachisa. Kanneenis kan akka waraqaa, qalama fi kkf isaan adda dureedha.Kanaafis falli qorataan fudhate mallaqaa qorannoodhaaf kenname qusachuun meeshaalee kanneenfi kanneen biroos bitatee guuttachuun rakkinicha keessaa ba’uu yaaleera.

## 1.8.MALLEEN QORANNICHAA

### 1.8.1. SAXAXA QORANNICHAA

Qorannoon kun qorannoo aadaa hawaasaa waliin walqabatee waan gaggeeffameef qorataan mala qorannoo akkamtaatti gargaarameera.Sababni mallii akkamtaa filatameefis mata dureen qorannoodhaaf filatame ragaalee kallattii adda addaattiin funaannamee bu’aa qorannoon argame hunda xiinxaluun garee gareen qoqqoodee jechaan waan ibseef, mala akkamtaa ta'ee ibsa kennuurratti kan hundaa'edha.

### 1.8.2. MADDA RAGAA QORANNICHAA

Maddi ragaa qorataan kun itti gargaarame madda ragaa tokkooffaati.Maddii ragaa tokkoffaa qorannoo kana keessatti qoratichi itti fayyadame namoota waa'ee mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo irratti muuxannoofi beekumsa aadaa qaban ulagaa godhachuun manguddootaafi dubartoota Aanaa Walisoo keessaa eenyu fa'a akka ta'aani adda baafachuun.

### 1.8.3. MALA IDDATTOO

Qorataan tokko qorannoo adeemsisee ragaalee fudhatama qabuu fi qabatamaa ta'e argachuuf qooda fudhattoota (hirmaattota) madda beekumsa aadaa ta'aan of eeggannoon filachuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan, malli iddattoon qorannichaa ittiin filatame iddattoo darbaa dabarsaadha.Malli kun Mala iddattoo darbaa dabarsaa adeemsa namni ragaa kenne tokko namoota biroo dhimma sana beekaan eeruuti.Barbaachisummaa iddattoo darbaa dabarsaa namoota qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu kennan iyyaafachuun, itti guuta ragaa argameetif namichi kenne sun kan biraas akka eeru taasisuudha.Darbaa dabarsaa kan jedhameefis ragaa dabalataaf deebistoota kanneen biroo eeruun waan gaggeeffamuufi.Malli kun irra caalaa kan filatameef mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo gadii fageenyaan ofii waan hin beekneef namoota beekaniifi ragaa bal'aa kennuu danda'an kan argatu mala kanaan waan ta'eef filate.Gama birattiin immoo namoota aanaa kana keessa jiran hundarraa ragaa funaanuufi qaaccessuun waan ulfaatuuf namoota mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo irratti beekumsa qaban manguddoota kudhan afuriifi dubartoota jaha waligalatti namoota  digdama (20) ulagaa beekumsa aadaa isaanii bu'uureeffachuun filachuudhaan fudhatee qorannoo irratti gaggeesse.Tokko tokkoon namoota kanaas bira ga'uun ragaa kan irraa funaanname mala darbaa dabarsaatiin.Adeemsa kana keessatti jalqaba nama mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo beeku bira deemame.Sana booda nama mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo karaa qajeelchu eeruun darbaa dabarsaan qorannoo kanaaf akka ragaa argatu taasifame.Kunis,argannoowwan qorannichaa amansiisaa akka ta'uuf gummacha guddaa taasiseera.Haalummaa kanaan namoota iddattoof filatamaan kana immoon bakka isaaniif mijaatuu filachuu fi yeroo isaan filataani bu'uura godhachuun fedhii isaanittiin mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo bal'inaan beeku jedhaman iyyafatamaan  bira dhaqamee ragaan  irraa funaanamee argame walbira qabuun xiinxalame.

### 1.8.4. MALLEEN RAGAALEEN ITTIIN FUNAANNAMAN

Qorataan qorannoo akkamtaatti fayyadamus haala adda addaatiin waan ilaaluuf malleen ragaaleen ittiin funaannaman muraasatti dhimma baheera.Waan kana ta'eef qoratichi malleen funaanasa ragaalee armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun ragaa qorannichaaf barbaachisu walitti qabuun danda'ameera.Malleen funaansa ragaalee keessatti tajaajilan keessaa daawwannaa,gaaffii afanii,marii garee xiyyeeffatee fayyadamuun danda'ameera.Sababiin isaas qorannichi duudhaa hawaasaa irratti waan xiyyeeffatuuf,kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi waraabbii fayyadammuun ragaa sassabeera.Ragaaleen haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef gaaffii afaanii dhiheessuun ragaa funaanuun waan danda'amuufi.Marii garee xiyyeeffatee kan barbaachiseef immoo hubannoo qaban wal-yaadachiisuun ragaa qabatamaafi gahaa akka kennanniifi.

#### 1.8.4.1. DAAWWANNAA

Daawwannaan qorataan ykn ragaa funaanaan ija isaatiin argee tooftaa ragaa funaannateedha. Mala qorannoo kana keessaatti qorataan malloonii itti dhimma bahee jalqaba yoomeessa bu'uura godhatanii jiloota gaggeeffame muraasa keessaatti argamuun waltajjii daawwateera.Yommeessa jiloota gaggeefamu keessatti yemmuu mala kanattifayyadamuu manguddooni Coqorsa qabachuun Aanaa Walisoo Magaalaa Diilalaatii sirna gumaa muruu fi seera tumuu,Aanaa Walisoo ganda Koonnoo Lafee Arbatii raawwii sirna gumaa keessaa harkaa dhiqannaa, ijaarsa manaa haala aadaatiin aanaa Walisoo ganda adaamii Gootuuti abbaa gadaa Tasfaayee Tujjoo biratti Coqorsaan raawwatamaanii fi Irreecha arfaasaa Coqorsa qabatanii Tulluu Ayeetuuti gaggeeffamees hordofee daawwachuun akkaataa isaan itti raawwatanii fi waan isaan yeroo sana jedhan,jiloota kana keessatti eenyu akka qooda fudhatuufi mallattummaa Coqorsijiloota kanneen keessatti qabu hordofee hubachuun ragaalee argateera.Dabalataanis,sirna cidhaa durbee Tashaalee Mulugeeta fi Dargaggoo Sintayahu Saardoo harkatti qabachuun adeemsisaanfi raawwiiwwan achi keessatti raawwatamankeessatti mallattummaan Saardoo maali akka ta'ee beekuun ragaalee qindeefateera.

Malleen qorannoo kanas:qorataan akkaataan itti dhimma itti bahee wantoota daawwatamaanu dursa addaa baafachuun,waan daawwatamee galmeeffachuu,yaadannoottii

qabachuu,footoofiViidiyoo kaameeraatiin fayyadamuun,namoota ragaan irraa funaannamu bira turuun wanta isaan hojjetan hordofuun ragaa sassabateera.Dabalatanis,qoratichi osoo beekumsa ofqabu achi keessatti hin calaqqisisiin hawaasa bakka qorannoon gaggeeffamu sana keessa seenee kaayyoo bakka sanatti argameef qaama achi jiruuf ibsuun dhoksaa tokko malee ifaatii qorateera.Waan daawwatame,waan isaan raawwataan fi jedhaan sana osoo itti hin dabaliinni fi irraa hin hir'isiinni qorannoo isaa keessatti addeesseera.Kun immoon gaaffiilee ijoo fi kaayyoolee qorannoo kana keessatti ibsamaan deebisuu keessatti qooda guddaa qabachuu isaa ifaatii mul'iseera.kana malees ragaalee gaaffii afaaniittiin bira gahuu hin dandeenye argachuuf qoraticha gargareera.Gama birattiin yeroo qorannoon kun gaggeeffamu keessatti jiloota hanga barbaadamu argachuu dhabuun haa jiraatu malee, jiloota yeroo qorannoon kun gaggeeffamu keessaatti Coqorsaa fi Saardoo qabachuun raawwataamaniifi armaan dura ibsaman hordofuun fi daawwachuun ragaan sassabameera.Qorannoo qoratichi gaggeesse keessatti qoratichi seenee akka hin daawwanee dhorkamee kan ture yoo ta'ees rakkoo muddateef jaarsoolii waliinni furmaata arifaachisa kennuunmallattummaa Coqorsaafi Saardoonjiloota keessatti qaban qindeeffachuun danda'ameera.Ragaa haala kanaan funaanname argame gadi fageenyaan xiinxalee ibsuun waan duraan hin beekamnes ifa baasee namatti mul'isuuf,qoratichis malleen funaansaa ragaalee adda addaa jiran keessaa mala daawwannaa akka mala tokkootti fayyadamuun qorannoo kanagaggeesseera.



*Suura 1:Yeroo Gumaa muraanii qarshii kanfalchiisaan qorataan kaafame*

### 1.8.4.2. GAAFFII AFAANII

Qorataan gaaffi afaanii ragaa kennitoota filatamaniif dhiyeessuun ragaa fi odeeffannoo funaane.Qorataan kun sababni mala kana filateef qorataa,ragaa fi odeeffannoo kennaan fuulaan fuulleetti waan wal arguu danda'aniifi.Haaluma kanaan malleen askeessatti faayadamee, qorataan naannoo qorannoo gaggeessuuf filatee deemuun namoota naannoo gandoota filatamanii sana jiran jechuun ganda Lemmaan Ayeetuu, ganda Adaamii Gootuu fi Ganda Dirree Dullattitii gaggeeffamerraa manguddootaa fi dubartoota aadaa fi duudhaa hawaasaa beekan akka eeraniif gaafachuudhaan odeeffannoo fudhateen manaa manatti deemuun namoota sanaan walitti dhufe.Sana booda ragaa kennitoota beekumsa duudhaa hawaasaa dhimma mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo beekanii ibsu danda'aan namoota digdama filate.Namoota filatamaani digdamani kun sadarkaa hawaasa keessatti isaan qaban ilaalchisee tokko abbaa gadaa,afur warra guulaa,sagal jaarsa biyyaa,waliigalati jaarsoolii kudha afuriifi dubartoota aadaa beekan jaha filate.

Sanaan booda gaaffilee qorannootiif deebii naaf argu jedhee dursee yaade waraqaa irratti qopheeffate ture.Itti aansuunis,qoratichi gaaffileen qophaa'an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii keessaa deebi'ee mirkaneeffateera.Haala kanann gaaffiilee barbaadaman erga mirkanneeffateen booda deebii kennaa waliin dhunfaa dhunfaan bakka fi yeroo duraan dursee fedhii isanittiin walii beellamanitti argamuudhaan walfuuldura taa'anii sirnaan qorataan gaaffiilee nama gaafatamaa tokkoof dhiyaachuuf filataman tarreessun tartiibaan kaa'uun afaaniin gaafateera.Deebii kennaanis immoon deebii isaa itti kennee jira.Qorataanis deebii gaafatamaan kennamanii fi yaadota ka'aan daddafee barreeffamaan, qabateera.Kanaaf,qoratichi waayita gaaffii afaanii adeemsisu fuula gaafatamaa fi akkaataa sochii gaafatamichaa kallattiidhaan arguu danda'utti taa'uun gaafate.Sanaan boodas akkumma gaaffiin afaanii raawwatameen battaluma waraqaa yaadannoo isaarratti sirreessee galagalfachuun yaadannoo isaa karaa guutuu ta'een qabate.Dabalataanis,qorataan yaada ragaa kennitooni kennan irratti hundaa'ee gaaffilee biraa kaasee gaafatee yaada dabalataa argatee ragaa bal'aa funaannateera.Haala kanaan gaafffileen gaaftamaan hanga,ragaa kennitoota irraa beekumsa gaha dhimma mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo irratti argamuuti kan itti fufuu ture.Waan kana ta'eef,qorataan kaayyoo gaaffii afaanii ragaa kennaaf erga ibsee booda meeshaa kanatti fayyadamuun ragaa barbaadu argateera.

### 1.8.4.3. MARII GAREE XIYYEEFFATEE

Marii garee xiyyeeffatee gochuun dhimma mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo irratti ragaa funaanuuf gargaraameera.Malleen mata duree kana jalaatii fayyadames, yaada ijoo dubbii irratti mari'atamu qopheeffachuu,dhimmoota irratti mari'achuuf qophaa'an fi kaayyoo isa tokko tokkoon kaasuudhaan mari'attootaaf ibsuu,ragaaalee fi odeeffannoo mariirraa argaman barreeffachuu,mariicha gaaffiilee salphaan jalqabu ture.Akka qorataa tokkooti yaada marii keessatti kaa'uuf gatii kennanii caqasu, yaadannoo qabachuudhaan dubbaticha dhaggeeffataa akka jiru akeekkoo kennu,waayita adeemsa marii garee keessaatti namoonii murasni qofti waltajicha akka hin too'anne fi warra kaan carra akka hin dhowanne to'achuun fi mari'achiisuun ragaa barbaadame sana akka kennan godheera.Kun immoon gaaffii afaanii dhiyyeessuu keessatti yaada qorataan irraatti hin qufneef ragaa fi odeeffannoo dabalataa isa barbaachisuuf ragaa gahaa qoratichi akka argatuuf gargare.Akkasumas,waltajjii marii manguddootafi dubartoota mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo beekan iyyaafachuun walitti qabuun garee sadiitti qooduun kan qopheessuun ragaa argateera.Manguddoota garee sadiitti qoodamanii gaaffilee afaanii qophaanii fi haala waltajjiin sun eeyyamuun gaaffilee biroo itti dabalee dhiyeessuun gaaffilee dhiyaatan bu'uura godhachuun akka mari'atan taasiseera.

Haaluma kanaan iddattoonni qorannoo kanaa,Baay'inaaan Aanaan Walisoo gandoota baadiyyaa soddomii jaha fi gandoota magaalaa lama keessaa jaarsoota fi dubartoota gandoota sadi keessaa ganda lama tokkoon tokkoo isaaniirraa namoota torba torba walitti namoota kudha afur filachuun,ganda biroo tokko irraammoo namoota garaagaraa jaha warreen aadaa beekan iyaaffachuun walumatti namoota digdama filachuun marii garee irratti xiyyeeffate godheera.Namoota digdama jiraan kanas garee saditti qooduun akka ragaa fi odeeffannoo funaannachuuf tolutti ittiin gargaarameera. Sababni gandooleen kun sadaan filatamaniif baasii fi yeroo salphisuu,kaayyoo qorannichaa galmaan ga'achuuf murteessaa ta'uusaa waan hubateefi.Bakki mariis Aradaa ragaa kennitoon filatamaan fedhii isanittiin murteeffatan ta'e ganda Lemmaan Ayeetuu,ganda Adaamii Gootuu fi Ganda Dirree Dullattitii gaggeeffamera.

Haaluma kanaan, ragaa argame qulqulleeffachuuf yaanii isaan mariidhaan irratti waliif galan yaadannoo qabatamuun xiinxalamee ragaa irraa argame waliin walbira qabuun ittiin mirkaneeffatameera.

## 1.9. MALA XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE

Ragaaleen funaanaamanii dhufaan xiinxaluuf dhiyaachuu isaanitiin dura seeraan gurmaa'uu fi qindaa'uu isaani qoratichi qulqulleefateera.Kana jechuunis:Kan daawwannaan funaanamee iddoo tokkotti,gaaffii afaanittiin kan funaanamee iddoo tokkotti fi marii garee irratti xiyyeeffateen kan funaanaman iddoo kan biroo tokkotti, jechuun garee gareedhaan qoodamu isaanii jechuudha.

Ragaaleen walitti qabamanis mala akkamtaa (qualitative) fayyadamun xiinxalamanirruu. Ragaaleen qorannoo kanaaf funaannamanis mala qoqqooddittiin xiinxalamanirruu.Fknf; ragaalee gaaffii afaaniinittiin funaanaman xiiinxalu kan jedhu yoo fudhaane ragaa/deebii gaaffii afanittiin funaanaman tokko tokkoof koodii/footuu/ kennuun,deebiiwwan namoota tokko tokkoo koodii isaanii jalatti galmeessuun,wanta deebii-kennitootni ibsan koodii isaa jalatti barreessanii kaa'uu.Ragaaleen gaaffii afaanii, marii gareerraati xiiyyeeffatee fi daawwannaatiin funaanamanu kunneen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti guuramanii ibsamanirruu.Ibsi itti kennamus haaluma namoonni ragaa kennaniin sababa isaanii waliin taa'e.

## 1.10. NAAMUMSA QORRANNICHAA

Qorannoo mata duree armaan olii gaggeessuuf naamusni akka qorata tokkotti qorataan dhimmaitti bahe aadaa fi safuu hawaasa naannoo sana jiru kabajuu,iccittii eeguu,fedhii hirmattootaa eeguu dha.Kana jechuun fakkeenyaaf yeroon qorannoo koo gaggeessuu suuraa akkaan fudhadhuuf fedhii kan hin qabanee bakka qorannoo kanati turanirruu.Kanaaf akkaataa fedhii isanittiin deemuun suura dhisuun sagalee isaanii qofa waraabuun qoratameera.Bakka qorannoon gaggeeffamu fedhii isanittiin filachuu, hawaasa bakka qorannoon gaggeeffamu jiru walinni haariiroo gaarii uummuun qoratame.Haaluma kanaan qoratichi iddoo namni irratti argamuu fi argamuu hin qabne adda baasee beekuun ragaa-kennitoota waliin waliigaluun qorannoosa milkeessuuf qorataan Ogummaa fi beekumsaan of egannoon socho'eera.

## 1.11. QINDEEFFAMA QORANNICHAA

Hojiileen qorannoo kanaa kutaalee adda addaa jalatti haala galma gahiinsa kaayyichaaf ta'uun duraa duuba isaanii eeganii dhiyaataniiru.Kutaa tokkoffaan seenduubee,haala waliigala naannoo qorannichaa,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo qorannichaa,barbaachisummaa qorannichaa,daangaa qorannichaa fi rakkoo qorannichaa of jalatti hammate.Kutaa lammaffaan immoo sakatta'insa barruu,kutaa sadaffaan mala qorannoo of jalatti kan qabate yoo ta'u, kutaa afraffaan ragaalee qorannoo irraa argamani hiikuufi xiinxaluu of jalatti hammate.Kutaa shanaffaan guduunfaa, argannoo fi yaboo (yaada furmaataa) yoo ta'u,dhuma irrattis kitaabilee wabiitu dhiyaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU

## 2 SAKATTA’IINSA BARRUULEE FI YAAD- HIDDAMAA

Mata duree kanaa keessatti barruulee qorannoo koof gargaaraan kallattiin wantii qoratamee waan hin jireef karaa al- kallattiitiin,walfakkeenya qaban fi qorannoo isa haaraa kana gabbisuu fi kallattii qabsiisuuf gargaraan jedhaman sakatta’amanirruu.

## 2.1 SAKATA’IINSA BARRUULEE

### 2.1.1 UUMAMAA MAGARIISA FI COQORSAA

Workineh (2001:44) “Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development.” jedhu yoon sakatta’u barruun kun boqonnaalee garaagaraa kudha tokko kan qabu ta’ee mata duree qorannoo amma qorataan qoratu wajjin boqonnaan sadii qofti walfakkeenya qaba.Walfakkeenya kanaas,akkas jechuun ibsa.“ naannoon magariisummaa hawaasa Oromootiif fayyidaa guddaa qaba.Mallattummaan guddina biqiltoota fi waan hundaaf gaariidha.Biqiltooniif beeyladoon naannoo magariisummaatti hirkataan jiratu.Naannoon magariisummaa lubbuudha jedhamee amanama.Oromoon waan gogaa fi dhagaa irraa hin ta’uu.Coqorsaa ciree dhagaan akka jiidhuuf irraa ka’uun taa’a.Muktii magariisnii fi Coqorsii kallatti garagarattiin mallattummaa adda addaa qabu.Coqorsii amantaa aadaa Oromoo keessatti baay’ee jaalatamaa fi kabajamaadha.”jedha.Waraabii armaan olii keessattii yaada qorataan qorannoo gaggeessee keessatti muktii fi Coqorsii mallattummaa adda addaa qabachuu isaa ibsuun qorannoo qorataan amma qoratu wajjin walii fakkeessaa.Haata’u malee amantaa aadaa Oromoon alatii eessatti,maaliin?duudhaalee hawaasa kam kam keessatti mallattummaa akka qaban hin ibsine.Gamaa birattiin kitaabni kun naannoo Ambootii Ilaalchaa Oromoon aadaadhaan naannoo isaatiif qabu bu’uura godhatee qoratamuun,naannoon qorannoo fi dhimmoon duudhaa hawaasa xuxxuqamuun akka ciminaatti ilaalama.

Haa ta’u malee qorataan armaan dura qorannoon qoratee,qabiyyeewwan kitaabicha keessa jiraan irraa boqonnaa lama fi sadiin alaa boqonnaawwan hafaan hundii dhimmoota bosona,bishaan fi eegumsaa naannoo walinni walqabatee miidhaa bosona dhabun dhufu danda’uu fi fayyidaa biqiltoota naannoo irratti waan xiyyeefateef qorannoon dhimma mata duree qorataan amma qorachuuf filateef karaa alkallattiin ragaalee irraa funaannachuuf haa gargaruu malee qoratamee hanqinna qorannoo qaba jechuuf hin dandeessisuu.Kanaafuu,qorannoon qorataan amma qoratee

karaa guutuu ta'een dhimma mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban duudhaalee hawaasaa kam kam keessaa fi eessa eessatti akka raawwatamuu,mallattummaa fi faayidaan achi keessatti inni qabu ifa bahee akka mul'atu taasiseera.

### 2.1.2. DUUDHAALEE/BARSIIFATA HAWAASAA FI SAARDOO

Asmarom (1973) "sirna fuudhaafi heerummaa Oromoo Booranaa." jedhu keessaatti qorataan gosoota fuudhaa fi heerummaa,fknf fuudhaafi heerummaa fedhii maatii gara lachuttiin raawwatamuu,sirna fuudhaa fi heerumaa keessaatti gosoota kenna garaagaraa,uummata Oromoo keessaatti gosoonni fuudhaa fi heerumaa fi sadarkaan raawwii isaanis bakka bakkatti garaagarummaa qabachuu isaan,Fuutii fi heerumni aadaa Oromoo keessaatti Oromoodhaaf dhaabbata tokkoo oli akka ta'ee ibsa.Waa'ee gosa Booranaa,gosoota gurguddaa saboo fi gonaa,gosoota xixxiqqaa immoon gosa,mana,balbala,warra,ibidda fi walitti dhufeenyaa achii keessaa jiru,keessaa luufinsaa jireenya sirna Gadaa keessaa jiru,Sirna hammachiisaa, maalummaa qaalluu,qaalluun beekaa fi riqicha uumaafi uumamaa ta'ee taajajila heddu akka kennu,aadaan,seenaan,safuu Oromoon qabu,darbees aadaa fi seenaa waliin walqabatee falaasama saba Oromoo haala calaqqisiisu danda'uun ragaadhaan deeggaramee qoratameera.Dabalataanis,kallatti fuudhaafi heerummaa fi duudhaalee hawaasatiin hayyoon baay'een yaadoota adda addaa ibsanirru.Dorson (1972:3) akka jedhutti duudhaan hawaasaa meeshaalee aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata.Kana malees,duudhaan waan hawaasni tokko barsiifataan qabu,yaadaan waliif qooduufi dabarsudha.Gosootni duudhaa hawaasaa kanneen akka kabaja ayyaanotaa,sirna gadaa,haala amantaa,haala uffannaa,haala Waaqeffannaa,haala fuudhaafi heerumaafi kanaafi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti hammata.Akka Faqaadee (1991:13)tti Barsiifanni hawaasummaa walitti dhufeenya garee hawaasa tokkoo,hirmaattota sirna da'umsaa,cidhaa,awwaalchaa,jiloota amantaafi alamantaa kan hammatuudha.Barsiifata hawaasummaafi qabiyyeewwan achi jalatti ilaalamuu danda'an damee afuriin qoqqoode.Isaanis, kabaja ayyanaa (jila),taphoota dirree bashannaana,qoricha aadaafi amantii duudhaa jechuun kanneen namoonni gareen hirmaatani kaa'a.

Dabalatanis,yaaduma kana kan cimsu,akka Maya Pines (1982:101 ) ibseeti,"Uummata tokko haala qabatamaa aadaa isaa ittiin raawwatu keessatti yeroo agaruu,xiyyeeffannoo guddaa kan nutti itti kenninee ilaaluu,haala aadaa,duudhaafieenyummaa isaanii beeksiffachuuf gochoota

garaagaraa raawwatanudha.Gochoota kana hunda kan ilaalu jilaalee garaagaraa hawaasichi gaggeeffatu keessatti.Kunis,haala dabbaasan mataa isaanii itti qabamee,uffata isaan uffaatan, kophee isaan godhaataniifi faaya miidhaginaa isaan qaama isaani irraa qabaniifi kanneen kana fakkaatan ta'uu ibsa.Meeshaaleen kunniin hundu mallattoolee waa'eeuummatichaa ilaalchisee hiika adda addaa waan qabaniif eenyummaa uummata san ibsuufi himuu danda'u."Jechuun ibseera.

Akka yaada armaan dura ibsame irraa hubachuun akka danda'ameet,duudhaaleen hawaasaa barsiifata hawaasaa keessaa tokko yoo ta'u, jireenya hawaasummaa keessatti duudhaaleen iddoon guddaa kan kennamuufi ta'ee haaloota aadaa,duudhaan, amantaan irra deddeebbiin itti gaggeeffamu yaadachuuf jecha wanta raawwatamudha.Karaan ittiin waaqaa kadhataniifi badii yookiin cubbuu hojjetame tokkoof karaan araarri Waaqayyoo ittiin bu'u,karaan gumaan sagadamuufi araarri bu'u,karaan hawaasni tokko sirna fuudhaa fi heerumaa ittiin gaggeeffatu,karaa rakkoo walitti bu'iinsa furuu,karaa walitti dhufe hojii walgargaru fi kkf kan keessatti kan ilaalamudha.Akka Salamoon (2007:158) ibseeti, jireenya hawaasummaa keessatti, duudhaaleen hawaasaa kunneen aadaa fi amantaa hawaasaa,eenyummaa hawaasaafi kan kana fakkaatuuf bu'uura yoo ta'u, hawaasnis akeeka yookiin galma guddaa barbaade tokko bira ga'uuf irra deddeebi'ee kan raawwatamudha.Hawaasichi maaliif akka jilatu kaayyoo mataasaa qaba.Kunis,jireenyi biyya lafaa akka mijatuuf,bal'aawwan uumamaafi namtolchee jalaa baraaramuufii jireenya du'aan booddees ekeraan isaa akka boqonnaa argatuuf jecha kan gaggeeffamudha.

Qoratoon armaan olii qorataan mataa duree amma qorachuuf filatee walinni walitti dhufeenyi isaan qabaan duuhaalee hawaasa keessaa fuudhaa fi heerummaa ibsu,duudhaaleen galmaa fi kaayyoo itti raawwatamaaniif qabaachuu fi duudhaalee kanneen keessaa immoon fuudhaa fi heerummaa kan raawwataan Saardoo qabachuun akka ta'e addeessa.Kanaafuu,qorannoon kun qorannoo armaan olii irraa garaagarummaan qabu duudhaalee/ barsiifanni hawaasaa Oromoo cee'umsa sadarkaa sirna gadaa,guddiffachaa,fuudhaa fi heeruma,jilaa fi kabaja ayyaanaa, bashannana fi taphoota,barsiifataa,fi amantii ofkeessaa haa qabatu,malee dhimma mallattummaa Saardoo ofkeessaa hin qabu.Raawwiiwwan duudhaalee hawaasaa kana keessaattis mallatummaan Coqorsii fi Saardoon qabu hin qoratamne waan ta'eef qoratamu qaba.

### 2.1.3. SIRNA GUMAA BAASUU FI COQORSA

Dejene(2002) "Some Aspect of conflict and Conflict Resolution Among Waliso Oromo of Eastern Macha,with particular Emphasis on the Guma,,2002." mata duree jedhuunYuunvarsiitii Finfinneetii barnoota MA guutachuuf barruu qorannoo gaggeesse dhiyeesseera.

Akkaqorataan armaan olii duudhaalee hawaasa keessaa qorannoo gumaa irrattii taasiseeen maalummaa gumaa fi hiika isaa, karaa aadaatiin waldhaabdee furuun fayyidaa duudhaalee hawaas-dinagdee fi siyaasaan qabu irratti xiyyeeffachuun ibsa bal’aa kenneeran.Akkasumas, seenaa Oromoo Walisoo,waldhabdee furuu keessaatti qooda inni qabu qorataan ibseera.Akkataa ibsa qorataa armaan dura ibsetti,hawaasa Oromoo Walisoo birattii waldhabdeen irraa deddeebbi’ee ka’u jira.fknf,ajjeechaa namaa (Gumaan) waldhabdee ka’uu fi akkaataa waldaabdeen kun itti furamuu,gumaan ittii kanfalamuu,erga gumaan kanfalameen booda araaraa haala itti raawwataan,eebbaa fi abaarsa achii keessaa jiru ibsuun qorateera. Gama biraatiin yaaduma kana kan deegaru,hiika gumaa ilaalchisee qorataan Dastaa (2015: 56) Xilaahun (1989:278) wabeeffachuun,“ Gumaa also refers to blood price or compensation thatfollows homicide or serious bodily injuries” jechuun ibsa.Kana jechuunis,gumaan gatii dhiigaa yookiin bakka bu’aa nama du’ee yookkiin qaamaa garmale midhameeti. Hiikni kun akka agarsiisutti hawaasa biratti gatii namni nama miidheef kennamu gumaa akka jedhamudha.Yaada kana kan tumsu Teresa(2016) Dibaba (2012:1) wabeeffachuun akka ibsutti,gumaan dhaabbata gatii miidhaa dhiigaatiif nama dhuunfaa irraa hanga hawaasa biyyaatti kennamu akka ta’edha.

Dhaabbata yemmuu jedhamus namoonni sirna gumaa raawwachiisan akka duudhaafi aadaa hawaasa Oromootti qindaa’anii jiraachuu agarsiisa.Teresa(2016:28)Dibaba (2012) wabeeffachuun “The term gumaa is most often used to refer to compensation and rituals for purification after homicide.” jechuun ibseera. Ibsa kanarraas wanti hubatamu gumaan beenyaa nama lubbuun darbeef kennamuufi nama ajjeecha raawwate qulqulleessuuf sirna raawwatamu ta’uun nihubatama.Jechi gumaa jedhu jechoota biroo wliin yoo argamus hiika garaagaraa qaba. Kanas Teresa (2016:28) Dejene (2007)wabeeffachuun “The word guma,alone and in connection with other words also carries different meanings in different parts of Oromia. For example, warragumaa means parties at blood feud; gumaa-baasuu means killing for revenge, and gumaa nyaachuu means receiving blood price.”jechuun ibseera.Kanaafuu warra gumaa jechuun garee

yookiin maatii yookiin firoottan namni jalaa du’eefi garee yookiin nama nama ajjeesee ta’a.Gumaa baasuun immoo nama nama ajjeese eeggatanii yookiin barbaadanii ajjeesuu jechuudha.Karaa biraatiin gumaa baasuun gatii lubbuu yookiin beenyaa lubbuu bahee kennuudhaanis bakka bu’uu danda’a.Akkasuma gumaa nyaachuu jechuun gatii lubbuu yookiin beenyaa lubbuu bahee fudhachuu jechuudha.Walumaagalatti gumaan adeemsaafi jaarmiyaa uummanni Oromoo nama lubbuu namaa baseefi warra namni jalaa ajjeefame walitti fiduun nageenya itti buusan akka ta’e ibsaniirruu.Qorannoowwan kun qorannoo amma qorataan mata duree qoraachuuf filatee walinni karaa alkallattiin walfakkeenyaa qabu.Kunis,sirnii Gumaa duudhaalee Oromoon Walisoo Liiban qabu keessaa isa tokko ta’uudhaan.Sirna raawwii gumaa kana keessaatti Coqorsaa akkamitti akka ittiin dhimma bahaanfi mallattummaa inni qabu hin qoratamne.Dabalataanis,qorannoo amma qoratamuu walinni garaagarummaan inni qabu duudhaalee hawaasaa Coqorsaa qabataanii jilootaa raawwataan keessaa tokko qofa ta’uu fi mallattummaan Coqorsaa as keessaatti ibsamuu dhisuu isatti.

Amanuu(2016:26) Barruu Qorannoo “The Process Of Gumaa Ritual For Domestic Animals Among Horro Oromo” Jedhu yoon sakatta’u barruun kun sirna duudhaalee hawaasaa keessaa raawwii gumaa Oromoo Horroo irrattii hojjetame.Qorannoo raawwii gummaa kana keessaatti qabiyyeen qorannoo kana boqonnaa garaagaraa shanitti qoqqoodaameera.Boqonnaawwan qoqqoodaaman kana keessaatti akka cimmiinaatii kanaan ilaalee duudhaalee hawaasaa gumaa walinni walqabsisee Orommoo Horroo biratti beeyladoota manaa namni ajeessee tokko beenyaa akka kanfalu ibseera.Dabalatanis,dhimma qorannoo amma qoratamuu walinni walfakkeenyii qabu jilaa fi mallatummaa ibsa.Kunis,amaanuun Gammaachuu (1993:137) wabbeeffachuun “mallattummaan sirna aadaa sabni kamu raawwatuu keessaatti kan argamuu fi mallattummaan amantaa keessatti mul’atu illeen uummamaa irraa dhufuu ibsa.Haalummaa kanaan lakoofsi shan(5) akka duudhaa oromootii mallattummaa baa’yee qaba jedha.Odaa shanan,gaayoo shanan,gaayoo Booranaa,gaayoo Maccaafi Tuulamaa,gaayoo Raayyaa,gaayoo Ittuu humbannaa fi gaayoo Sikko Mandoo,qaama miiraa shan,miseensoota gadaa shan, Biifollee,Birmajjii,Melbaa,Michillee fi Rooballee Alemayehu (2009:126).

Dubartoonnis yeroo shanan deessuu Coqorsa qabachuu isaanii ibsa.Haa ta’uu malee garaagarummaa qorannoo amma adeemsifamuu wajjin qorannoon kun qabu boqonnaa afur

xiinxala daataa irraan kan hafee mata duree qorannoo irraa jalqabee kutaan jiran hundi kan xiyyeeffatu gumaa beeyladootaa irratti.Mallattummaa lakkoofsa shan itti dhimma bahuu fi Coqorsa duudhaa hawaasaa keessaa shanan deessuu qofa akka fakkeeenyatti fudhachuun ni mul'ata.Gama birattiinis qorannoon kun qorannoo oromoo Horrootti.Haala kanaan qorannoon kun,hanqinna qorannoo qaba qofa osoo hin taane hin qoratamnee jechuu na dandeessisa. Kanaafuu,qorannoo amma qoratame keessaatti karaa guutuu ta'een qabiyyeewwan hundi mata – dureeirraa jalqabee mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo keessatti xiyyeeffachuun qoratame.

### 2.1.4. JAARSUMMAA FI SAARDOO

Megersa Regassa and Dejene Gemechu (2015).“Jigaa Institution: The Surviving Gada Court among the Jimma Oromo,Ethiopia 1 Megersa Regassa 2 and Dejene Gemechu 3.” jedhu Jaarmiyaan hawaasummaa Jigaa gaaddisa sirna gadaa jaalatti madda bu'aa hawaasaa qofa osoo hin taanee madda bu'aa dinagdee,walta'iinsaa fi tasgabii hawaasa addaa addummaa aadaa (diversity) keessatti aadaa walii baruun,walkabajuun,kabaja sirnoota aadaa waliin gaggeesuu, rakkoo garaagarummaa isaani gidduutti uumame ittiin furuun madda nageenya fi tasgabbii ittiin mirkaneessuuf kan oolu dha.Odaan Hullee eenyummaan hawaasa godina Jimmaa ibsu qofa osoo hin taanee akka manneen murtii sadarkaa jalqabaa,mana murtii olaanaa fi mana murtii waliigalaa kan hawaasa isaa ittin tiikfaatu qabachuun fi malootaan waldhabdee furuu yeroo ilaaluu karaalee garaagaraattin waldhabdee furuun akka daanda'amu nu hubachisa.Kanneen keessaa fakkeenyaaf Maccaa keessatti jaarmiyaalee hawaasaa Qaalluu,Oromoo Liiban Walisoo keessaatti jaarsummaasirna ilaaf-ilaamee,Oromoo Arsii keessaatti jaarmiyaa hawaasaa Siinqee waldhabdee furuuf kan tajaajilu ta'u,OromooTullama Ada'aa keessaatti beenyaa dhiigaa kanfalchisuun,Oromoo Booranaa keessaatti jaarmiyaa hawaasummaa Jireenya jedhamuu fi kan sirna gadaan gaggeeffamu ta'ee siyaasaa,dinagdeefi jireenya hawaasummaatiin walitti dhufaanii rakkoo isaanii jaarsummaan ni furu.Yaada kana kandeegaru,Asaffaa (2002) fi Lawis (1988) jaarsummaaf hiika yoo kennan, “community elders are supposed to resolve it on spot or fix adate usually weekends or holiday to mediate the disputants”,jedhu.Jaarsootni dhimma kana raawattaniin karaa jaarsa biyyaa jedhamuun ta'a.Jarsooliinni kan filatamaan yeroo baay'ee hawaasa keessatti namoota walitti araarsuu danda'an yookan namoota daandeettii dubbii beekan

jedhaman amanamaniin ta'a.Jaarsootni kunneen umuriidhaanis hangafa kan ta'aniif loogummaa kamiyyuu irraa bilisa jedhamanii hawaasa sana biratti kan beekamaniidha.

Gemmechis (2016) Jeong (2010:145) wabeeffachuun yoo ibsu,Jaarsummaan adeemsa namoota waldhaban fedhii isaaniirratti hundaa'uun dhimma waldhabbii isaanii qorachuun rakkoo furuun waliigaltee jara lamaaniin araara buusuuti jedha.Yaaduma kana deeggaruun Jemila (2014) yoo ibsitu,"Jaarsummaa is one of the mechanisms that Oromoo people used to resolve confelict uprized among people," jetii. Jarsummaan waldhabdeen ittiin furamu kunis kan hawaasaafi nama dhuunfaa ittiin furanidha.Dabalaataniis;Alemun (2016) yoo ibsu, "Jaarsummaa is a tradtional Medeation by acommunity elders, is acommon methods of confelict resolution that has been used across all Oromo clans for centuries". Jechuun ibseera.

Gammachis (2014) Asebe (2007:24) wabeeffachuun ibsutti,gadaa,qaalluufi jaarsummaan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti hariiroo gaarii akka qabaatee, jireenya gaarii waliin akka jiraatu gochuu keessatti gahee olaanaa akka qaban ibsa.*Tarruu (2015:129).*Namni jaarsummaatti filatamu tokko nama hawaasa biratti kabaja qabu, hinloogne, dhugaa dubbatu, dhugaa arguu danda'u,dhugaa yoo dabse cubbuun mana isaatti akka galtu hubatee namoota waldhaban ija tokkoon ilaaluun kan araarsu ta'uu akka qabu ibsa. Itti dabaluuniis;Namoonni waldhabanis dubbii jaarsi gidduu seenee akka ilaaluuf erga jaarsatti fidanii jaarsummicha keessatti dubbii jaarsaa hordofanii murtoo jaarsi kenneefi ulfina kennuun fudhatanii araaramuun kan jajjabeeffamu ta'a.Sababiin isaas,akkuma manni murtii kabaja guddaa qabu uummata Oromoo biratti jaarsummaa kabaja guddaa akka qabu ibsa.Dajanee (2002:46).Oromoo biratti "jaarsi abbaa hin qabu"",jedhamuun beekkama. Kana jechuun immoo jaarsi qaama kamifiyyuu looguu kan hin dandeenyefi waldhabbii qaamoota lamaanii loogii kamiyyuu irraa bilisa ta'uun kan furan ta'uu isaati.

Akka yaada hayyota armaan oliitti araarri qaamotni waldhaban lamaan kallattin walitti dhufuun waliin dubbachuun rakkoo isaan gidduu jiru akka furamuuf carraa bal'aa kan uumu ta'uu isaati. Haalummaa kanaan akka aadaa Oromooti namoota walitti bu'aan ykn gareewwan walitti bu'aan karaa aadaa uummataa Oromootiin jaarsummadhan araarsu.Kanaafuu,qorannoowwan kun qorannoo amma qorataan mata duree qorachuuf filatee walinni karaa alkallattiin walfakkeenyaa

qaba.Kunis,sirni jaarsummaa duudhaalee Oromoon Walisoo Liiban qabu keessaa isa tokko.Sirna kana keessatti akkaataa filmaataa jaarsaa,maalummaa jaarsaa,bu’aa jaarsii araaraa keessatti buusu ibsuun mallattummaa duudhaalee hawaasichi qabu keessaa tokko ta’uun isaa walfakkeessa.Garaagarummaan isaanii immoon qorannoon kun duudhaalee hawaasaa Oromoon Walisoo ittiin dhimma bahu heddu qabu keessaa dhimma jaarsummaa qofa qorachuudha.Gama birattiin qorataan kun walitti hidhiinsa fi mallattummaa wanta qorataan amma irratti qoraachuuf qabatee hin ibsu.Saardoon sirna jaarsummaa keessatti hawaasaa kana walinni walitti dhufeenyaa qaban hin addeessu.Kanaafuu, sirna raawwii jaarsummaa kana keessatti saardoo akkamitti akka ittiin dhimma bahaan,eenyuu akka qooda fudhatu,raawwi achikeessatti argamanfi mallattummaan isaa qoratamee ifoomeera.

## 2.2. HAAMMATTOO YAADIDDAMOOTA ADDA ADDAA

Qorannoo kanaaf yaadiddamoon barbaachisaan yaadiddamoota mallattummaa,faayidaa fi aadaatii.Qorannoo kana keessatti qorataan yaadiddamoota sadaan kanaan qorannoo isaa qorachuuf filateera.Sababni kun filatameefis amalii qorannoo qorataan amma qorachuuf jiru kun gocha namaa uumamaa naannoo fi faayidaa isaan qaban walinni walqabsisuun mallattummaa wantoon uumamaa kun qaban waan qoratuuf.Kanaafuu,kutaa kana keessaattii qabxiiwwan gurguddaa sirnoota aadaa Oromoo keessaattii mallattummaan walqabataan ilaalii hayyoota adda addaa bu’uura gochuun armaan gadittii  xiinxalamanirruu.

Maddi: Scupine (2012፡ 120).

### 2.2.1. YAADIDDAMOOTA MALLATUMMAA

Yaadrimeen mallattummaa qorannoo kanaaf bu’uura.Fayyidaan yaadrimee kanaa inni guddaan gochoon mallattummaa qaban, haariiroo isaan qabaniin akkamitti hojjechuu akka danda’anii fi hiika kennuun akka danda’aan hubannoo uumuudha.

“Akka ilaalchaa Antrooppooloojistoota mallattummatti,aadaa ibsuuf beekumsa fi tooftaa waan sana hubatanii karaan ibsaa itti kennaanu beekun barbaachisaadha jedhu.Duudhaalee hawaasaa, amantaa,ilaalchaa aaduunyaan aadaadhaaf qabu,haala naannoo uumamaatiin,haala diinagdee ilaaluu irrattii antrooppooloojiin mallatummaa aadaa,karaa guutuu ta’eeen ofdanda’aanii kan ilaalamaan ta’u qabu jechuun mormu.”(Scupine 2012፡120).

Turner’s(1967∶ 19).Mallattummaan amala waaqeffannaa adda kan ofkeessaatti qabatu kutaa waaqeffannaa keessaa isaa xiqqaadha.Mallattummaan kutaa kuusaa ragaalee gurguddaadhan guutameedha.AkkaTurner’s (1968a:2)Mallattoowwan,wantoon,sochiiwwan,Jechoon,haariirooan, taateewwan,mallattooleen harkaa ykn bakkeewwanii,sirnoonta amantaa fi kkf of keessaa qabu. Turner’s(1967∶ 19) Sirnii hawaasa tokko keessaatti raawwaatamanuu mallattummaa qabu. Mallattummaan immoon jechaa fi wantoota ofkeessaa qabu fi dura duubaa sochiiwwanii hiikuuf haala nama dhibu kan hordofuudha.Dabalataanis,(Kottak)akka ibseen:

Bara 1950—1970 keessaatti antrooppooloojii aadaa jedhamuun qorannoon beekamu tokko mul’achuu isaa dhugaa baheera.Qorannoon bara kana keessaatti dhugaa bahameef kun amantaa fi duudhaaleen hawaasaa dhala namaa akkamitti gargaaruu akka danda’anii irrattii kan xiiyyeefateedha.Namoonii naannoo isaan walinni walbaruu fi qaama aadaa isaanii keessaa tokko kan ta’ee akkamittii eegguu akka danda’aan ibsa.Antrooppooloojistoon durii dhalatanii biyya sana fi abbootiin qabeenya garee fi dhunfaan qabeenya isanii bulchaan fi naannoo uumamaa isaanii eeguun hojii bu’a qabeessa akka hojjetan agarsiisaniirru.Namoon kun qabeenya isaanii bulchuu fi naannoo isaanii akkaataan itti eeggaan karaa aadaa ta’u akka qabu (Kottak 2010: 284-85) ibseera.

Dhalli namaa dhaloota isattii jalqabee lafaa irrattii yeroo aadaa isattiin jiraatuu fi aadaa isaa immoon yeroo dalagu wantoota uumamaa naannoo isaa jiraan mallattummaa garaagaraatiif dhimma itti bahaa tureera.Kun immoon antrooppooloojii aadaatii.Antrooppooloojiin aadaa xiyyeeffannoon dursa kan kennuu amaloota xiinxala qabatamaa ta’eef.Gochoonii namaa fi naannoo gidduu raawwaataman tilmama jedhu irrattii kan bu’uuraa godhatee ta’ee ilaalcha naannoo fayyaduu irrattii xiyyeeffata (Steward 1963∶37).

Yaadoota waliigala isaa hubaachuun kan danda’amu akka aadaattiin waantoota bu’uura ta’aan sochii dhala namaa,amantaa, qophii diinagdee qabaachuu,akkasumas,dhimmoota hawaasummaa, siyaasaa fi ilaalchii duudhaalee baduu kan hin daandeenyee fi saanduqa bu’uura jireenya ta’anii jiratuu (Steward 1963).

Solomon (2007) Deebiiddi Shanaayidoorrii wabbeeffachuun akka ibseetti “mallattummaan (Symbol) walitti hidhinsaa (component) wantoota lamatii.Inni tokko wanta ijaan mul’atuu fi

qabatamaa wanta ta’e (sensory sign).Innii lammaaffaa immoon yaada wanta mul’atu sana walinni kan walunatu(idea) dha.”jedha.Mallattummaan duudhaa hawaasa tokko keessaatti hawaasichaa bakka bu’ee eenyummaa hawaasichaa kan ibsu yoo ta’u,hawaasni sun immoon duudhaalee hawaasa sana keessaatti barnooni inni dabarsuu hawaasummaa sana ykn raawwiiwwan Ayyannootaa,duudhaalee hawaasaa,sirnoota amantaa fi kkf keessaatti hiika hawaasummaafi aadaa qabatanii argamu.Solomon(2007:179),Abelson,(1979:17) Green, (1997:44) kanneen kun amaantaalee aadaa hawaasa tokko tokkoo biratti gara tokkoon mallattummaa akka carra gaarii taasisee waan fudhatu,gama birattiin immoon jireenya dhala nama keessatti carraa hamaa naati uumuu danda’a sodaa jedhuun taateewwan fi gochaawwan raawwaatu ilaallii kana keessaatti hubataa akka raawwaatu kan taasisaaniidha.Biyyoota garaagaraa hawaasa jiratuu keessaattii gosooni amantaa biyyaaleessa heddu kan jiru yoo ta’u akka aadaa Oromoo biyya keenyaatii milkii,eekkeraa,mooraa,adbarrii fi kkf ni argamu jechuun ibsa.

Mullen (1992:215) amantaan biyyaaleessaa aduunyaa qaroome keessatti maddalli ifa ta’e kan hin qabnee fi yaaliidhaan kan hin mirkaanoofnee,beekumsa ofdanda’e osoo hin taane akka adeemsa yaada namoota dhunfaa fi karaa beekumsa isaan qabaninni kan lakka’amu, fudhatamuuman isaas amantichii bakka jiru sanatiifi naannoo bakka raawwaatamuuti kan ta’e,hawaasummaa fi garee naannoo sana jiratuuf amantaa ta’ee lakka’amu. Jechamoon amantaa taateewwan fi gochoota garaagaraa kan ofkeessatti qabatee fi qabiyyee garee kan barbadu ta’u ibseera.

Mallattummaan fedhii fi yaada hawaasa tokko akeekaa mul’isa.Mallattummaan namaan, wantaan,haalanni,gochaan fi kkf karaa beekumsa dhoksaa qabuun hawaasa tokko bakka bu’ee dhiyaata.Mallatummaan karaalee garagaraattiin dhiyaachuu ykn ibsamuu danda’a.Kunis,bakka bu’ummaan(sign),ittigaafatamuumaa(index),fimallattummaan(symbol) kanneen kun kan as keessatti ibsuu dandeenyuudha.Green (1997:762).Kanneen kun qooqqani,wantaan,haala fi gochaan bakka bu’aanii dhiyaachuu danda’u jedha.

Mallattummaan hiikaa mata isanii kan qaban yoo ta’u waa’ee isaanii yoo yaadnu wantoon lama irraanfatamuu hin qabanu.Inni dura dhimma bakka bu’eef sana yoo ta’u inni biraa immoon yaada inni ofkeessatti qabatuu ykn hiika inni qabu Whitehead (1985:9) jechuun ibsa.Mallattummaan hiika mata isaanii waan qabanuuf miseensa saba tokko warreen ta’an akka waliigalaan gochuu fi

yaada walfakkataa fi walhubannoo tokko akka qabaatan gochuu keessaatti gahee olaanaa qabu.Kunis ta'u isattiin fayyidaan mallattummaa akka guddatuu taasisa.Bu'uurii bakka bu'uuma mallattummaa taateewwan jireenya dhala nama keessaatti uumamaanni,seena qabeessaa fi waan aadeeffatamaan ta'u danda'u.Kanneen kana bu'uura godhachuun mallattummaa/bakka bu'uuma olkeewwaachuun hariiroo hawaasummaa cimsa.Akkasumas,hawaasichi fedhii isaa,gochaa inni raawwaatuu fi amallii inni qabu karaa mallattummaatiin ifu.Mallattummaan/bakka bu'uuman hawaasa tokko keessaatti eenyummaa hawaasicha ibsuuf,namoota walakkaa rakkoowwan uumamanii fi akkasumas dhalli nama rakkoo isa muddatuuf furmaata akka kennu gochuu keessatti gahee hin tufatamnee qabu Quimby (1976:174) jechuun ibsa.

Yaada armaan olitti ibsame irraa wanti hubachuu dandeenyu karaa bakka bu'ummaa ykn mallattummaatiin falaasamaa hawaasichi qabu, aadaa, amantaa fi duudhaalee isaa fi eenyummaa hawaasa sana beeku ni dandeenya.Yaadrimeen bu'uura armaan olii kun akka mul'isuuti karaa bakka bu'ummaa mallattummaatiin falaasamaa hawaasichi qabu, aadaa, amantaa fi duudhaalee isaa fi eenyummaan hawaasa sana kan naannoo uumamaatii waan ta'eef naannoo uumamaa walinni walitti hidhatiinsi inni qabu fi mallattummaani isaa qorannoo antrooppooloojii kana keessatti ilaalameera.

### 2.2.2. YAADIDDAMOOTA AADAA:

Akka yaadiddamaa kanattii naannoon fi aadaan Karaa alkallattiin walitti dhufeenya qabu.Wantoota naannoo ofii osoo dhimma ittiin bahiin dhalli nama gocha tokko raawwaachuu hin danda'u.Sirni amantaa fi aadaa immoon giddugala dhala namaatti.Kanaafuu,walitti dhufeenya wantoota naannoo walinni dhalli namaa qabuun ilaalliiwwan biroo irraatti dhiibbaa gochuu ni danda'a (Steward 1963)

Girardot, Miller & Xiaogan (2001 ) akka ibsaaninnii, "amantaan haala jireenya lafa kana irraatti,uumamaa naannoo keenyaa haala gaariin akka beeknu gochuuf barbaachisaadha. Qabeenyaa uummamaa naannoo keenya jiruus sirritti eeguuf nu gargaara.Haala gaariin hojjechuu akka dandeenyuu fi haala gaariin akka yaadu dandeenyus nu gargaara.Jireenyaa keenya keessaatti dhimma amantaa yoo yaadnu uumamaa naannoo keenya walinni walitti dhufeenyaa gaarii qabaachuu keenya hubanna.Yeroo kana gonu ilaalchaa naannoo keenyaaf

qabnu irraa deebinnee akka ilaaluuf nu gargaara.Qabeenyaa uumamaa burqaa jireenyaa ta’an eeguuf of qopheessina”(xi)

“Qorannoowwan aadaa,qorannoo Ikooloojii namaa fi hawaasummaa irraa kan addaa isaa taasisuu dhufatii amaloota aadaa ibsuu fi hubaachisuu irraatti xiyyeeffachuu isaatti.Muddannoo aadaa garaagaraa karaa aadaa adda addaa walbiraa qabuun ilaaluun jijjiiramaa ykn garaagarummaa aadaan tokko aadaa biroo tokko irraa qabu adda baasuun dhiyeessuudhan. Haalumaa kanaan kaayyoon yaadiddama kana qorataan itti dhimma bahuu barbadeef yaadni inni ijoon walitti hidhiinsa duudhaalee hawaasaa, aadaa fi amantii naannoon uumamaa keessaatti innii qabu mul’isuudhaaf.” (Steward 1963፡36).

### 2.2.3. YAADIDDAMOOTA FAAYIDAA (FUNCTIONAL THEORY)

Yaadiddamni faayideessummaa kun fayyadamni Coqorsaa fi Saardoo kan hawaasni yoomessa jiloota aadaa,duudhaalee hawaasa fi amantaa keessatti dhimma itti bahuun xiinxaluuf gargaara.Hayyoonni yaadiddamaa faayideessummaa deeggaruun Sims fi Stephens (2005:174-175) yoo ibsan,yaadiddamnii kun fooklooriin hawaasa tokkoo hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu keessatti kan ilaaluudha.Akka hayyuu kanaatti fooklooriin faayidaalee akka: barsiisuu,aadaa kunuunsuu,jijjiirama amalaa fiduu,tokkummaa hawaasaa cimsuufi k.k.f fa’a.Haalumaa kanaan qorataan kunis yaadiddama kana fayyadamee yoomessa jiloonii aadaa,duudhaa fi amantaa gaggaaffaman keessatti faayidaa inni qabu fi Coqorsii fi Saardoon achi keessatti mallattummaa maalii akka qaban addeessuudha.

Walumaagalatti qorannoon tokko yadiddama gargaaraa bu’ureeffachuun qoratamuu danda’a.Qorannoonkunis haammattoo kana keessaatti haammatamuun yaadiddaama mallattummaa/ fakkoommii,aadaa fi faayidaa hordofuun mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti duudhaalee hawaasa yeroo garaagaraa raawwatamaan daawwaachuun,malleen qorannoo ibsamaan dhimma itti bahuun qindeessun haammatuu (framework) kana keessattis addeeffamaniirru.Dabalatanis,qabxiiwwan ijoo yaadiddamoota kana keessaatti ka’aan raawwiiwwan sirnicha keessaattii hordofamuu qabani hariiroo dhalli namaa naannoo uumamaa isaa waliin qabuun,raawwiiwwan aadaa,duudhaalee hawaasaa,amantii jiloota garaagaraa keessaatti raawwatamanii,taateewwaan ta’aani,mallattummaa garagaraa achi keessaattii mul’ataan,qaama kamiin raawwiiwwan kun akka raawwaatamani fi mallattummaa inni qabu hordofuun qorannoo gaggeeffameen hiika argachuun isaanii mirkana’eera.

# BOQONNAA SADII:  SEEN-DUUBEE BAKKA QORANNOO


Yaadolii kanneen ibsuun namni qoarannoo kana dubbisu haala iddoo qorannichaa irratti hojjatamee akka hubatuuf fayyada.

## 3.1 ARGAMAAFI TEESSOO AANAA WALISOO

Aanaan Walisoo Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti aanoolee kudha tokko argaman keessaa isa tokko.Magaalaan guddichi aanaa kanaa Walisoo yoo jedhamu,Finfinnee irraa gara Kibba Lixaatti kiiloo meetirii  dhibba  tokkoofi  kudha  afur fagaatee argama.Maqaan Waliso jedhamus kan moggaafameef sanyii Oromoo naannoo kana jiraatu irraati.Waliso ilma Liiban yoo ta'u, Liiban immoo ilma Maccaati.

(Maddii:Waajjira Bulchiinsa Aanaa Walisoo)

Akka ragaan Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Walisoo irraa argame ibsutti,Aanaan  Walisoo aanaalee ollaa  adda addaatiin daangeffama.Karaa Kaabaatiin aanaalee lama jechuunis Bachoofi Daawoon yoo daangeffamu,karaa Kibbaa immoo Aanaa Goorootiin daangeffama.Kallattii Bahaatiin immoo Aanaa Bachoofi Aanaa Sadan Sooddootiin yoo daangeffamu,karaa Lixaatiin Aanaa Wanciitiin daangeffama.




Suura 2: Kaartaa Aanaa Walisoofi Daangessitoota Aanichaa

(Maddii:Waajjira Bulchiinsa Aanaa Walisoo ) irraa kan fudhatame.

## 3.2. BAAYYINA UUMMATAA, AFAANFI AMANTII UUMMATA AANICHAA

Aanaan Walisoo gandoota baadiyyaa soddomii jahaafi gandoota magaala lama of keessaa qaba. Akka gidduu galessa Istaatistiiksiin lakkoofsa uummataafi manaa bara 1999 A.L.Htti adeemsifame mullisuutti,baay'inni uummata aanaa kanaa dhiirri kuma torbatamii lamaafi saddeetamii jaha,dhalaan kuma torbatamii lamaafi dhibba sadiifi soddomii sadi yoo ta'u, walittikuma dhibba tokko kuma afurtamii afur dhibba afuriifi kudha sagal ture jechuudha.Uummanni kunis,dhibbantaan sagaltamii saddeet tuqaa lama baaddiyyaa yoo jiraatu,baay'ina namoota magaalaa jiratanu dhiiraafi dubaraan lakkoofsa armaan dura ibsame keessaa kuma lama dhibba shaniifi saddeetamii lama yoo ta'u dhiirii Kuma tokko dhibba lamaafi digdamii saddeet,dubari kuma tokkoofi dhibba sadiifi shantamii shan ykn dhibbantaa tokko tuqaa saddeet qofaadha.Haalumaa kanaan Aanaa qorannoon kun gaggeeffame kana keessa saba Oromootiin ala sabaafi sablammoonni biroos nijiraatu.Kunis dhibbantaadhaan yemmuu kaa'amu, Oromoon sagaltamii shan tuqaa saddeet,Guraageen sadi tuqaa jaha, Amaarri duwwaa tuqaa shan, Tigreefi kan biroo duwwaa tuqaa tokko ta'u.Akkasumas afaanonni aanicha keessatti dubbataman Afaan Oromoo dhibbantaa sagaltamii afur tuqaa tokko torba, Afaan Amaaraa dhibbantaa shan tuqaa sadii torbaafi afaanonni biraa dhibbantaa duwwaa tuqaa jaha akka ta'an Ejensiin Istaatiksii Biyyoolessaa 1999 A.L.H ifa godheera.Dabalatanis,Uummanni Oromoo Aanaa Walisoo keessa jiraatu,amantaa garaagaraa hordofa.Kanneen keessaa hordoftoota amantaa Ortodoksii dhibbantaa jatamii torba tuqaa duwwaa, amantaa muslimaa dhibbantaa  digdamii lama tuqaa sadi tokko, amantaa proteestaantii dhibbantaa sagal tuqaa afur lama ta'u ragaanEjensiin Istaatiksii Biyyoolessaa 1999 A.L.H irraa argame ni addeessa.Amantaa qabani kanaanis jaalalaafi wal kabajuun jiraatu.

## 3.3. QABBEENYA UUMAMAA

### 3.3.1 TEESSUMA LAFAA

Aanaan Walisoo olkainsi lafaa meetira kuma tokkoofi dhibba sagal irratti argamati.Balinni lafaa meetira iskuweeri kuma digdamii jahaafi dhibba tokkoof shantama.Haalli teessuma lafa aanichas irra caalaan diriiraadha.Kunis dhibbantaan torbatama yoo ta'u, tabbiifi kanneen biroo dhibbantaa soddoma ta'u.Akkasumas,gaarreen  xixxiqqoo kanneen akka gaara Bommee,gaara  diilalaa, gaara qooraafi gaara Tulluu Ayeetuutiin marfamtee  argamtuu yoo  ta,uu  gaari Tulluu Ayeetuu

ardaa jilaa kan ijjoolleen arfaan Walisoo bakka itti jilaatanuudha.(Waajiraa Misooma lafaa Aanaa Walisoo )

### 3.3.2 HAALA QILLEENSAA

Akka odeeffannoon waajjira Dhimmoota Komunikeeshinii Mootummaa Aanaa Walisoo irraa argametti aanaan kun haala qilleensaa baramaa baddaa dhibbantaa kudha torba,baddadareen dhibbantaa torbatamii shan xuqa afur yoo ta'u gammoojjiin dhibbantaatorba xuqa jaha.Haaluma kanaan waggatti yeroo lama rooba giddu galeessa milli liitira Kuma tokkoofi dhibba lama argatta.Wayiti arfaasaa,gannaafi ji'a birraa fuulbanaa fi Onkoololeessa dabalatee rooba gahaa argatta.

### 3.3.3 QAAMAN BISHAANII

Qaaman bishaanii xixxiqaan aanaa kana keessatti argaman,Laga leencaa,Laga reebuu,Laga walgaa'aa fi laga Eejjersaa yoo ta'an haroowwan xixxiqaakanakka haroo abdiis aanichaa keessatti ni argamu.Qaaman bishaan kun laman (lagnii fi haroo) tajaajilaa dhugaatti nama fi beeylada qofaaf kan oolaan osoo hin taane jallisiinni qullubii diimaan,kuduraafi muduraa oomishun diinagdee uummaticha aanaa guddisu keessatti qooda olaanaa qabu.(Waajjiraa Misooma Qonnaa Aanaa Walisoo)

### 3.3.4 BIYYEE

Gosoonni biyyee aanicha keessatti argaman biyyee diimaa,biyyee kootichaa yookaan biyyee gurraacha fi biyyee cirrachaa fa'i.Gosoota kanneen keessaa aanicha keessatti caalaatti kan beekamu,biyyee diimaa faayidaa marra akka oomisha midhaan agadaa,kuduraafi muduraa adda addaafimidhaan gosa garaagaraa magarsuuf yoo ta'u,biyyeen kootichaa yookiin biyyeen gurraachi oomisha midhaan kanneen akka shumburraa fi xaafii oomshuuf caalaatii mijataadha.(Waajjira Misooma Qonnaa Aanaa Walisoo)

### 3.3.5 BINEELADOTA

Aanaa Walisoo keessatti bineensonni adda addaa baay'inan argamu.Bineensota bosoona keessaa MurasniWaraabessa,Jaldeessa,Qamalee,kuruphee,Qeeransa,jedalaa,Bosonu,Dhaddee,Osoleefi kkf fa,i.Bineensonni kun aadaa keessatti fayyidaa gargaraa qabu.Fknf,foon dhaddee dhukkuba

uccuba mormaa,dhukkuba Asmii,dhukkubba dhiitoo miilaatiif yoo nyaatame ni fayyisa jechuun hawaasni aanicha fudhata.

Allaattiwwan keessa muraasni Arranqeessa,Sololiyaa,Cuquliisa,Risaa,Guchii,Cululee,Rarere halkani,Cirrii fa'i ni argamu.Akkasumas,guchiin balleen isii adiin baalguddaa jedhama.Yeroo korma fi korbeessa qalan rifeensaa mataa keessa keeyyachuun fardaan garmaamu.(Waajjira Aadaa fi Tuurizii Aanaa Walisoo)

**3.3.6 BAKKEEWWAN SEENA QABEESSAAFI HAWWATA TURIIZIMII AANICHAA**

Akka ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Walisoo agarsiisuutti bakkeewwan seena qabeessaa fi hawaata tuurizimii ta'aaniifi lafa ardaa jilaa aanichi qabu baay'achuulleee yoo baataan,muraasni kan jiran ta'uu isaaniiti.Kunis,bakkeewwan ardaa jilaa haroo korma Booraa fi Odaan Fincaa Nagawoo aanaa Walisoo ganda Leemmaan Ayeetuu keessatti kan argaman ta'ee bakki ardaa jilaa haroo korma booraamoggaafni maqaa isaa yeroo duri ummanni osoo hin danatin hora Ciisaa 'baldhaa' jedhame beekamu ta'u ragaan argame ni mul'isa.Haroo kana ummanni naannichaa hanga yeroo dhiyootti Saawwan hooffatee dhufee obaafataa kan ture yoo ta'u,bakki kun yeroo ammaa sababa laafinsa sirna gadaatiin kununsi taasifamu hafee addaan waan citeef naannawaan isaa qonnaan marfamee dhiphachuun fi dhaabbii horii jiraataa naannichaa fi tuttuqaa itti cimeen dalalii Lolaan waan guutameef tajaajila bal'aa kenna hin jiru.Haa ta'u malee hara's bakki kun tajaajila jilaatiif oluu baatuus bonaa ganna lafa bishaan lubbu qabeeyyiin heddu itti fayyadamtu tu'uun tajaajila kenna jirachuu ragaan waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Walisoo irraa argame ni adeessa.Akkasumas,bakkeewwan hawaata tuurizimii ta'aan keessaa Ganda koonnoo Qilee keessatti kan argamu,holqi Bommee isa tokko yoo ta'u,Ganda Xombee Hancabbii keessatti kan argaman Fincaa'aa Leencaa Xombeefi bishaan hoo'aa haroo bakkeewwan hawaataa ta'an kanneen birooti.Bakkeewwan kana keessatti Bosoni naannoo holqa Bommee jedhamu kana uuwwisee jiru,mukeewwan gosa adda addaa fi bineensonni bosonaa gosa garagaara kanneen akka weennii,jaldeessaa,qamalee,kuruphee, bosonuu,waraabessa,dhaddee,sardiidoo booyyee,karkarroofi kkf yoo ta'an allattonni gosa garaagaraas bosona kana keessatti ni argamu.Akka fakkeenyaatti sinbirroota cuquliisa,sinbira eegee dheeraafi kanneen biroo baay'inaa nijiru.Bineessonniifi allaattonni kan jiraatan bosona naannoo holqa Bommee keessa yoo ta'u yeroo ammaa bosonni kun,sababa qoranii,ijaarsa

manaafi lafa qonnaa babal ‘isuuf jecha ciramaa waan jiruuf lakkoofsi bineessota bosonaafi sinbirroota miidhagoo ta ‘an kuni illee xiqqaachaa demaa jira.
(Maddi: ragaa kanaa Waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Walisooti.)

### 3.4 DIINAGDEE

### HORSIISA BEEYLADAA

Haalli qilleensa aanichaa keessaa jiru horsiisa beeyladaafi oomisha midhaaniitiif mijataadha. Sababa kanaaf jiruu fi jireenya Uumata Aanaa Walisoo hojii horsiisa beeyladaa, hojii qonnaa fi daldala irratti hundaa’a.Kun bu’uura dinagdee uummatichaati.Waan kana ta’eef,misooma beelladaa kan akka;horii gaanfaa,kottee duudaa harreefi farda,hoolaafi re’ee dabalatee baay’inaan kan argaman yoo ta’an,lukkuufi Kannisni gaaguraan ni’argamu.Misooma midhaan nyaataa akaakuu adda addaas baay’inaan oomishamu.:- Fakkeenyaaf,midhaan biilaa qamadii fi xaafiin faa daran yoo oomishaman,midhaan agadaa boqqoolloo fi mishinggaa,midhaan dheedhii baaqeelaa,atara,bolooqee,shumburaa,misiraa fi gaayyoo,midhaan zayitaa nuugii,talbaafi kan kana fakkaatanis baay’inaan ni’argamu.Biqiltuun warqee jedhamus,kan duugamee nyaatamu,Aanaa Walisootti beekamaadha.Kuduraaleeefi fuduraaleen roobaafi jallisiidhaan oomishamanis heddumminaan argamu.Kanneenis dinnicha,timaatima,kaarota,raafuu,mixaaxisaa, oomisha qullubii diimaafi shankoora faa yoo ta’an,maangoo,appilii,kookii,loomii,burtukaanafi kkftanis akaakuuwwan fuduraalee aanaa kanatti argamaniidha.Waliigalati Aanaan Walisoo bonaa fi ganna yeroo hunda magaariisuudha. (Waajjira Qonnaa Aanaa Walisoo)

### 3.5. HAALA DHAABBILEE HAWAASUMMAA AANAA WALISOO

Aanaan Walisoo dhaabbattoota tajaajila hawaasaa adda addaa niqaba.Isaan keessaas,manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaa saaykilii tokkoffaatokkoo hanga afurii saddeet,manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaa saaykilii tokkoffaafi lammaffaa tokkoo hanga saddeeti kan mootummaa Afurtamaafi kan manneen barumsaa sadarkaa lammaffaa sagalii hanga kudhaani sadiifi mana barumsa qophaa’inaasadii Waliigalaan manneen barnoota shantamii afur qaba.Kana malees, kellaa fayyaa soddomii shan,kiliinika dhuunfaa jaha fi buufata fayyaa saddeet akka qabu ragaan Waajjira Barnootaafi Waajjira Fayyaa irraa argame ni’agarsiisa.

### 3.6 AKAAKUWWAN AADAA AANICHA KEESSA JIRU

Saba tokko kan bira irraa kan adda baasuu aadaa isaati.Ragaan barruuwaajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Walisoo (2014:18) irratti akka ibsutti,Aanaa Walisoo keessatti sirnoota aadaawwan garaa garaa baayyeen akka argamufi kabajamaa jiru ni eera.Aadawwan kanneen keessaa muraasni,aadaa fuudhaafi heerumaa ilma gahe kan ittiin fuusiisuufi intala geesse kan ittiin heerumsiisu,kan wal-dhabe kan ittiin araarsaan aadaa jaarsummaan,aadaa walgargaarsaa hojii,aadaa lubbuu darbe kan ittiin gumaa sagaduu fi gumaa baasu,Sirna Gadaa,Sirna Irreechaa,Sirna Ateetee bulfannaa,sirna kabaja ayyaana masqalaa,aadaa sirna Guddifachaa fi kan kana fakkaatan gurguddoo kaasuun ni ibsa.Kunis aanichi aadaa Oromoo hedduu akka qabu kan ragaa bahuudha.Kana malees,qiixisuun nooruu kennee hangafni immoo kan nibaruu ittiin fudhatu aadaa wal kabajuu akka qabu maanguddooliin naannoo sanaa ibsaniru.Qabxiiwwan armaan olitti ibsamaani kanneen keessatti yeroo raawwiiwwan duudhaa hawaasaa Coqorsaa fi Saardoo qabatanii raawwatan mallattummaa isaanii walinni walqabataanii mul’atan boqonnaa itti aanu keessatti xiinxala mallattummaa coqorsaa fi Saardoottiin ibsamaanii waan jiranuufi qabxii kana jalatti dhimmoota aadaa uummatichaa ta’anii bal’inaan hin ibsamne irratti xiyyeeffachuun ibsameera.

#### 3.6.1 NYAATA AADAA

Hawaasa naannoo kana birratti nyaata aadaa hedduuttu ayyaannoota fi sirnootaa garaagaraatti dhiyaata.Isaanis:cuukkoo,Caccabsa,qorii,kochee,waadii,marqaa,akaa‘yii,sukkuummaa,dhodhoobboo,bulbulaa dammaa fi kkf ni argamu.

(Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Walisoo)

#### 3.6.2 AADAA WALGARGAARSAA

Uummanni aanichaa Aadaafi duudhaa ganama qabuun karaalee garaagaraatin wal bira dhaabbatee wal gargaara.Kunis,rakkoolee uumamaafi nam-tolchee mudaatan furuuf,balaan tasaatiin nama miidhaan irra gahee utubuu,yeroo gabaabaafi hatattamaan dhaqqabuun rakko isaanii irratti qooda fudhachuun,gaddaa fi gammachuullee wal bira dhaabachuun wajjiin hirmaatu.Rakkoo nama irraa gahee humnaa fi qabeenyaan bira dhaabbatu. Haaluma kanaan hawaasani aanaa kanaa karaaleen isaan wal gargaaraniin hedduudha.Kunis armaan gaditti tarreeffamanirru.(Obbo Fayyeeraa kabbadaa)

**3.6.2.1 QABOO:** Qaboon akkuma daboo karaaaadaatiin kan hawaasni aanicha wal gargaaru ta,ee kan bifa harkaa waliif deebisuutiin ittin wal gargaaraniidha.Innis,yeroo Oomishaa,mana ijaarani fi miidhaan hammanii fi araman caalatti hojii irraa oluuf fayyada. (Obbo Fayyeeraa kabbadaa)

**3.6.2.2DABOO:** Daboon jaarmiyaalee aadaa wal gargaarsaa keessa isa tokko ta,ee aadaa walitti dhufeenyaa hawaasa cimsuudha.Akka Oromoo Aanaa Walisootti yoo namni tokko hojiin ittti baay'ate firaa fi ollaa ofumaa itti kadhata.Hojiin inni itti kadhatu kunis qonna,guura midhaanii, soraa mana kaasuu,ijaarsa mana fa'a irratti bahee nama murtaa'e osoo fageenya hin deemne kadhata.Guyyicha sana nyaataa fi dhugaatii kanneen akka biddeena,daabboo,akaawwii fi bunni ni qophaa'a. (Obbo Fayyeeraa kabbadaa)

**3.6.2.3 JIGII:**Yeroo haamaa fi midhaan galchan,hojii nama muddu dafanii kaafachuuf humna hamma hojiichaaf naaf xumura jedhanii yaadan baafachuudha.Nama naaf baasi jedheet fira dhiyyoo tokko ajaja.Firii inni ajajame kunis,namoota hamma jedhame caalaa baasa.Fakkeenyaaf; yommuu abbaan jigii nama kudhan jedheen namni inni ajajame kun namoota digdama fida.Guyyicha sana nyaataafi dhugaatiin kanneen akka Biddeena,Foon,Daabboofi Buna qopheessuun nyaachisanii obaasu.Jigiin nyaataafi dhugaatiidhaanis daboo caala. (Obbo.Silashii Saardoo)

**3.6.2.4 DAADOO:**Aanicha keessatti namootni walitti dhihaatan yookiin walii galan lakkoofsan muraasa ta'an dabaree galanii kan hojii walii isaanittii bobbaa'aniidha.Aadaa hojii kana keessatti namni miseensa daadoo ta'e dabaree hojii isa tokkorraa ooluu yookiin hafuu hin danda'u.Kunis, namni daadoo fudhate deebisuu waan qabuuf hojii daadoo kanarratti namoonni bobbaa'an akkuma hojii mataa isaanitti mijeessanii hojjachuutu irra eegama.yeroo hojii jedhame kabajuunis bakka hojjitti argamu.Daadoon saala hin foo'u. Hojiilee akka aramaa, haamaa haamuu, cabsaa midhaanii fa'a walgargaaruun hojjatu. (Obbo.Silashii Saardoo)

**3.6.2.5 WALITTI BIRMACHUU:** Gosti aadaa hojii gargaarsaa kun aanaa Walisoo keessatti namni tokko yookiin miseensa hawaasa naannichaa ta'e tokko rakkoon du'aa yoo qunname hojii nama kanaa guyyaa tokko hawaasichi itti bahuun waan namni kun qotatee qabu hunda irra

deemuun hojjachaafi oolu.Aadaa wal gargaarsaa kana keessattis walii galtee hawaasummaa cimaa ta'etu jira.Yoo namni tokko hawaasa keessaa walii galtee kana diigee argame gaafa rakkoon akkanaa kun isa muudate hojiin isaa hin hojjatamuuf. Fakkeenyaaf,dubartii abbaan manaa irra du'e yoo tahe walitti bahanii lafa ishii qotuuf,manas ni ijaaruuf,midhaanis ni kennuuf. Rakkoolee ishii muudatan hunda bira dhaabbatu. (Aaddee Boontuu Macheessaa)

**3.6.2.6 AFOOSHAA:**Afooshni aadaa walgargaarsaa aanicha keessatti beekamu keessaa isa tokko. Kunis,Oromoo Aanaa Walisoo biratti guddaafi xiqqaan osoo addaan wal hin qoodin mala ittiin wal gargaarani dha.Afooshni qarshii walitti buufachuun seera mataa isaanii tumatanii ittiin waliin bulani ta'ee yeroo afooshaan walgahanii rakkoolee isaani muddaatu illeen walinni mariiyaatu.Nama seera cabses ni adabu.Kunis,kaayyoon isaa inni guddaan rakkoolee waliif salphisuu,walutubuufi walbarsiisu,gaddaa fi gammachuurratti wal jajjabeessuufi walitti dhufeenya hawaasaa cimsu keessatti gahee guddaa qaba. (Aaddee Hawwii Badhaadhaa)

**3.6.2.7 IQUUBII:** Kunis aadaa wal gargaarsaa Oromoo aanaa kanaa ta'ee buusii maallaqaa torban tokko tokkoo yookiin lama lamaan adeemsifamu yommuu ta'u, balaa tasaa kanneen akka lolaa,dhukkubsachuu,maatii balaa addaatiin miidhamaniif ni gargaara. (Aaddee Boontuu Macheessaa)

**3.6.2.8HIRPHUU:**Aadaan Kun immoo yoo hattuun nama jalaa horii isaa fudhatte, nama horii isaa bonni jalaa fixe ykn yoo jala du'e,balaa gurguddaa akka manni nama jalaa gabachuu,akkasumas lolaa/galaanaa fi dhukkubni adda addaa yoo loon nama jalaa fudhatuu fi fixu,balbalii(gosnii) isaa walii galuunwaan qabanuun walitti birmachuun bakka walii buusu. Horii kanas jalqabaa namni hirbuuf balbala isaa keessa nama isatti aanu**.**Yoo namni waan akkanaa irratti waliif birmachuu baate immoon guyyaa balaan akkanaa muudate firi isa gargaaruu hin danda'u. (Obbo.Silashii Saardoo)

**3.7. HIDDA LATIINSA HAWAASA OROMOO AANAA WALISOO**

Oromoon Booranaafi Baarentuu hore.Boorannis Boorana Kaabaa, Boorana Kibbaatti qoodame. Haaluma kanaan Booranni Kaabaas Tuulamaafi Maccatti qoodama.Ilmaan maccaa shan.Isaanis,Guduru,jaawwii,Daallee,LiibanfiJiddaa.Gudurunbalbalatorbaqaba.Maalolee,Aamilee,Looy

yaa,Ilaamoo,Lakkuu,Sirbaa,Indarillaa.Jaawwiinbalbalajaha qaba.Amuruu,Horroo,Jimma,Liiban, Giddaa,Eebantu.Daalleen,balbala,saddeet,qaba.Daallee,Leeqaa,Sayyoo,Sibuu,Tum'ee,Limmu,Noonnoo ,Daannoo.Jiddaan balbala shan qaba.Akaako,Harbuu,Jimma,Saddacha,Baadii."Liiban" latii Oromoo Maccaa keessaa isa tokkodha.Liiban balbala sadii qaba.Isaanis:-Ammayya,Walisoofi Kuttaayeedha.Latiin sadaan Liibanii kunis,gabatee armaan gadii keessatti ibsamanirruu.




(Suura 3: Maddi ragaa hidda Latiinsa Oromoo Walisoo Liiban bara 2012 WAT Magaalaa Walisoo irraa argame)

# BOQONNAA AFUR: HIIKAAFI XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaawwan daawwana,gaaffii afaaniifi marii garee ragaa kennitoota irraa argamanfi daawwatamanii gosa gosaan qooduun xiinxalameera.

## 4.1 MALLATTUMMA COQORSAA FI SAARDOO

### 4.1.1 MALLATTUMMA COQORSAA

Akka ragaa kennitoni Aanaa Walisoo jedhanitti:Coqorsi gosoota marga keessaa tokko.Gosni margaa kun lafa irra lo’ee karaa ce’ee deema.Biqilaa uumamaan Oromoo biratis jaalalaa fi kabaja guddaa qabudha.Coqorsii naannoo tokko guutuu qabachuun baay’aata kana jechuunis Coqorsi mallattummaa baay’achuu,mallattummaa walhormataatti.Akka yaada ragaa kennitoota kanaatti Coqorsi marga bonaa ganna lalisu, kan hin gogneefi hiddi isaa jabaafi lafarra kan lo‘uu waan ta‘eef,mallattummaa bonaa ganna jiidhuufi akkasumas mallattummaa hiddi warra sanaa akka baay‘atu kan agarsiisudha.Coqorsii yeroo eebbaa manguddoonni kan ittiin eebbisanii fi yeroo kadhaa Waaqaas qabatanii kan Waaqaa kadhatanii dha.Fakkeenyaaf maanguddoonni yeroo eebbisan akka coqorsaa lafarra lo‘aa jedhu.Kunimmoon mallattummaa,dameen keessan haa baay‘atu,lafa guutaa jechuu akka ta’e ragaan ragaa kennitoota irraa argame ni addeessa.

Kana malees,jiidhaa lafa keessatti qabata,nilata,nilalisa waan ta‘eef,akkuma nu‘i jiidhinaafi lalisaa qabannee fuldura kee siif dhaabbanne jireenya keenya bonaa ganna nuuf lalisi,nujiisi jedhanii waan ammananiifi mallattummaa badhaadhinaa fi soorumaa illeen qaba.

Kanumaan walqabatees Coqorsi mallattummaa araara waaqaati,mallattummaa jireenya namaati.Kanaafuu,Coqorsii safuufi ulfina waan qabuutti waan fakkeeffamuuf mallattummaa mootii margaa qaba jechuun ibsu.Kana malees,akka (obbo Naggaa Indaalaa) ibsanitti,“Coqorsi amantii aadaa Oromoo keessatti jaalatamaa,kabajamaafi filatamaadha.Coqorsi mallatummaa korma hintumamnee fi angaafa marga hunda qaba.Coqorsi hundee jabaa qaba,yeroo bonaa illeen osoo hin gogne magarisummaa isaa eegee tura.Coqorsi tokko qofti yoo lafa qabate tokkichum sanatu naannoo sana guutuu qabata.Oromoon Coqorsaan Waaqa ittiin Waaqeffachuu ykn ittiin sagaduuf gargaarama.Coqorsa bakka barbaanne hundatti kan fayyadamnu osoo hintaane bakka Waaqaa kadhanu biratti itti fayyadamna.Kunis uuma waliin hariiroo qabaachuudha agarsiisa.Sababa kanaaf Coqorsi mallattummaa kadhaatti.Oromoon Coqorsi bakka jilba qabu ni lakkaa’a.Kanaafuu,jilbi Coqorsaa shan,jaha,torba,saddeet,sagal,…..jedhame lakkaa’ama.Kana

jechuunis Coqorsii yeroo hunda deemee deemee jilbaan lafa qabata.Waan kana ta'eef,baay'achaa bula,hin goguus."Jechuun ibseera.

Akka yaada qorannoo armaan olii kanatti Coqorsi wantoota uumaa fi uumamaa Waaqni uume keessaa hawaasaa Oromoo biratti mallattummaa adda addaa, ilaalcha guddaa fi hundaa oli kabaja guddaa qabaachuu isaa irraa hubaachuun danda'ameera.Gama biraatinis Oromoon Coqorsa akka waan layyootti kan ilaaluu osoo hin taane Coqorsa akka angaafa marga fi akka waan jabaatti waan ilaaluuf mallattummaa kadhaa Waaqaa,araara Waaqaa fi eebba qabachuu isaatti ibsu.Akkasumas,yeroo sirna aadaa fi haawasumaan walqabatan gaggeeffatu Oromoon jiidha waan jaalatuuf Coqorsa qabatee wal-eebbisa,Coqorsa qabatee araaraa buusa.Dabalataanis Oromoon jilba coqorsaa lakkaa'uun kunis, mallattummaa beekumsa fi falaasamaa Oromoon naannoo uumamaa isaa irratti qabu kan agarsisuufi kabaja Oromoon Coqorsaaf qabu kan ibsuudha.Bonaa ganna goguu dhisuun isaa immoon mallatummaa hormaataa fi qacceen Oromoo yeroo hunda lalisee kan ittifufu ta'uu hubachuun danda'ameera.

Walumaagalat,Coqorsi wantoota uumamaa waaqaa ta'aan keessaa tokko ta'ee falasamaa hawaasichi qabu,karaa walitti hidhiinsa aadaa,duudhaa fi amantaa hawaasa Oromoo naannoo qorannoon kun gaggeeffamu jiruutiin wanta jabaa waaqa irraa kadhatanii argachuuf fedhaniif uumaa ittiin kadhachuufi jiloota aadaa fi amantaa ittiin gaggeeffachuuf hawaasichi waan faayadamuuf,wantoota uumamaa Oromoon jiloota garaagaraa keessatti dhimma bahu keessaa isa tokko ta'ee bakka bu'uun, mallattummaa qabun eenyummaa hawaasa sana ibsa.



Suuraa 4:Suuraa Coqorsaa yeroo qorannoo qoratadhaan kaafame

## 4.2. COQORSAA FI UTUBAA MANA DHAABUU

Akka daawwannaa ijaarsa manaa karaa aadaattiin yeroo ijaaraanu Coqorsaan eebbisaanii fi marii garee gaafa guyyaa 20/9/2014 ganda Adaamii Gootuu irraa hubattametti, hawaasni Oromoo aanaa qorannoon kun gaggeeffame jiratuu,aadaa waan qabuunis ta'e,hojiidhaan akka walgargaaruu bu'aan daawwannaa irraa argame ni addeessa.Hojjiwwan walgargaaran kana keessaa mursni hojii qonnaa,hamaa midhaanii,ijaarsa manaa fi kkf keessaatti argamu.Akka ragaa kennaan (obbo Baay'isaa Alamaayyoo gaaffii afaaniin gaafaa guyyaa 24/8/2014) ibseeti, "Akka ittiin bulmaata aadaafi caasaa jaarmiyaalee hawaasummaa garaagaraa hawaasni aanichaa gaggeeffatu keessatti Coqorsi waan sodaatamuu fi safuu qabuuf namni deegaarsa hojiidhaaf waamame sun hojicha irraa akka hin haafneef abbaan manichaa Coqorsa qabachuun akka isaani deegarsaa gochuu danda'aan maqaa waaqaatiin kaadhata.

Dabalatanis,ijaarsa manaa aadaadhaan ijaarame kana keessatti dursa kan qooda fudhatu abbaa manaa,haadha manaa fi ijoollee isaati.Ittaansuun immoon waarreen hawaasa naannicha irraa deeggarsa hojjiitiif barbadamanii dhufaan keessaa immoon adda durummaan jaarsoolii eebbisanii fi namooni hojjicha deeggaraani yoomessaa mani ijaaramu keessatti qooda fudhattota ta'u." jechuun addeesseera.Sababni kun taa'eef immoon abbaan manaa mallattummaa imaanaa maatii sana baa'achuu qabachuu isaa ibsuu fi manguddoon angaafumaa waan qabaniif mallattummaa bakka bu'aa waaqaa qabu jechuun ibsu.Akkasumas,hawaasni Oromoo Walisoo Liiban aadaa,amantii,beekumsafi duudhaaf bakka guddaa akka qabu ibsu.Gama biraattiin hawaasni walqixxumaadhaan rakkoo qabu wal-hubachuun wal-tajaajila.Waan`hunda waliigalteedhaan kan raawwatuufi wal-deeggarruudhaan waliin akka jiraatu,duudhaawwan qabu irratti karaa mallattummaa qabuun akka yaada waljijjiiru ibsa.Kanaafuu,walgargarsa hojii keessatti mallattummaa waliigaltee,mallattummaan waldeeggarruu,mallattummaa waliin jireenyaa akka qabanu addeessu.

Ijaarsaa manaa keessattis namni mana ijaaratu tokko guyyaa waantoota ijaarsa manattiif barbaachisaan qopheessuu jalqabu irraa kaasee hanga gaafa mana ijaaree xumuree keessa jirachuu jalqabutti hojiiwwan raawwatu keessatti Coqorsa akka yommeessa isaaniitti karaa mallattummaa garaagaraa qabuun dhimma itti bahu jedha.Kunis,fakkeenyaaf,yeroo mukaa ijaarsa manatiif qopheessutti mukaa ijoollummaa qabu akka barbaadeet waan hin cireef,mukaa

ijoollummaa qabu ciruu yoo barbaadu Coqorsa buqifaatee jala kaa'uun mukaa sana cira.Kuni, immoon mallattummaa mukkeen haafaniif guddina gaarii hawwuu akka ta'ee addeessa.Raawwiiwwan ijaarsi manaa keessatti jiraanis,meeshaalee ijaarsaa manaa qopheessuu,dhaabaa manaa dhaabuu,dagaalee dagaalfachuu,utubaa manaa dhaabuu,ijaarsaa qaamaa mana cittaa gara olii hiddaan ijaaruu,cittaa irraa busuu,eebba hojii kana yeroo hojjetan hunda Coqorsi mallattummaa eebbaa waan qabuufittiin eebbifatu jechuun ibseerraa.

Akkaataa kanaani hawaasni Oromoo naannoo kana jiru inni  tokko isa tokko inni biroo tokko immoo isa biroo tokkooti hirkaatee yeroo hojii walgaargaaraniifi manguddooni Coqorsa qabatanii eebbisaan daawwannaa sirna ijaarsa manaa abbaa Gadaa Tasfaayee Tujjoo Aanaa Walisoo ganda Adaamii Gootuuti ijaarama jiru qoratan gaafa guyyaa armaan dura ibsame dowwaateen Coqorsi mallattummaa garaagaraa akka qabu hubachuun danda'ameera.Akka daawwannaa kanaatti raawwiiwwan ijaarsa manaa karaa aadaatiin raawwaataman keessaa inni dura meeshaalee ijaarsa manaa hunda qopheessuudha.Akkaatuma kanaan meeshaaleen ijaarsa manaatiif barbaachisaan hundi qopha'eera.

Erga meeshaaleen qophaa'aniin booda hojii qaama kanaa kan ta'e tokko dhaabaan ykn jalli mana dhaabateera.Akka ragaa marii garee guyyaa armaan olitti ibsame irraa  argame addeessutii yeroo dhaabaa manaa dhaabamuu manguddoon achitti argamaan Coqorsa qabachuun eebbifaatanii hojii guyyaa sanaa akka jalqabaaniifi yeroo xumuranis Coqorsa qabachuun gargaarsaa waaqattiin hamaa jaalaa waan waaqni olcheef waaqa galateeffachuun xumuruun beellama hojii itti aanuuf beellamachuu isaaniitti addeessu.Kunis,Coqorsii askeessatti mallattummaa eebbaafi galateefanaadhaaf dhimmaakka ittibahame ibsun,guyyaan beellama itti aanuu guyyaa utubaa kaasaaanu ta'u addeessu.Akka ragaan daawwannaa qoratan guyyaa kana daawwatee mul'isuut,meeshaaleen ijaarsaamanaa qophaa'aan, kanneen akka, aalee, hidda, uuqaa,saagaa, dagaalee,kormaa fi akkasumas,akka aadaa hawaasichaatti eebbaaf wantoota barbaachisaan kan qopheefatu abbaa mana ijaaratu waan ta'eef abbaan manaas, dhoqqee loonii, Coqorsa, aannan, garbuu,farsoo geeshoo fi biqila arraaqee fi kkf qopheesaaniirru.Wantooni qopha'aan kunis mallattummaa addda addaa qabu.Akka hawaasichaat, hojjiin utubaa kaasuu kan raawwatus yeroo ganamatii.Kun kan ta'eef immoon guyyaan utubaa kaasanu guyyaa hojii ijaarsi mana itti aanuuf beellama qabatanii galaani malee guyyaa guutuu hojii isaan olchu waan hin taaneef

mallattummaa jalqaba hojii ibsu isaanii addeessuuf ganamaan ka’aani hojii utubaa kaasuu xumuruun gara hojii idilee guyyaa sana isaan qabanitti deemu.Haalumaa kanaan hawaasni gargaarsa ijaarsa manaatti dhufe,ganama obboroon dhufuun utubaa manaa isa gara mana keessa oolu ciqilee saddeetiifi isa gara alaa oolu immoon ciqilee afuritti muruun qopheesse.Kunis,akka aadaa Oromoo Walisooti lakkoofsi saddeetiifi afur mallattummaa lakkoofsota guutuu waan qabaniifmallattummaa wanti hundi nuuf guuta jedhanu akka qabu manguddoota bakka hojitti argamaanii irraa ragaa argachuun danda’ameera.Haalumaa kanaan utubaa  eerga qopheessan booda abbaan mana wantoota eebbaaf barbaachisaan dhiyeesuun akka aadaa Oromoo Walisooti akkaataa angaafaa fi qixxisuun walofkalchanii Coqorsaan eebbisaan.

### 4.2.1 EEBBA IJAARSAA MANAA YEROO KARAA AADAATIIN IJAARANU EEBBIFATAMUUFI COQORSAA

Eebbi ijaarsi mana akka armaan gaditti ibfameera.

Na ofkalchaa………………ofkalaa

Na ofkalchaa………………..ofkalaa

Guyyaan guyyaa nagaa haa ta’u,

Waanti jalqabame kun fiixaan haa gahu,

Mani kun mana nagaa haa ta’u,

Mani mana milkii haa ta’u,

Kan itti horaan haa ta’u,

Kan ilmii itti fuudhu, Kan intalli itti heerumtu haa ta’u,

Itti badhaadhaa,itti horaa,

Falfaltuun isiin hin danda’inni,

Kan hojjetan isiinii haa qajeelu,

Mortuu fi laaftuun isiin hin danda’inni,

Kan qotate,kan nagadate haa argatu,

Kan waliigaltee argaatan haa ta’u,

Biyyi biyya nagaa haa ta’u,

Biyyi kun gargaarsaaf bahee daadoo hin dhabiin,

Ilaa daadoo hin dhabiin,

Ilaa ulfinna hin dhabiin,

Ilaa Barcuma hin dhabiin,
Qoreen isiin hin warraniin,
Guufuun isiin hin tuqiin,
Ilaa mani kun gargaarsa waaqaatiin ol jedhee haa dhaabatu,
Ilaa garbuun biqiltuudha biqilli nuuf haa qajeelu,
Coqorsi immoon araara araarrii biyya haa dhufu,
Dhoqqeen dikeedha dikee kana waaqni nurraa hin fudhatin,
Aannan jiidha jiidha kana nurraa hin fudhatiin,
Oromoon jiidhaadha jiidha irraa dhaabatee mana ijaara,
Jiru isaa ittiin deema jiidha nuuf haa ta'u,
Jiidha biyyaaf haa ta'u,
Utubaan utubaa nagaa haa ta'u,
Qe'een qe'ee nagaa haa ta'u,
Kadhaa keenya waaqni haa dhagaa'u,
Barrii fi lafti nu haa dhagaa'u,
Waaqni fi lafti nu haa dhagaa'u,
Kadhaan keenya mana waaqaa haa qaqabu,
Ila moraan hin arginni,
Ilaa hattuun hin arginni,
Kan dhabe haa argatu,
Kan gadde illeen haa gammadu,
Kan dhibame haa fayyu,
Humna isiin haa kennu,
Kaawoo argadhaa,
Jaarsi jaarsa nagaa haa ta'u,
Dargaggeessi kaawoo godha,
Eebbi kun eebba Waaqaa fi lafaa haa ta'u,
Iddoon ani hanqise waaqni haa guutuu,
Bula jiraadha nagaa isiiniif haa kennu erga jedhaanii eebbifatanii booda
Abbaan mana ijaarachuuf gargaarsaa waamatees akka itti aanutti eebbisa.
Tokkummaa waaqni nu kenne kana addaan nu hin baasiinni,

Garaan keenya tokko haa ta’u,
Lapheen keenya tokko haa ta’u,
Na birmataanii waaqni isiniif haa birmatu,
Akka naaf birmataanitti waaqni isiin haa birmatu,
Walbiraa waaqni isiin hin fudhaattiin 2x,
Hamtuun giddu kana hin seeniin,
Biyyis biyya nagaa haa ta’u,
Firumaan keenyaa walitti haa urgaa’u,
Mee kana kadhaanee qilleensa nagaa nu haa deebbisu,
Yoo balleessinee nu haa dhisu,
Isiinis na birmataani raabbii isiiniif haa birmatu,
Waan gaariin raabbii isiiniif haa baasu,
Ofkalaa jechuun eebbisu.
(Maddi daawwannaa diree gaafa guyyaa 20/9/2014 irraa kan fudhatame)

Akkaataa kanaan erga eebbisaaniin booda wantoota eebbaaf qophaa’aan Coqorsa waliinni utubaa mana dhaabatu jala naquun hundu haa qajeelu jedhu.Kunis,hawaasni Oromoo Walisoo gochaawwan gaarii raawwatamuuf mallattummaa milkaa’uu hawwuu isaa ibsa.Addeemsa raawwi kana keessatti,Coqorsi mallattummaa namni tokko umurii uumaan kenneef keessaa nagaadhaan darbuun jireenya ijaaruu akka barbaadu ykn mallattummaa nagaa qabachuu isaa bu’aa qorannoo daawwannaa irraa hubaachuun danda’ameera.Dabalatanis,jireenya dhala namaa keessatti jiraachuuf bu’uura jireenya jedhamanii kan beekamanii keessaa tokko mana.Namni gaa’elaa godhaachuun dursa mana ijaarata.

Akkuma armaan dura ibsameen yeroo mana ijaaru immoon Coqorsa qabatee jaarsii biyyaa nagaa kadhaatee,rakkoo bara jireenya isaa isa muudatuuf jechuun,rooba’a,horiidhaaf marga gahaa akka waaqni biqilchu,fayyaa miseensoota maatiitiif,qabeenyaafi nageenyaaf,dargaggeessaa hawwii guddinna hawwee,jaarsaafijaartiidhaaf bulmaata hawwee,hojii jalqabameefi fiixaan bahiinsa kadhatee,tokkumaa waaqni kenneef Coqorsaan uumaa isaa galateeffachuun,utubaa mana dhaaba.Kunis,mallattummaa qabeenya gaarii argachuu hawwuu,mallattummaa umurii gaarii akka qabataani hawwuu,mallattummaa badhaadhina akka argatani hawwuudha.Utubaan yeroo

namni tokko mana ijaaratu jirmaa guddaa jalqaba dhaabamuudha.Akka duudhaa Oromootti jechamnii “utubaa abbaatu dhaabbata” jedhu,manni utubaa malee kan hin dhaabbane ta’u ibsa.Akka ragaa kennitooni marii garee keessatti jedhanittis wantoota uumamaa,bu’aa loonii irraa argamuufi armaan dura ibsame dhimma bahuun Oromoon gaafa utubaa mana dhaabatu sana jala kaa’eetii Coqorsaan erga eebbifatee utubaa mana dhaaba jedhu.Sababni gosoota margaa keessaa Coqorsa,dhoqqee loonii,aannan fi gosoota midhaanii keessaa immoon garbuu utubaa dhaabatu jala buufamuuf yeroo dhalli Oromoo tokko mana ijaaru jiidharra ejjetanii akka mana sana ijaaranuufi jireenya jiidha jiraachuuf kaayyeffatamee akka ta’e eebba jaarsoolii armaan olii bo’oo digdamii sadaffaa irratti manichi gargaarsaa waaqaattiin akka dhaabatuuf Coqorsaan kadhatamuun Oromoon hunda dura angaafti waaqa ta’u fi kabaja waaqaafi qabu uumamaa magariisa qabachuun ibsu isaa irraa hubaachuun ni danda’ama.Kanaafuu,Coqorsi mallattummaa jiidhinaati,mallattummaa kadhaa waaqaati.Akkasumas,bo’oo digdamii afur hanga digdamii sagalii kan jiru irraa kan hubatame Coqorsi mallattummaa araara,garbuun mallattummaa oomisha midhaanii dacheen Oromoo Walisoo Liiban magarsitu,dhoqqeen mallattummaa dikee ykn xaa’oo uumamaan horii irraa argamu,aannan mallattummaa jiidha ta’u fi Oromoon jiidha irraa dhaabatee mana ijaaru fi mallattummaa jiruun Oromoo jiidha akka ta’u hawwuu akka ta’e irraa hubachuun danda’ameera.Dabalataanis,gaaffii afaaniin gaafa guyyaa 18/7/2014 ragaa kennitoota obbo Sillaashii Saardoo fi Aaddee Hawwii Badhaadhaa irraa gaafa guyyaa 23/7/2014 ragaan argame akka adeessuuti “Coqorsi aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba jedhameet amanama.

Kunis,duudhaalee fi jiloota amaantaalee Oromoon gaggeeffatu garaagaraa keessatti Coqorsa mallattummaa adda addaa qabachuu bira darbee hawaasni Oromoo gaafa mana ijaaratu Utubaa manaa jala buufatu kun,aannan argachuuf jalqaba horiin marga dheeduu qabdi.Gosoota margaa keessaa immoon Coqorsii isaa tokko waan ta’eef dirreen Coqorsi margu kun immoon mallattummaa lafa gabbataa qaba jechuun ibsu.Oromoon duri xaa’oo nam-tolchee hin beeku.Sababni isa lafti coqorsaa lafa gabbataadha yoo qotatee oomisha gaarii akka argatu ibsu.Akkasumas,horiin Coqorsa dheedee dhoqqee buuftuun maasii isaa xaa’oomsun oomishee jiru gaarii fi fooyyee jirachuun hawaasaa Oromoo Walisoo biratti beekamaadha.Kanaafuu,akka hawaasa naannoo qorannoon kun gaggeeffameet dhugeeeffanaan jiru Coqorsi jiloota garaagaraa Oromoon gaggeeffatu keessatti mallattummaa olaanaa qaba.”jechuun addeessu.

Akka waraabii armaan olii irraatti ibsameen Oromoon gosoota margaa inni qabu keessaa Coqorsii dhimmoota aadaa,duudhaa fi amntii keessatti taajajila garaagaraattiif dhimmaa itti baha.Sirnoota aadaa kana keessaa ijaarsii manaa tokko waan ta'eef askeessattis mallattummaan inni qabu olaanaadha jechuudha.Haalumaa kanaan,lafa Coqorsii hin jireet loon fi oomishinni hin jiru.Lafa loonii fi Oomishinni hin jireet immoon jireenyi mijataa hin tahu.Waan kana ta'eef, hawaasichi duudhaa adeemsifatu keessatti mallattummaa Coqorsaatiif kabaja guddaa qaba,ni jaalatas.Akkasumas,Oromoon loon isaa ni kunuunsa;nifaarfatas.Loowwan isaatis kunuunfachuun bu'aawwan isaanii ni fayyadama.Bu'aawwan loon irraa argaman keessaa immoo aannan isaa angaafatti**.**Akka ragaa kennitoon armaan olii gaaffii afaaniin mana dhunfaa dhunfaa isaanitti taasifame irratti ibsuuf yaalanitti aannan waan lamaaf utubaa jalaati naqamu isaa himu.Inni jalqaba aannan hoo'aan ykn mijuun yeroo hunda mallattummaa jiidhafi mallattummaa guutuutti waan ta'eef mallattummaa hawwii milkaa'inaatiif utubaa jalaati naqu jedhu.Oromoon jireenya isa keessatti waan qajeela fi waan guutuu hawwuu isaa irraa kan ka'ee utubaa manaa gaafa dhaabu mijuu jalatti gadi-naqee eebbiffatee utubaa dhaaba.Kunis immoon akkumma armaan dura ibsameen mallattummaa jiruun akka qajeeluu fi guutee jiratuu hawwuu dha.Gama biraatiin qabxiin inni lamata akka dhugeeffana hawaasa Oromoo naannoo qorannoo kana jiratuti yoo bakakkaan bu'e bakakkaadhan bakakkaa hin jedhamu.Waaqni nuti aararame jedhama.Kanaaf,mijuun yeroo Waaqni araaramu utubaa jala waan naamuuf mallattummaa araara qaba.kanaaf,mana irraa ittisa jedhamee amanama jedhu.Gama biraattiin,bu'aawwan loon irraa argaman keessaa dhadhaan, foonii fi dhoqqeen isaan tokko.Dhadhaa kana uummatichi nyaataaf qofa kan fayyadamu Osoo hin taanee;sirnoota kabajatu hedduu irratti ni muudata.

Fakkeenyaaf,yoo ajjeesee galu ni muudama;yommuu ayyaana kabajatu ni muudata;yommuu gaa'eela dhaabatuu fikkf.dhadhaan ni muudama.Kun immoon mallattummaa gootummaa,abbaa warraa ta'uufimallattummaa ayyaana kabaju qabachuu addeessu.Yeroo ayyanoota garaagaraa immoon loon qaluun foonii isaanii ni nyaatama ykn soorata namaa ta'a.Gurgurachuunis diinagdee isaa ni utubataa.Kanaafuu,akkaataa bu'aan qorannoo kun ibsuun kanneen armaan olitti bu'aan loonii irraa argamu jedhamee ibsame hundi bu'aa Coqorsa irraa dhufuu ta'uunfi mallattummaa adda addaa qabachuun hubatameera.

Waliigalatti,bu’aa qorannoo marii garee,gaaffii afaanii fi daawwannaa irraa argamee adeessuuti,ijaarsaa mana keessatti guyyaa utubaa dhaabanu wantoota uumamaa fi bu’aa loonii sababni dhimma itti bahamuuf,mallattummaa umurii isaanii guutuu jireenya jiidha qabu,mallattummaa badhaadhinnaa,mallattummaa sanyiiwwan midhaanii hammaaranii hin dhumne oomishanii,mallattummaa horii horanii dhadhaafi wkf. fayyadamanii,mallattummaa daa’ima horanii dhungatanii,mallattummaa biyyee gabbataa qotataani jireenya gaarii fi badhaadhinna qabu akka jiraatanitti waan fakkeeffamuuf.Akkasumas,utubaa manaa ta’uun mallattummaa itti gaafatamumaa cimaa kan of keessaa qabu,ba’aa mana sanaa gaariis taatu hamtu hunda baachuuf osoo afaaniin hin dubbannee waan hamaa kana nan baadha jechuun waadaa seenu akka ta’ee ibsu jechuudha.Utubaanis osoo hin dubbatiin waadaa hamaa kana seentee jirtii jechuudha.Kun immoo mallattummaa,abbaan qe’ee qee’ee isaa keessatti utubaa cimaa fi amanamaa ta’uun itti gaafatamuuma uumaa irraa argateen Waaqaa kadhatee utubaa jabaa ta’e akka eegu,akka horuu,akka guddisuu,akka laatuufi oobaasuu,maatii isaa jireenya badhaadhiinaa akka jirachisu qabu kan ibsu ergaa bal’aafi mallattummaa gadi fagoo akka qabu fi mana bifa geengoon ijaaruun fi utubaa manaa jalatti Coqorsa naquun mallattummaa jireenya dhala nama keessaatti sadarkaa marsaa tokko keessaa darbuun marsaa itti aanuutii ce’uun bilchinna horachuu fi jireenya guutummaa qabu jiraachuuf hawwii qabanitti kan fakkeeffamu ta’u bu’a qorannoo irraa hubatameera.



Suuraa 5: ijaarsaa mana cittaa aadaa daawwannaa hojii dirree irratti Coqorsa,garbuu, dhoqqee fi Aannan utubaa mana jala yeroo namu gaafa 20/9/2014 qoratadhan fuudhatame

## 4.3. SIRNA GUMAA FI COQORSA

### 4.3.1 SIRNA GUMAA SAGADUU FI COQORSA

Akka ragaa kennaan (abbaan gadaa Tasfaayee Tujjoo) ibsanitti,Sirni gumaa kan jalqabu gumaa sagaduu irraayyu.Sirna kana keessatti manguddoon yeroo gumaa Sagadaanu laga sadii Ceehaanii farda lugamaanii,daa’imma duudaa fi Coqorsa qabatanii jalqabaa Waaqni akka qabaneessuu ittiin Waaqaa kadhachuu fi eebbiffachuun guyyoota sagaliif sagaduu.Guyyoota saglaan kana keessatti laga jalqaba sagadaan guyyaa itti aannutis Coqorsa qabachuun Waaqaa kadhatanii isa itti aanuutti ceehuun gara warra maatiin jalaa du’eeti sagadaa itti dhiyaataa dhufuun hanga guyyaa armaan dura ibsameet Coqorsaan sagadu.Haala kanaan guyyoota kana erga xumuraaniin booda maatiin namni jalaa midhaamees jaarsooliidha dhimma isaa kennachuun akka aadaa fi duudhaa hawaasichaatiin sirna gumaatiin akka dubbatamu godha.Adeemsa kanaan erga sagadaanii xumuranii Coqorsaan eebbiffachuufi Waaqaa galateffachuun beellama itti aanuu qabatu.Kunis,Coqorsa qabatanii farda lugamuun mallattummaa sodaa,mallattummaa kabajaafi mallattummaa dhugaa warra jala namni miidhameef kennuu bakka bu’a jechuun ibsu.Beellamni itti aanu sirna warra gumaa walbiraa fidaaniifi walhimachisuuti.

### 4.3.2. SIRNA WARRA GUMAA WAL HIMAACHIISUU FI COQORSA

Akkuma ragaan daawwannaa irraa argame agarsiisutti,ajjeechaa obbo Imaanaa Dhugumaa Irkkoo irratti gumaa muruufi seera tumuuf manguddooni bahaan dursa Coqorsa qabatanii eebbisaan.Eebbi Coqorsa qabatanii eebbifatanu akka aadaa fi duudhaa hawaasa Oromoo Walisoo Liibanitti sirnooni garaagaraa gaggeeffamanu kamu eebbaan jalqabu.Sirna gumaa armaan olitti ibsame keessattis Coqorsi mallattummaa eebbaa qabachuu ibsuuf dhimma itti bahaanirruu.Akkumaa Coqorsaan eebbifamee xumurameen jaarsooliin garee warra gumaa lamaan irraa lukoo namoota tokko tokko akka filatan abbaan gadaa Coqorsa qabatee dhaabachuun ibse.Coqorsa qabachuun dhaabbachuun mallattummaa jaarsooliin bakka bu’a waaqaa ta’uu addeessuudha.Haalumaa kanaanerga lukoon bakka buufameen booda jaarsooliin lukoowwan sababa walitti bu’iinsa isaanii jaarsaatti akka himaatan taasisu.Jaarsooliin Walisoo lukoon warra nama jalaa ajjeefame sababa akkamittiin akka jalaa du’ee ykn ajjeefame akka dubbatu carraa yeroo kennanuuf Coqorsa qabatanii ta’aanii dhageeffatu.Sababni isaa immoon Coqorsi mallattummaa qabaneessuu qaba jechuun ibsu.Bifa kanaan rakkoo isaan giddu uumamee erga himaataniin booda jaarsooliin barbaachisummaa araaraa Coqorsa harkatti qabachuun

ibsoota adda addaa mallattummaa Coqorsaa addeessuun akka warri gumaa lamaan garaadhaan walitti dhufanii araaraman taasisaanirruu.Fknf;Warri walitti bu'aan Coqorsa mallattummaa guddaa qabu buqifatanii waan kadhataniif kabaja uumaafi uumamaa akka kennu qabani,uummanni Oromoo uumaa fi uumamaa qabatee alangaa fi Coqorsa qabatee Waaqaa sodaachuun teessoo Waaqaa irratti taa'uu,gumaa baasuun barbaachisaa ta'u ibsaanii dubbachuu isaanii fi Coqorsi mallattummaa sodaa waaqaa akka qabu ragaan yeroo daawwannaa argaame ni mul'isa.Dabalatanis,Coqorsi wantoota uumaa fi uumamaa keessaa tokko waan ta'eef sirnichii guutuu akka ta'u taasisa.

Akka yadaa jaarsoolii kanatti namni mana murtii jalaani baha jedhee waa sagal akka dubbatu fi bakki gumaan jiidhaan ykn Coqorsaan dubbatamu kun garuu mallattummaa ogdii Waaqaa waan ta'eef qaamni miidhamees haa ta'u inni miidhee ifa ta'ee waan jiru akka himaatu fi dhugaadhaan akkamoormaatu malee,yoo dhugaa maqsee inni guullii alangaa fi Coqorsa qabatee waaqa waame nama biraa kan hin hafnee ta'uufi innis jalaa kan hin bannee ta'u akeekkatanii miidhamtooni akka himaatan taasisan.Adeemsa kana keessatti Coqorsimallattummaa dhugaa fi mallattummaa abarsaa qabachuu addeessu.Kunis,hawaasni Oromoo kan waaqa sodaatu,kan aadaa fi duudhaa sodaatu,uumaafi uumamaa sodaatu,Coqorsaaf safuu kan qabu ta'u isa ibsuudhaaf jechoota kana akka fayyadaman ta'u ragaa kennitooni himaniiru.Akkaataa kanaan manguddoonii Coqorsa qabatanii warra gumaa lamaan araaraaf erga kakaasaniin booda lukoon warra nama ajjeefamee jaarsooliitti akka himaatu carraan kennamaaf.Yeroo Lukoon warra ajjeefamee dubbatus jaarsooliin Coqorsa harkatti qabachuun ta'aanii dhaggeeffatu.Erga lukoon warra jalaa namni du'ee himaataniin booda lukoon warra ajjeesee deebii kenna.Haalumaa kanaan lukoon warra ajjeesee deebii kennee warri guulaa fi abbaan gadaa Coqorsa qabachuun sirni gumaa muruun itti fufuu daawwannaa qoratan taasiseera hubatameera.

### 4.3.3. SIRNA GUMAA MURUU WALISOO LIIBANII FI COQORSA

Akka daawwannaa guyyaa armaan olii taasifamee irraa ragaan argame ibsutti,sirna gumaa muruu keessatti Coqorsi mallattummaa guddaa qaba.Kana jechuun manguddoon gumaa muraanu waaqni dhugaa akka isaanii dubbisuufi dhugaa itti mul'isu,manaa fi maatii isaaniitiif hammeenyaa fudhatanii akka hin galeef dura Coqorsa qabatanii waaqa ittiin kadhachuun gara sadarkaa gumaa muruuti darbu.Akkuma armaan dura ibsaameen Coqorsi sirna gumaa muruu

kana keessatti mallattummaa haqaa akka qabu mul'isa.Adeemsa kanaan Coqorsa qabatanii eerga Waaqa kadhatanii baasiiwwan warri namni jalaa du'ee sababa du'a raawwateen dhimmootagaraagaraattiif baasan tilmaamaa keessaa galchuun akaakuuwwan gumaa keessaa tokkooffaan,ajjeechaa akka tasaa raawwatama ykn waldhibdee battalumatti uumameen raawwatamudha.Lamaaffaan,ajjeechaa itti yaadamee,karoorfamee,dhaadatee,billaa fi waraana qaratee raawwatamudha."Jechuun manguddoon yeroo daawwannaa diree Coqorsa qabatanii gumaa muraa jiraan addeessanirruu.Kunis,Coqorsi mallattummaa kadhaafimallattummaa dhugaa baasu akka qabu ibsu. Haalumaa kanaan,Kanfaltiin qarshii gumaa akka hawaasa Oromoo Walisooti sadarkaa afur akka qabu ragaan yeroo daawwannaa argame ni agarsiisa.Isaanis,akka armaan gaditti tarreeffamanirru.

1 Kanfaltii gumaa sadarkaa tokkoffaa qarshii Kuma dhibba tokko fi kuma shantama

3 Kanfaltiin gumaa sadarkaa lamaffaa qarshii Kuma dhibba tokko fi kuma soddoma

4 Kanfaltiin gumaa sadarkaa sadaffaa qarshii kuma Kuma dhibba tokko fi kuma kudhan

5 Kanfaltiin gumaa sadarkaa arfaffaa qarshii kuma Kuma dhibba lama

Tumaan kun tumaa arfan Walisoo bahee tumeefi raawwiiwwan Saadarkaa gumaa kana raawwatanus manguddoon Coqorsa qabachuun kan raawwataniidha.Qabxii arfaffaa irratti qarshinni jiru kanfaltii gumaa ajjeechaa sukkaaneessaaf kan kanfalamuu fi addatti kan ilaalamu ta'u ragaan daawwannaa irraa argame ni mul'isa.

Gama biraatiin adeemsa gumaa muruu keessatti wantooni mul'atan,alangaa hiikanii marga jiidha irraa taa'anii Coqorsa buqqifatanii dura Waaqni murtii sirrii akka isaan dubbisu ittiin kadhaachuun mallattummaa haqa dubbachuuti.Kadhaa kadhaatan kana yoo ilaalu akkas jedhu,Waan dhugaa ati nu dubbisii,Turtiin kan keetii turti atii nuuf kenni,Kan du'ees nabsiin haa maruu,Walgaltee isiin haa kennu,walgalee isiiniin haa jedhu,Teessoon keessaanii,Amalleen kaawoon keessaanii jedhanii Coqorsa qabatanii kadhaatu.Erga kadhataaniin booda abbaan gadaa fi warri gulaa gumaan kuni,sadarkaan meeqaffaa akka itti kennamu qabu irratti marii gaggeessuun aadaa,duudhaa fi seera gumaa Oromoon Walisoo tume bu'uura godhachuun sadarkaa gumaa meeqaffaa akka ta'ee adda baasuun gumaa muruu.Akka (Abbaan gadaa Tasfaayee Tujjoo)tti "Sirna gumaa muruun uumaa waaqatti.Qubnii keenyaa shan,Odaan shan,Gadaan shan,Alangaan shan kana irraa kaasee Coqorsi kun mallattummaa waaqaati,

burcumni mallattummaa tiksee waaqaati,mallattummaa bakka bu'aa waaqaa qaba." Jechuun addeessu.

Akka yaadni manguddoota armaan olii addeessuuti gadaan shanan,ayyaantuu Coqorsaan yoo abaaares yoo eebbises mallattummaa dhageeti waaqaa bakka bu'a.Kanaafuu,sirna gumaatiin araaramanii dubbii yoo diigan dhaloonni yookiin abbaan gadaa abaaruun isaan balleessuu kan danda'u ta'uu waan beekaniif soda kanaaf akka isaan araara hin diigamne akka araaramaniif kan dhimma itti bahaniidha.Halangaan shan immoo mallatummaa/fakkoommii murtii hawaasaa bakka bu'a.Murtii hawaasaa jechuun kan namoonni waliin jireenya keessatti nama rakkoo uumuun adabbii kennamuun sirreeffamuu dide tokko mallatummaa angoo kan qabuufi dhimmoota hawaasummaa keessaa gareen hawaasaa walii galuun kan keessaa ittiin baasanidha.Coqorsiiuumaa fi uumamaa Waaqaa kan hawaasni Oromoo Walisoo jilaalee aadaa,amantaa fi duudhaalee hawaasa keessatti qabatee jilaatu ta'e mallattummaa jiidhinnaa,mallattummaa nagaa fi mallattummaa tasgabbii ittiin buusaniidha.Coqorsi,alangaa fi meeshaalee ulfoo kkf qabatee abbaan gadaa,abbaan bokkuu fi guulli waan waaqa itti kadhatee gumaa mureen yoo araaramuu baatee mallattummaa jireenya isa guutuu bal'aa garaagarattiif saxilamaa akka jiratuttu kan bakka bu'uu kan amanamu ta'uu daawwannaa taasifamu irraa hubachuun danda'ameera.

Akkatummaa kanaan sadarkaa gumaa armaan dura ibsameen mariiyyatanii sadarkaa kennu.Akkataa arfaan Walisoo tumaa tumee qabun sadarkaa 1ffaa,sadarkaa 2ffaa,sadarkaa 3ffaa ykn ajjeechaa sukkaaneessaa yoo ta'e isa sadarkaa 4ffaattiin haala adda ta'een Coqorsa qabatanii gumaa muru.Qoratani daawwannaa diree yeroo qorannoo taasisu haala argeen abbaan gadaa guulaa walinni ta'uun sadarkaa maatumaa isaanii qoratanii erga beekanii booda haala ajjeesaan itti ajjeese yeroo qulqulleefatan dogongorii uummame liqeefate ganuu,abbaan ilmaa ajjeesuun,mallattummaa safuu caabsuuti jechuun gumaa sadarkaa tokkoffaa erga muraniin booda yaadoota hariiroo giddu isaanii turee fi jibaa akka walirraa hin qabnee,walinni nagadaa akka turannifi firaa dhiigaa ta'u qulqulleeffatanii gumaa sadarkaa 1ffaa irraa gara gumaa sadarkaa 2ffatti gadii butanii qarshii 130,000(kuma dhibbaa tokko fi soddoma) murteessan.Murtiin kunis,armaan dura akkumma dhugaa nu dubbis jedhaanii Coqorsa qabataanii waaqa kadhatanitti dhugaa irraa akka hin maaqnee yaadichaa xiinxaluuf gadifageenyaan akka qorataan ragaan

daawwannaa irraa argame ni addeessa.Haala kanaan erga qorataaniin booda guyyaa gumaa muraan qarshii murteefamee keessaa mallaqaa qabaneessa jedhanii qarshii 30,000(kuma soddoma) yeroo kennaan dursa Coqorsa kennaanii qarshii kennamus jilbaa abbaa dhibbaa namni jalaa du’ee irratti Coqorsaa kaa’uun geessaanii kanfalanni.Itti aansuun guyyaa mallaqaa hafee warri gumaa baasanu fidaanii beellamachuun Coqorsa harkaati qabatanii jiraaniin eebbifachuun gumaa muruu guyyaa sana goolaban.Kun immoon mallattummaa qabaneessuufi mallattummaa eebba qaba jechuun ibsu.



Suura 6:Yeroo jiidha irraa taa’anii gumaa muraan gaafa guyyaa 8/9/2014 qoratan kaafame

### 4.3.4 ADEEMSAA RAAWWII SEERA GUMAA TUMUU FI COQORSA

Qorataan adeemsaa raawwii sirna seera gumaa ajjeechaan taasaa yeroo Coqorsa buqqifachuun raawwachaa ture daawwannaadhaan ragaa walitti qabateera.Gara seera gumaa tumuutti osoo hin seeniin dura adeemsii raawwii seera gumaa tumuu keessaa darbu qabu kan jiru ta’u isaa daawwannaa gaggeeffamee irraa hubachuun danda’ameera.Adeemsaa kana keessattis sirnichaaf meeshaaleen aadaa barbaachisaan jechuun alangee,Caccuu fi kkf akkasumas,wantoota uumaa fi uumamaa keessaa Coqorsii jirachuu isaa qulqulleeffachuun jalqabaan.Itti aansuunis,warri lukoo gara lamaan argamu isaaniis erga hubataaniin booda Coqorsa harkaatti qabataanii eebbaa jaarsooliin akkaataa angaafa qixxisuun eebbisuun jalqabsisaan.Sirna kana keessatti Coqorsi mallattummaa eebbaa qabachuun hubatameera. Sirna eebbaa booda lukoon gara lachuu qoobaatti bahanii bakka garaagaraa akka turaan taasisun mallattummaa harki xuraa’uu kan addeessuu ta’ee, akkaataa beellama gaafa bulti 8/9/2014ttiin guyyaa gumaa muraan warra nama ajjeeseen

mallaqaa tumaan taa'e kanfaltii sadarkaa 2ffaattiin murtaa'e qarshii 130,000(kuma dhibba tokkoofi sodoma) itti muraani hunda qopheeffachuufi fiidanii dhiyaachuu isaanii dabareedhan waamuun qulqulleeffatan.Kunis,mallattummaa haqaan deemu ibsa.Yeroo gaafiin mallaqaa kana qulqulleeffataniis Coqorsa qabatanii ta'aanii gaafatu.Lukeen warra nama ajjeesaan mallaqichaa dhiyeesu isaa addeesse.Adeemsa kana erga raawwataniin booda abbaan gadaa fi warri guulaa mallaqaa dhiyaate harkaa fuchuun gara warra namni jalaa ajjeefame waamanii bakka teessuuma isaanii irraa abbaan Gadaa ka'aanii Coqorsa qabatanii dhaabachuun warreen guulaafi jaarsoolliin dhimmaa kanaaf xiyyeeffannoo itti kennuun gara jaarsummaati fidaan galateeffachuun,akkumma aadaa fi duudhaa Oromootii,Oromoon kaleessaa kan olkeewwatee Coqorsa qabatee dhugaa barbaadu,kan harkii xuraa'ee dhiqu ta'u ibsuun,maatii warri jalaa miidhameen isiinis komii hin qabdaan,qulqullumaan nu dhuftaani,galgalli keessan haa qulqullaa'u,hamtuun isinii hin gahiin,erga jedhanni Coqorsa qabachuun eebbifatanii booda akka Arfaan Walisooti gumaa sadarkaa 2ffaa akka murteessan himaan.

Adeemsa kana keessatti Coqorsi mallattummaa galateeffanaa,mallattummaa dhugaa kennuun gammachisuufi jajjabeessuu isaaniitti addeessa.Mallaqaa kanfalamuu kana warra gumaa kanfalchifatuuf lukoon warra ajjeese yeroo kennaani Coqorsa walinni waan kennamuufi warri ajjeese Coqorsa ciratanii akka fidaan taasifamu.Itti fufuun qarshinni kanfalame kunis,akka duudhaa hawaasichati dursa Coqorsa kennanii sana booda mallaqichaa Coqorsa sanaa irraatti kaa'u.Mallaqaa kennamu kanaa Coqorsa irraa kaa'uun, mallattummaa nuf haa qabanaa'uu jedhu akka qabu ragaa kennitoon ibsaanirruu.Erga mallaqichaa kennaaniin booda Coqorsa harkaati qabachuun gadii jedhanii haadha warra,obbolaanii fi lukoo maatiin warra jalaa du'e akkasi jechuun dhifama gaafatanii dhungatu: Obboleettii koo,obboleessa koo,abbootii koo,beeka miti balaa taasatii Waaqaa jedha,Lafaa jedhaa,Alangaa jedhaa,Coqorsaa jedhaa,Bokkuu jedhaa,Guulaa jedhaa,duuubaa jedhaa,dhifaama naa godhaa.3x jechuun dhifaama gaafatu.Yeroo kana warri maatiin jalaa miidhame immoon Coqorsa harkaa fuchuun akkas jedhuun:

Balaa tasaatii waaqaa jennee,lafaa jennee,duudhaa jennee,bokkuu jennee,guulaa jennee,duubaa jennee,alangee jennee,Coqorsaa jennee,uumaa uumamaa jennee dhifama isinii gonne si'a sadii jedhu.Sababni si'a sadii jedhaniif waadaa isaan galaan cimsuudhaf.Kun immoon Coqorsi mallattummaa araaraa,mallattummaagadii ofbuusuu,mallattummaa balleessa qabachuu fi

mallattummaa waadaa jabaa hin diigamne qabachuu addeessa.Akkasumas,jechaa isaan armaan olitti jedhan kanas kan jechisisuu A/Gadaatii.Yeroo jecha armaan dura kana karaa lachuun jedhanu abbaan gadaa fi jaarsooliinis Coqorsa harkaatti qabatanii dhaabatanii waaqaayyoo haa dhisu,2x Waaqayyoo dabaa akkannaa hin fidinni,dhiigaa,dhaloota,kanummaan daarii isiniif haa ta'u,jechaa dhifama waaqa gaafata duutii lamata mana warra kanati akka hin seene Coqorsaan waaqa kadhatu.Warri dhifama gaafatanus lukoo isaanii hunda Coqorsa qabatanii dhifama gaafachuun waliidhisu.Erga dhifama taasisaanniin booda mallattoo dhisuu isaanii waliif ibsuufi warreen ajjeesaan Coqorsa kennaanii gateettii isaanii dhungaatu.Isaanii miidhaan irraa gahees bakkumaa taa'anii jiraani irraa osoo olii hin jedhinni Coqorsa harkaa fuudhanii gateettii walii walii isaanii waldhungaachuun araaraan xumuru.Haaluma kanaan,adeemsa raawwi gumaa keessatti Coqorsi mallattummaa eebbaa,mallattummaa Kadhaa waaqaatiif,mallattummaa araaraa ittiin buusuufi mallattummaa galateeffannaadhaaf hojii irraa oleera.



Suura7:Raawwii seeraa gumaa tumuu keessatti Coqorsaan yeroo araaraa raawwatanu qoratadhan kaafame

### 4.3.5 EEBBA

### 4.3.5.1 EEBBA GUMAA FI COQORSA

Adeemsaa armaan olitti ibsameen hundi isaanii erga walii dhiisaani booda sirni itti fufuu eebba gumaati.Eebba keessatti jaarsooliin ofkaltii gaafatanii Coqorsaa harkaatii qabaachuun araaraa bu'eef waaqa galateeffachaa akka armaan gaditti eebbiffatu.

**X** **Y**

Ee- Walisoo mana nagaatii baatee mana nagaatii gali------------------------------------------Aminni

Alii kee nagaa haa ta'u ---------------------------------------------------------------------------haa ta'u

Mani kee nagaa haa ta'u -------------------------------------------------------------------------haa ta'u

Kan baaneef kan sagadneef arganee waaqaayyoo galataa haa argatu----------------------haa argatu

Kan du'ee kan jennataa haa ta'u ---------------------------------------------------------------haa ta'u

Isaa jiru waaqni haa baasuu----------------------------------------------------------------------haa ta'u

Biyyii biyya nagaa haa ta'u-----------------------------------------------------------------------haa ta'u

Koowaalee ofkalee bobba'ee nagaan haa galu---------------------------------------------------haa galu

Ilaa gumaan kun warra kana irraa bahee, waaqni galata haa argatu------------------------haa argatu

Jarrii kun araaraa fidaanii uummadhaafi,duudhadhaaf fidaanii galataa haa argatu-------haa argatu

Araarrii araara Waaqaa haa ta'u-----------------------------------------------------------------haa ta'u

Inni wallolee nagaa kakaanii nagaa haa ta'u 2x-------------------------------------------------haa ta'u

Garaa fi Aannan haa ta'aan---------------------------------------------------------------------haa ta'aan

Dubbii kana walitti hin yaadatanii---------------------------------------------------------hin yaadatanii

Kan du'ee irra ijaadhu, isa jiru dubbadhu jedhanii, inni jiru nagaa haa argatu------------haa argatu

Inni du'e jennataa haa argatu-------------------------------------------------------------------haa argatu

Bokkuun bobba'ees galata haa argatu-----------------------------------------------------------haa argatu

Uummanni ganamaa galataa haa argatu--------------------------------------------------------haa argatu

Ani jedhee seera jechuun haala armaan olittiin Coqorsaan eebbisuun mallattummaa nagaafi araaraa kan ibsu ta'uu addeessuun warra dhaabatanii jiraani teesisanii gara seera tumaati cee'u.

(Maddi:Daawwannaa hojii diree yeroo raawwi seera gumaa muruu irraatti qoratan daawwatame)



Suura 8:Adeemsa raawwi seera gumaa tumuu keessatti yeroo Coqorsa qabatanii eebba eebbisaan qoratadhaan kaafame.

### 4.3.6 SEERA GUMAA TUMUU FI COQORSA

Akka ragaa kennitoota (Obbo Baay'isaa Alamaayyoo fi obbo Xiilahuun Waayessaa Ebla 19, 2014) mana dhuunfaa isaanii deemuun gaafannoo taasifamerraa ragaan argamee addeessutti,adeemsaa seeraa gumaa tumuu keessatti jaarsooliin Coqorsa qabatanii erga eebbisaanii booda sirni itti fufuu seeraa tumuudha.Seera tumuu kana keessatti dursa abbaan gadaa alangaa,ciraafi Coqorsa qabachuun barcuma luka sadii qabu irraa taa'a.Sababni abbaan gadaa barcuma kana irraa ta'uuf,alangaan mallattummaa angoo akka agarsiisu,barcumnni mallattummaa Waaqaa bakka bu'uu fi Coqorsii mallattummaa araara akka ta'e fi Coqorsi yeroo alangaan dhaabame seera ittiin tumuudhaaf akka faayadu manguddoota bakka seeri tumaamu biraa jiraan irraa hubachuun danda'ameera.Haala kanaan erga taa'aanii booda kan itti aanee dhufuu yeroo seerii tumamu warri guulaa Coqorsa qabatanii walitti garaagalanii jilbeeffatan lafa jiidha qabu irraa taa'udha.Jilbeeffachuun mallattummaa dhugaadhaaf moo'amuu ibsa jechuun addeessu.Yeroo kanaas carra abbaa gadaa irraa argatani faayadamuun warri guulaa dabaree dabareedhaan Coqorsa qabatanii jilbeefatanii alangaa harka isaaniirra jiruun lafa rukuchaa seera tumu.

Seeri guulaanii alangaa fi Coqorsaa qabatanii tumaamu kun alangaan gogaa gumaaroo irraa hojjetame baay’ee waan jabaatuuf mallattummaa akkumaa gogaa gumaaroo kanaa,seerii tumamus baay’ee kan jabaatu ta’u agarsiisa.Akka ragaan ragaa kennitoota irraa argamee addeessutti Coqorsi kenna uumamaa ittiin seera tumaani,ittiin namaa adabaniifi jiidha uumamaa jaarsooliin yeroo tumaa tumanu kan qabatamuudha.Kana malees abbootiin gadaa ni qabatu.Hawaasni Oromoos akka duudhaa hawaasaatii fudhatee jirata.Akkasumas,Coqorsi bakka alangaan hin jireeti alangaa bakka bu’uu waan danda’uuf mallattummaa angoo akka qabu hubatameera.Ciraan immoon meeshaa faacha fardaafi sibiila ykn mukarraa dhahamee hojjetamuufi seera gumaa tumu keessatti dhimma itti bahamuudha.Haalumaa kanaan meeshaalee ulfoo armaan olitti ibsamanii fi Coqorsa qabachuun seerii tumamuu seera jabaa waan ta’eef Coqorsi seeraa gumaa tumuu keessatti walitti hidhiinsa jabaa fi mallattummaa nageenya fi taasgabbi,mallattummaa angoo qabachuu isaa hubachuun danda’ameera.



Suura 9 : Yeroo tumaa tumaanu magaalaa Diilalaatti qoratadhan kaafame.

### 4.3.7 HARKA DHIQANNAA FI COQORSA

Harka dhiqannaan immoo sadarkaa sirna gumaa isa xumuraati.Sadarkaa kana keessatti yeroo namni lubbuu baase itti qulqullaa’uu fi sirni araaraa Coqorsa qabatanii warra gumaa gidduutti raawwatudha.Gara sirna harkaa dhiqannaa kanatii osoo hin deeminni duraa abbaan gadaa fi warri

guulaa lukeen gara lachuu waan barbachisa ta’e guutachuu isanii Coqorsa harkaatti qabatanii ta’uun qulqulleeffatu.Erga qulqulleefatanii booda jaarsooliin Coqorsa qabachuun eebbifachuu fi kadhaa waaqaatiin jalqabu.Gama biraattiin guyyaa harka dhiqannaa karaa warra gumaa lamaanuu wantoonni qophaa’an akka jiran ragaan daawwannaa irra argame ni mul’isa.Akka ragaan daawwannaa irraa argame agarsiisutti gara waantoota nyaataafi dhugaatiidhaf qopha’aanii osoo hin deeminni duraa,namni nama ajjeese harki xura’ee sun hoolaan mixxii qalee bakka lafa rakko namni hin geenyeetti gata.Hoolaa mixxi qaluun mallattummaa cubbuu ofirraa baasuu akka ta’e raga kennitoon ibsu.Erga hoolaan mixxi qalamee abbaan gadaa fi guullii Coqorsa harkaati qabachuun gara qalma hoolaa araaraati dhufu.Hoolaan araaraa qalamu kunis,mallattummaa nageenyaa,jalaalaa fi qulqulluummaatti.Hoolaan araaraa erga qalame booda gara harka dhiqannaatti deemu.Guyyaa kana harkii kan dhiqatamu bishaan horaan.Haaluma kanaan dura warri gulaa namicha namaa ajjeese bishaan horaa waraabbameen haraka dhiqachisu.Itti aansuunis,warri guulaa warra namni jalaa du’ees harka dhiqachisu.Kun yeroo raawwatamu warra guulaafi abbaa gadaatiin Caaccuun qabatame,Coqorsii qabatamee,Alangaan qabatamee raawwatama.Sababni dabareen harkaa akka waldhiqachisaaniif mallattummaa warri namni jalaa du’ee dhisuufi araaraa busuu isaani ibsuu ta’uu addeessuufi warri ajjeese immoon mallattummaa namaatti,lammii fi firraa isaatti makkamu isaa kan agarsiisudha jechuun ibsu.Sirni harka dhiqannaa kun akkumma raawwatameen jaarsooliin biyya,warri guulaa alangee fi Coqorsa qabachuun araaraa bu’eef uumaa galateeffachuun lafa jiidha qabu irra taa’uun uumaa fi uummama harkati qabachuun eebbisanii tumaa tumuun sirnichaa raawwatu.Sirna kana keessatti Coqorsi mallattummaa galateeffannaa,mallattummaa eebbaafi abaarsaa qabachuudha addeessu.



Suura 10:Guyyaa harka dhiqannaa yeroo seeraa tumaanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame

## 4.4 MALLATUMMAA COQORSAA SIRNA IRREECHAA KEESSATTI

Akka madden ragaa kennitoota irraa ragaan gaafa guyyaa 10/8/2014 ganda Diree Dullatti irraa argame addeessuuti jiloota beekamaa Oromoon Coqorsa cirachuun gaggeefatuu keessaa tokko Irreecha.Irreechi ayyaanna Oromoo mallattummaa Waaqa kadhannaa, mallattummaa falannaafi mallattummaa galateeffaannaa qaban jechuun ibsu.Ayyaanni kun waggaa tokko keessatti wantoota uumaa fi uumamaa jiidhinna qaban keessaa Coqorsaa qabachuun al-lama kabajama.Kunis,ji’a birraa fi Arfaasaati.Irreechi birraa yeroo ganni xumuramee seena baatii birraa ykn giddugala ji’a Fulbaanaa keessatti Uummanni Oromoo waliigalaa fi hawaasni Oromoo Walisoo Coqorsa buqqifatee kan irreefaatu ta’u ragaa kennitoon addeessu.

Akka ragaa kennaan (obbo Biqilaa Caalaa) ibsanitti,Irreechi birraa mallattummaa gurguddoo lama qaba.Inni tokko waaqa bacaqii ganna,rooba ulfaaataa fi dukkana hulluuqsisee namaa fi horii nagaan ceesisee ifa biratti baasee Coqorsaa harkaati qabatanii mallattummaa uumaa galateeffataniidha.Inni biroo ammoo,mallattummaa imaanaa waaqa irrra bulfachuutti.Mallattummaa hawwii gara fuula duratti qabaniifis waaqa kadhataniidha.Yeroon kun,yeroo akaakuun midhaanii bilchaachuu irra jiranidha.Kanaafuu,abaaboo midhaanii ijaan argan akka nagaadhaan isaaniif laatu,ija hamtuu irraa akka eeguuf kadhatu.Sirni kadhanaa kunis,kan raawwatamuu Coqorsaan.Raawwii kana keessatti Coqorsa harkaati qabatanii “kan darbeef galata;kan dhufuuf situ beeka,”jedhanii kadhatu.Kanaaf Oromoonni malkaa gamaa fi gamanaa walitti bahanii Coqorsaa qabatanii ‘’Mareewoo ……Mareewoo….’’jechaa waaqa kadhachaa,faarfachaa,galateeffachaa gara Malkaa deemu.Jechii mareewoo jedhu" mallattummaa nagaadhaan waggaan maree Dhufuu isaa kan agarsiisu akka ta’e fi Coqorsi askeessatti mallattummaa nageenyaa,mallattummaa kadha waaqaa fi imaanaa gara fuula duraa waaqaatti kennachuu kan qabu ta’u ragaa kennitoonii addeessu.

Erga gara malkaa deemanii abbaan gadaa Coqorsaan eebbisa.Eebba abbaa gadaa fi hangafootaan godhamu booda hawaasni Oromoo sirna Irreechaa kana irratti hirmaatani jiidha/Coqorsaa fi abaaboo birraa qabataniin bishaan tuqanii waaqa galateeffachaa irreeffattu.Bishaan mallattummaa qabbanaa waan ta’eef yoo dhugaani nama qabbaneessa,mallattummaa qulqulliinaatti yoo dhiqatan nama qulqulleessa.Waaqayyos mallattummaa qabbanaafi qulqullina qaba jechuuf Coqorsaa qabatanii gara lagaa deemuun waaqa booruu gannaa keessaa nu baastee

booqaa birraan nu geesse ulfaadhu galatoomi jedhee galateeffata.Midhaan biqile miidhaksee daraarse fuulduraaf firii isaanii akka isaanii laatuuf waaqa ittiin kadhatu.Kunis,mallattummaa kadha waaqa fi mallattummaa galateeffachuutti.Waan daraaraa kana firii itti nuu gochuu dandeessuuf si galateeffanna,firiisaas akka argannuuf nagaafi fayyaa nuuf kenni jechuun kadhatu.Birraan abdii quufaati waan jedhamuuf mallattummaa quufaa illeen qabachuudha addeessu.Waktii birra kaana irreessa coqorsaa fi daraaraa keelloo kan qabataniif waaqayyoon galateeffachuu akka ta'eefi maqaan irreessaa mallattummaa kanneen irraa akka dhufe ibsu.Akkasumas,mallattummaan kadhaa kaanas waaqayyoo akka rooba,nagaa fi dhala ykn sanyii isaanii baayyisuu fi firii argatan qabachuu addeessa.Gama biraatiin akkumma Irreechaa birraa Irreechi Arfaasaas Coqorsaan kabajamaa.Irreechi arfaasaa yeroo bonni dabree waqtiin ganna seenuuf ga'u hawaasni Oromoo Walisoo gamtaan Tulluutti ba'ee Coqorsaa qabatee Waaqaa kadhata.

Akka daawwannoo gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qoratan hubachuu danda'eet,Irreechi arfaasaa kaayyoo lamaaf kabajamaa.Kunis,inni tokko,waaqa awwaara bonaa jalaa nagaan nama baase Coqorsa qabachuun galateeffachuudha.Inni biroon ammoo,dukkana ganna itti deemaa jiran jalaa nagaan akka nama baasu Coqorsa ciratanii waaqa kadhachuun waaqa irratti imaanaa kaayyachuudha.SirniIrreechi Tulluu Kunis,yeroo ji'inni bonaa darbee,arfaasaan seenu,bokkaan nagaan akka roobu,kan facaasan akka biqilu,kan biqile latee akka dagaaguu fi firii gaarii akka horatu,bineensa gara garaa irraa akka hoofkalu fi akka qabbana isaaniif buusuuf horii gurrachaa aarsaaf qaluun tulluufi malkaatti ba'anii Coqorsaa qabatanii Waaqa kadhatanii Irreeffataniidha.Tulluun mallattummaa ulfinaafi guddina Waaqaaf uummanniOromoo qabu ibsa.Haroon namni dhugu immoon tulluu jalaa burqu isaatiin mallattummaa waan qulqulluu bakka bu'a jechuun raga kennitoon addeessu.Akkuma armaan olitti ibsameen hawaasni Oromoo bakka ulfinaa fi guddina waaqa ibsutti olbahuun wanta qulqulluun burqu kanatii aarsaa qaluun irreeffata.Aarsaa qaluu jechuun iddooleewwan waaqeffannaa kanneen akka malkaa,tulluu fi k.k.f tti horii qalanii waaqa kadhachuu akka ta'e bu'aa qorannoo irraa hubachuun danda'ameera.Sababni horiin guraachi qalamuufi immoon mallattummaa fuldurii roobaa ykn dukkana guraacha ta'u ibsuufi hawwii roobni roobee nama,bineeladootaa,uumama hunda,nyaata biqilootaafi marga akka biqilchu dha.Haalumaa kanaan horii guraacha bakka irreechatii qalamu kanas kan qalu akka aadaa fi

duudhaa hawaasichati angaafummaa kan qabu ta’u isaa marii manguddoota gaafa guyyaa 10/8/2014 ganda armaan dura ibsame keessatti gaggeeffameera hubatameera.

Akka gaaffii afaaniifi marii garee irraa yaadni argame addeessutti,“Guyyaa Ayyaanna galateeffaannaa kanati hawaasni Oromoo Walisoo waloodhaan ykn yaada tokkoon wayaa aadaan faayamanii Coqorsaa jiidhaa,bokkuu fi siinqee harkatti qabachuun kabaju.Wayaan aadaa Oromoo fi Coqorsi mallattummaa nageenyaa,mallattummaa gammachuu fi mallattummaa tokkumaa hawaasichaatti addeessa.Yeroo tulluuti bahaanus haa ta’u yeroo malkaa bu’aanu,haati siinqee,siinqee qabatte,caaccuu naqattee Coqorsa harkaatii qabachuun faarfachaa dura deemu.Abbaan Gadaa Coqorsaafi bokkuu qabatee,shamarraniifi dargaggoonnis Coqorsa ciratanii dhiichisaa adeemu.Hawaasni Oromoo Walisoo Liiban Irreecha meeshaalee aadaa armaan dura ibsamanii fi wantoota uumamaa waaqni uumme keessaa Coqorsa qabatanii ulfinnaa kennaa bakkeewwan waaqaaf murta’aan fi haariiroo waaqa waliin qabu jedhamaan tulluuti olbahuun,gara haroo uumamaatii gadii bu’uun akkasumas muka odaa jalattti “Waaqa nu uumetti amannaa, uumamaan Waaqa kadhanna” jechuun Waaqaa hunda danda’u kabajuun kadhatu. Uumamnii kan akka Coqorsaa immoon kennaa addaa waaqni dhala namatiif kenne dha.Kanaafuu,Coqorsi mallattummaa akka seera uumamaatii safuu eeguu fi mallattummaa uumamaaf kabaja guddaa qabachuu keenya ibsa jechuun ragaa kennitoon addeessuu.

Dabalatanis,akka yaada bu’aa qorannoo armaan olii irraa hubachuun danda’ameet,Oromoon gaafa waaqa kadhachuuf jedhu guyyaa ayyaana Irreechaa kana hawaasni Oromoo Walisoo Liiban meeshaalee ulffoo aadaa kanneen armaan dura ibsamaaniifi uffannaa aadaatiin faayamee daraaraa keelloofi Coqorsaa akka mallattummaa kennaa galataatti qabatee bakka irreeffannaaf murtaa’e sanatti bahee Irreeffata.Bakkeewwan irreeffannaa immoon malkaa fi tulluudha. Halumaa kanaan waqti arfaasaa yoo ta’e tulluu ba’anii yeroo birraa ta’e immoo laga bu’anii Coqorsaafi abaaboo si’a sadii lafaan fi bishaaniin tuqanii dhungatanii gateettiibitaafii mirgaatti tuksiisanii muka jala bakka tokko kaa’uunakkas jechuun kadhatu.Kunis,yaa Waaqa lafa kana uumtee,nuun irratti nu uumtee,Waaqa Coqorsaa kana magarsitee mallatummaa nagaa,araaraa fi safuu guddaa akka qabu taasiftee,biqiltoota kana daraarsii, firii isaanii nu soori jechuun waaqa galateeffata kadhatu.Coqorsa muka jala bakka tokkotti kaa’uun mallattummaa kabaja Coqorsaaf qabanaddeessu akka ta’e ibsu.Haalumaa kanaan Coqorsii mallattummaa,waan qulqulluu fi

lubbuu akka qabu,Coqorsii mallattummaa kenna Waaqayyon gatii tokko malee wantoota kenname keessa tokko akka ta’eefi Coqorsi mallattummaa kabaja akka qabuaddeessu.Waan kana ta’eef hawaasni Oromoo naannoo qorannoon kun gaggeeffame jiru akkumaa uummata Oromoo biroo Coqorsa harkatti qabatee irreeffaata.Coqorsi mallattummaa irreeffannaatti.Bakkeewwan irreefannaa Ummata Oromoo,bakka ulfaa gara tulluuwwan bahun,malkaa ykn haroo lubbuu namaafi kennuu bu’uun,bakka mukkeen gurguddaa jala fudhaan deemuun waloodhaan qalmaa horii guraacha gaggeessaanii Coqorsaa buqqifatanii uumaa isaanii ittiin kadhachuufi,ittiin galateeffachuun kan raawwatamu ta’u yaada ragaa kennitoota irraa hubachuun danda’ameera.

Walumaagalatti,Irreechi sirna Oromoon Coqorsaan uumaa isaa ittiin galateeffatuufi kadhatudha. Sirna irreecha birraa fi arfaasaa adeemsifamu kana keessattis kan qooda fudhaattanii fi hirmaatan immoo abbooti gadaa,haadha siinqee,hordoftoonii amantaa waaqeffannnaafi fooleen addadurummaan kan qooda fudhattaan yoo ta’u,dargaggoonii,shamarraan Oromoo fi sabafi sablammoon garaagaraa yoomessaa sirnichii gaggeeffamu keessatti Coqorsaa qabatanii hirmaanaa ho’aan kan hirmaatanu ta’uu ragaan daawwannoo irraa argame ni ibsa.Kanaafuu,sirna irreecha keessattii Coqorsii wantoota kenna waaqayyoon bilisaan dhala namaatiif heddu kennee keessaa tokko ta’ee,Coqorsi hawaasa Oromoo walisoo biraatti mallattummaa galateeffana,mallattummaaaraaraa,mallattummaanageenyaa,mallattummaakadhannaa,mallattum maaaangessuuyknguddummaaWaaqaa,mallatummaa,hormaataafimallattummaa,badhaadhinna,m allattummaa jabinaa agarsiisaan qabu.Dabalataaniis,tulluun immoon mallattummaa bonaafi qobummaa agarsiisaan qabachuu isaa bu’aan qorannoo armaan olii addeesseera.



Suuraa 11: Qalma horii irreecha arfaasaa hora tulluu Ayyeetuu Walisoo gaafa guyyaa 9/8/2014 qoratadhaan kaafame

## 4.5. ATEETEE FI COQORSA

Marii garee gaafa guyyaa 20/9/2014 irraa ragaan sassabame akka ibsuti sirni ateeteeayyaanneffannaawwan mallattummaa Coqorsaa ibsaniif naannichatti Oromoon gaggeeffataa ture keessaa isa tokko.Ateeteen yeroo isaa eegee waggaa lama lamaan si’a tokko dubartooni Coqorsaa buqqifattee kabajji.Sirni kun sirna waqti birraa moora horii keessaa fi mana keessatti,Waqti bona haati ijoollee ishee eebbifachuuf oyyruu irratti,ganaa immoon hidda(shaashii) mataa qotiyyootti maruun Coqorsaan mallattummaa eebba qotiyyoo qabachuu ibsuufi eebbisuuf kan gaggeeffamu ta’u qorannoon qoraatan marii garee gaggeesse irraa ragaan argame ni ibsa.

Gama birattiin akka marii garee irraa ragaan argame ibsutti, raawwiiwwan garaagaraa sirna ateetee keessatti raawwatamaanuufi Coqorsaa walinni walitti hidhiinsa qaban jiru.Raawwiiwwan kana keessaa muraasni sirna qophii wantoota ayyaanichaaf barbachisaan qopheessuu,sirna eebbaa fi facaafannaati.Coqorsii sirnoota kana walinnis walitti hidhiinsaafi mallattummaa guddaa qaba.Kana jechuun sirna ateetee keessatti hojiiwwan jiraan yeroo raawwattanu akka barbaachisummaa hojiichatiin Coqorsa dhimma itti bahu.Coqorsi dhimmi ittiin bahamu kun immoon mallattummaa garaagaraa qaba.Akka ragaan ragaa kennitoota biraa argamee addeessutti,raawwiiwwan sirna ateetee keessatti faayidaan Coqorsaa inni guddaan walitti hidhiinsa meeshaalee aadaa kanneen biroo wajjin jechuun,qorxii;caaccuu;okolee fi kkf walinni sirnichii guutuu akka ta’u gochuu akka ta’e ibsu.Kana jechuun raawwiiwwan sirna ateetee hawaasni Oromoo Walisoo Liiban gaggeeffatu kana keessatti Coqorsii yoo hin jiraane sirni gaggeeffame sun akka guutuu ta’eeti kan hin lakkaa’amne ta’u ragaan qorannoo irraa argame ni addeessa.Gama biraattiin,dubartooni Oromoo naannoo qorannoon kun gaggeeffame jiranu yeroo ateetee bulfatan,yoo caaccuun dhaabame Coqorsa qorxii keessaa kaa’uun ateetee bulfati kana jechuun Coqorsi mallattummaa safuufi kabaja guddaa qaba jechuun ragaa kennitoon addeessu.

Haalumaa armaan dura ibsame kanaan sirna ateetee keessatti Coqorsii yeroo nyaataa malee sirna raawwatamu hunda keessaa kan hin hafne ta’uu isaa ragaa kennitooni ibsanirruu.Akkasumas,Sirni ateetee sirna ayyaanneefannaa dubartoota waan ta’eef,sirna kana irratti qooda kan fuudhaattaniifi kan hirmaattanii,haadha ateetee bulfaatu,abbaa manaa haadha ateetee,dubartoota,manguddooni eebbisaan adda durumaadhaan kan hirmaatanu ta’uu

ibsu.Dabalatanis,sirna ateetee keessatti Coqorsa sirnicha raawwachuuf barbaachiisu buqqifachuun kan qopheessuu fi dhiyeessu dubartii qofa ta'uun garaagarumaa guddaa dhiiroota walinni akka qaban marii garee gaafa guyyaa 10/9/2014 gaaffii qorataadhan dhiyaatee (obbo Nugusee Gaanaa) addeessanirruu.Akka (Aadde Kitaabee Waaqummaa)ibsitteeti immoon Sirni Coqorsaan facaafatamu kun,mallattummaa dhala argachuu qaba.Gama biraattiinis,dubartiin Oromoo Coqorsa qabattee,hormaani sa'aafi namaa akka qajeelu sa'aa walii eebbifachuu qofaan kan xumuramu osoo hin ta'iin,yeroo dhibee,yeroo carraan hin taane yoo nama quunnamu,midhaan akka tolu,dubartiin ilmoo dhabde akka argattu,dubartiin daa'ima argatte waaqa galateeffachuuf Coqorsaan facaafatama.Akka yaada armaan dura ibsameen Coqorsi mallattummaa hormaataa sa'aafi namaa qajeeluu,mallattummaa eebbaafimallattummaa kadha waaqaa,akkasumas,mallattummaasanyiin faca'e akka biqilu,kan biqile bubbee fi cabbiin akka hin mancaanee,mallattummaa araarrii fi nagaan akka bu'u,mallattummaa jiruu fuulduraa milkeessuufi fiixaan baasuufi kkf kan ofkeessaa qabu ta'e yeroo qofummaas Coqorsaan ayyaannaa kadhatamudha.Dabalatanis,sirna kana keessatti dubartooni marqaa nyaataan Coqorsaan walii eebbisuu,dhirrii immoon guubaa Masqalaa birrattii fi kkf irratti Coqorsa qabata,jedhuun ibsu.Kanaafuu jiloota Oromoon gaggeeffatu keessatti jilli dubartooni qofti Coqorsa qabattu sirni ateetee jirachuufi Coqorsi immoon mallattummaa adda addaa qabachuu isaa ragaa kennaa irraa hubachuun danda'ameera.

Akkuma armaan olitti ibsameen raawwiiwwan dhimmoota armaan olitti ibsamaan raawwachuuf sirna qophii wantoota ayyaanichaaf barbachisaan qopheessuun murteessaa akka ta'ee ragaa kennitoonii himu.Raawwiiwwan kana keessatti wantoota ramadaman kana keessaa tokko okoleetti bishaan waraabuudha.Akka (Aadde Gaaddisee Kitaabaagaafa guyyaa (08/08/2014) gaaffii afaaniiirratti ibsitteeni,yeroo sirna ateetee dubartiin ateetee bulfattuu okolee,siiqqee fi waddeessaa qabattee,caaccuu gateettiirrabuufattee dubartoota keessaa ishee facaafatuufi sirna ateetee bulfannaa sana qajeelchitu wajjin sirnichii raawwatamu yeroo Coqorsii argamu keessaa yoo ta'e,Coqorsa buqqifattee,Sirnichii raawwatamu immoon yeroo bonaa yoo ta'e Coqorsii akka salphatti waan hin argmneef bakka itti argamu dhaquun barbaadanii buqqifachuun qabattee gara malkaatti buutti.Coqorsi mallattummaa waan hiratee guutuu waan qabuuf Coqorsa buqqifatan fudhaatanii malkaa buu'aanii okoleetti bishaan waraabanii,borodoo qarree lagaarraa quncisanii deebi'u.Borodoon gosa mukati.Baali isaas yoo dhadhaati naqanii akka urga'u ragaa kennaan

ibsa.Haala kanaanmalkaa irraa bishaan erga waraabanii qe'ee gaafa ga'anis Coqorsa,borodoo qarree lagaarraa quncisaan ykn baala mi'eessaa,qunnii fi masarata bakka qorxii fi sabaroon jiru borootti,irreeffatu.Coqorsi sirna ateetee kana keessatti mallattummaa irreeffana qaba.Achiin booda sirna ateetee kana keessatti marqaan qophaa'uun beekamaadha waan ta'eef marqaa qopheessuu jalqabu.Hojiin marqaa qoheessu kan jalqabu dubartiin dhufttee midhan ateetee jilbeeffattee dakuudhan.Yeroo dakuu kana daktuu dhakaa lama as fi achiin dhaabanii gara lachuttiin dubartooni lama yeroo dakaani si'a afuri Coqorsa qabatanii ilillichanii dakuu.Coqorsi sirna kana keessatti mallattummaa galateeffannaatiif yeroo dhimma itti bahamu mul'ata.Sababni Coqorsa qabatanii ilillichanii dakanuuf,midhaan Waaqa lafaa biqilchee kennee fi Waaqa guyyaa ateeteedhaan gahe galateeffachuuf akka ta'e ragaa kennitoonii ibsu.Haala kanaan midhaan garanaa daakamuus garaasii daakamuus bakkuma tokko dhufa.Adeemsa kanaan dubartoonis qophii nyaataa yoo godhanu dhiiroon immoon jabaa muruu fi dallaa horii ijaaruun kan deegaraanu ta'uu ragaa kennitooni addeessu.Kun,mallattummaa waldeeggaruu akka ta'ee raga kennitooni addeessu.

Qabxiin itti aanuufi Coqorsaan kan walqabatus jabaa muruudha.Jabaa muruun kun raawwi mataa isaa qaba.Kunis, abbaan warra dursa farsoo Oromoo fi Coqorsaan eebbifameet jabaa muruudhaaf caaccuu,Coqorsaa fi dhaabata fudhatee deemuun jabaan sun muraamee dhufa.Jabaan kun muka laaftooti.Jabaa kaana erga fidaanii boolla iddoo itti marqaan marqamu qopheessuu fi dallaa horii ittiin ijaaru.Akka ragaa kennitoota irraa ragaan argame ifoomsuuti yeroo jabaa muruuf deemanu sababni Coqorsa qabataniif balaa tasaa sibila irraa dhufu waaqayyoon akka jalaa olchu ittiin Waaqaa kadhachuudhaaf akka ta'ee ragaa kennitoon ibsanirruu.Adeemsa raawwii kana keessatti Coqorsi mallattummaa kadha waaqaa qabachuu addeessu.Erga mukaa muraanii fidaanii boolla qotanii qopheessaniin booda Gaazuwwee isaatiifis,mukuma laaftoo muranii fidan kanaan itti dhimma bahuun mooraa horii walakkadha dhaabun okotee marqaan marqamu kana akka irraa dhaabanu ibsu.Akkaataa kanaan erga jabaa kana dhaabaniin booda okotee marqaa itti tolchan tokko as tokkos achi dhaabanii sana booda mukaa jabaa kana irratti kaa'uun dubartooni daaku jalqaba qophaa'ee ture sanaan marqaa itti tolchu.Yeroo dubartooni garbuu ateetee daakun qopheessan fi dhiiroon jabaa qopheessan facaaftuun immoo,sunqoo dhadhaa ateetee ittiin baqsitu akkooftee qopheessiti.Sana booda,facaaftuun miidhan daakame irraa fuchuun marqaa jifuu marqitee qorxiitti guuttee boroo dhaabdi.Marqicha Qorxiitti guuttee walakkaa addaan saaqxee

itittuu itti guuttee qadaaddi.Kunis mallattummaa waan hundaan guutuu ta'uu ibsa.Itti ansuun galgala sana dubartooni walitti yaa'anii daaku garbuu qophaa'een Okooteetti marqaa marqu.Akka ragaan qorannoo irraa argame ibsuti immoon garbuun lafa Coqorsa qabu qotanii yoo facaasaani Oomishaa gaarii argachuun akka danda'amu ibsu. Sababni lafa Coqorsa qabuti facaa'uuf lafti Coqorsa qabu mallattummaa gabbinnaa qaba jedhame waan amanamuuf jechuun ibsu.

Marqaan armaan dura ibsame kan nyaatamu itittuudhaan.Itittuun kunis,dura ni kuufama.Itittuu guyyaa kudha shaniif ykn torbe lamaaf aannanii elmanii elmanii itti naquun kuusu.Qophii aannanii keessattis Saawwanii irraa aannanii gaarii argachuuf dursa loonii lafa Coqorsaa barbadaanii sooru waan ta'eef,Coqorsii mallattummaa guddaa qaba.Gama birattiin aannaan ateetee hanga gaafa ateeteen baatutti namaafis hin kennanu,hin gurguramu,baqfamees kan hin nyaatamne ta'u ragaa kennitooni ibsu.Haaluma kanaan erga marqaa marqanii wanti qophaa'u hundi qophaa'een booda Coqorsaan ittiin Waaqaa kadhatu ittiin eebbifatu jechuun ibsanirruu.Kanaafuu,Coqorsi mallattummaa kadhaafi mallattummaa eebbaa qabachuu addeessu.

### 4.5.1 EEBBA ATEETEE FI COQORSA SIRNA FACAAFANNAA KEESSATTI

Akka ragaa kennitoota irraa ragaan argame addeessutti eebbiifi kadhaan ateetee hawaasa Oromoo biratti eebbifatamuufi kadhaatamu akkaataa waqti sirnichii raawwatamuu sanan erga garaagaraa dabarsuufi qabaachuu danda'a.Akka hawaasa Oromoo Walisooti yeroo sirna facaafannaa Coqorsa qabachuun,eebbifatu,kadhaatus,"yaa ateetee namaa hormaata ta'i,Sa'aa hormaata ta'i,moraa nurraa kadhu,tole,lubbuu nu dheeressi;Fayyaa fi nagaa nu kenni;ijoollee koo wajjin nagaan na jiraachisi;ateetee ateetee nagaa nuu taasisi;tolii,nutolchis"jettee kadhachuun Coqorsa dhadhaa baqsaati cuuphun horii yeroo afur rukkuttee facaafatti.Ittaansuunis,akka angafaa-quxisuuttis Coqorsaan ijoolleeshiitti facaafatti;warra durbaa Coqorsaan morma jala iddoo lubbuu tuqsiifti,ijoollee dhiira immoo Coqorsaan addasaanii tuqsiifti;ijoollee dhiiraa akkas jettee eebbisti:"Adda goota baasi!Addikee adda leencaa haa ta'u!Addikee biiftuu ta'ee addunyaatti haa ifu!" jettee Coqorsaan eebbifatti.Kunis,mallattummaa gootumaa qabachu ibsu.Ijoollee durbaas akkana jettee eebbisti."Hori! Lubbuu dheeradhu! Garaan kee deessuu haa ta'u; Bultii gaarii argadhu! ateetee warra kee bulfadhu!" jechuun Coqorsaan eebbifatti.Haala kaanan eebbiffachuun mallattummaa hormaataa fi mallattummaa hawwii lubbuun turu

addeessa.Achiin booda warra Ateetee facaafatan hundaaf ofirraa kaaftee Coqorsaa fi Ulmaayii ittiin facaafatte hirtee waliin geessi.Coqorsa dubartiif ulmaayii immoo dhiiraaf kennitti.Coqorsichas mataashitti suuqqatti.Kana jechuun mallattummaa ateetee facaafachuu akka ta'ees ragaan ragaa kennitoota irraa argame ni addeessa.Haa ta'uu malee,akka ragaa ragaa kennitoota irraa argame ibsutti,sirni kun yeroo durii hawaasni Oromoo naannoo qorannoo kana jiru dhimma itti bahaa ture kun yeroo amma sababa dhiibaa amaantaalee birootiin badaa jirachuus ni ibsu.Haala kanaan erga eebbisanii marqaa sana nyaatu jechuun ibsu.

Walumagaalatti,akka ragaaleen qorannoo addeessanitti sirni ateetee wanta uumaa fi uumamaa walinni hariiroo cimaa qaba.Ayyaaneffannaan sirna ateetee dubartooni Oromoon Walisoo Liiban jalqaba hanga xumurati Coqorsaan ala kan hin raawwatamne ta'u isaafi walitti hidhiinsa wantooni uumamaa dhimmoota amantaa fi aadaa wajjin walitti dhufaanii mallattummaa uumaa kadhachuufi galateffachuuf waan qabaniif,Coqorsii sirna ateetee keessatti mallattummaa misooma,mallattummaa,nageenya,mallattummaa,tasgabbii,mallattummaa,hamaa,hanbisuu,mallat tummaa, hormaata mallattummaa badhaadhina,mallattummaa aangessuuWaaqaa,mallattummaa araaraa,mallatummaa milkaa'innaa,mallattummaa galateeffannaa,mallattummaa eebba,fi kkf ofkeessaa kan qabu ta'uun isaa qorannoo kana irraa hubatameera.

### 4.6 MALLATTUMMA SAARDOO

Akka ragaan ragaa kennitoota marii garee ganda Adaamii Gootuu irraa argame ibsuti,Saardoon gosoota marga keessaa tokko.Yeroo mara gosti marga kuni lafaa dikee ykn xaa'oo waan jaalatuuf naannoo mana jireenyatti baay'inaan marga.Saardoon baay'ee laafaa fi sorooroo ykn qajeelaa dha.Saardoon  marga qe'ee keessaa taa'ee lafa koosseessu ykn xaa'oomsuudha.Gama biraattiin margi kun jilbaa isaarraa harka qaba.Yeroo bonaa naannoo lafa dikee fi boroo jalaatti argamu ta'ee yeroo rooba xiqqaa argatee immoon dafee sardamee akka salphatii marga guddaatudha.Akkasumas,aadaa Oromoo biratti marga kabajaa guddaa qabudha.Saardoon dhimmoota garaagaraatiif dhimma itti bahama.Kanneen keessaa Manguddoon naannoo qorannoon gaggeeffame kana jiran yeroo abbaan ilmaa isaatiif dubara kaadhimmatu,firoottan gurbicha kaadhimmatuu Saardoo qabatanii gara mana intalaa deemu."Jechuun addeessuu.Dabalatanis, yaadumaa kana kan cimsu marii garee ganda leemaan Ayeetuu keessatti gaafa guyyaa 10/8/2014 gaggeeffamee keessatti ragaa kennitoota keessaa akka (obbo Nugusee

Gaanaa) tti,Saardoon jiloota adda addaa keessatti mallattummaa garaagaraa qabachuu isaa ibsu.“Saardoon Garaa-Lafeessaa akka haadhaati.Saardoon jilbaa irraa harka qaba,Saardoon gaafa buttaa qalaan qabatu.Kanaafuu, mallattummaa garaa lafuummaafi haadha qaba jechuun addeessuu.



Suura 12:Suuraa sardoo yeroo qorannoo qoratadhaan kaafame

Yaadni armaan olii kun akka addeessutti Saardoon baay’inaan kan biqiluu fi guddatu naannoo mana jireenyaatti.Saardoon aadaa fi duudhaa Oromoo keessatti marga kabaja qabu dha.Akkuma yaada armaan olii irraa hubatameen Saardoon  naannoo dikee ykn xaa’oo waan jaalatuuf yeroo hunda marga naannoo mana jala,bakka daahoo fi gaaddisa qabutti marguudha.Akkasumas, yeroo rooba xiqqaa argatee dafee akka layyootii guddaatus ragaa kennitoota irraa kan hubatame ta’ee, aadaa fi duudhaa Oromoo keessatti mallattummaa guddaa qaba.Haalumaa kanaan Saardoon gosoota marga jiran keessaa hawaasa Oromoo biratti raawwilee jaarmiyaalee hawaasummaa garaagaraa hawaasni gaggeeffatu keessaa kanneen akka fuudhaafi heerumaa fi duudhaalee hawaasaa kallatti adda addaattiin gaggeeffamu keessatti roga baay’een taajajila adda addaa kennuu biraa darbe yommeessa raawwileee isaanii hordofuun mallattummaa garaagaraa fi bal’aa qaba.Fknf,armaan dura bu’aa qorannoo armaan olitti ragaa kennitoota  irraa akka argameeti  Saardoo gaafa buttaa qalaan fi kaadhimmanaa dubaraa keessatti dhimma akka itti

bahamu hubachuun  danda'ameera.Kana jechuunis hawaasni Oromoo Walisoo Liiban Saardoo akka waan jiidhaafi raawwii cee'umsaa sadarkaa tokko ittiin raawwachuuf dhimma akka ittiin bahuuti ilaala.Jiidhi immoon akka hawaasa Oromoo Walisooti mallattummaa lubbuu qaba.Kanaafuu,Oromoon naannoo qoranoon kun gaggeeffame jiru jireenya isaa keessatti bakka guddaa kennuun erga ittiin dhimma bahuu jalqabee yeroo dheeraa tureera.Kunis,duudhaalee hawaasaa,Amantaa fi diinagdee gaggeeffamu keessatti walitti hidhiinsa jabaa fi mallattummaaadda addaa qabaachuu isaa qorannoo qoratame irraa hubatameera.Kanaafuu,Saardoon jireenya hawaasummaa cimsuu keessatti,duudhaalee fi aadaa garaagaraa Oromoon Walisoo Liiban gaggeeffatu keessatti akkaataa qabiyyee isaanittiin mallattummaa fi walitti hidhiinsa qabu.



Suura 13: Marii garee gaafa guyyaa 20/9/2014Aanaa Walisoo ganda Adaamii Gootuuti dhimma mallattummaa Saardoottiif mariiyyatame irraa kan fudhatame

## 4.7. SIRNA FUUDHAA FI HEERUMAA FI SAARDOO

Akkuma marii garee ragaa kennitoota Bitooteesa 24,2014 ganda Leemaan Ayeetutti taasifame irraa ragaan argame ibsutti,Fuudhaa fi heerumni hariiroo hawaasummaa keessatti bakka guddaa qabachuu isattiin aadaa hawaasni Oromoo aanaa kanaa keessatti jiratuu ittiin beekamu fi dhaabbataa guddaa hawaasummaa fi maatiiti.Sirna aadaa Oromoo kana keessatti sirnichi walqorachuu irraa kaasee hanga gaafa walfuudhaniitti Saardoo qabachuun raawwataman heddu ta'anillee,kanneen ijoo ta'an kanneen armaan gadiiti.

Isaanis,ilaallannaa,dubbachuu,kaadhimachuu,guyyaa cidhaa beelamaachuu,eebbaa sirnicharratti taasifamu ofkeessatti qabata.Guyyaa gaa'elaas Saardoo,nyaata aadaa,eebba Cidhaa,sirboota sirnichaa miidhaksan dhiichisa,meeshaalee aadaafi uffanni aadaa jiru.Raawwiiwwan kun martuu hiikafi mallatummaa mataa isaanii akka qabaniifi hundi isaanii Saardoodhan dhimma itti bahuun kan raawwataman ta'u isaa ibsu.Dabalatanis,akka (obbo Nugusee Gannaa fi obbo Faayeeraa Kabbadaa) marii garee gaafa 24/7/2014 gaggeeffamee irratti ibsaniin Saardoon yeroo fuudhaa fi heerumaa qabatanii deemanu hin gatamu ni olkaa'ama.Sirna kana keessatti Saardoon ergaa gurbaan intalaa fuudhuudha ilaalatee booda gaafa jalqaba waraqataa keessa kaa'anii jaarsa ollaa ykn giddu deemtutti ergame guyyaa gurbaadhaaf intalaa kaadhimmachuuf deemanii achii olkeewwatanii jalqabee hanga gaafa guyyaa mullii ykn bakka tokko tokkotti irra deebii jedhamu waamamanutii si'a shan deemuu ni danda'a jedhu.Jilaaleefi ayyaanoota kanaan ala garu horiitu fayyadaama jechuun addeessu.Yaadni armaan dura ibsame kunis kan hojii irraa olu,gosoota fuudhaa fi heerumaa keessaa gosa fuudhaa fi heerummaa kaadhimmannaan fuudhamu keessatti ta'uu ibsaniiru.

### 4.7.1. ILAALLANNAA FI SAARDOO

Akka ragaan marii garee gaafa guyyaa 20/7/2014 adeessuuti,raawwiiwwan sirna gaa'eela keessaa tokko ilaalannaadha.Adeemsa ilaallannaa keessatti yeroo durii gurbaa fuudhu caala maatii gurbaatu qooda fudhata.Intalliifi maatiin ishii garuu dursanii waan beekan hin qaban.Maatiin keessattuu abbaafi haati gurbaan fuudha gahuu eega hubatanii booda,intala isaaf taatu kan gosa isaan barbaadan keessaa dhalatte barbaadanii barbaachisu.Intala tokko dhimma gaa'elaatiif osoo hin murteessin dura,sanyiin karaa abbaas ta'ee,karaa haadha gosti ni qortama.Gosti ishii gosa isaaniif kan ta'uufi kan filatan yoo ta'e intalittii ilma isaanii fuusisuuf

ni murteessu.Erga murteessaniin boda,akka hawaasa naannichaatti gara kaadhimmannaa osoo hin seeniin dura dhahaa ilaalchisuun guyyaa jaarsa erguuf filataman keessaa tokkotti jaarsa ergachuuf murteessu.

Erga jaarsaa erguun murtaa'een bodaa raawwi sirnichaatiif Saardoo guyyaa kana gara warra intalaa ergamu kanciratee kennu akka aadaa Oromoo Walisoo Liibaniitti gurbaa intalaa fuudhu akka ta'e ragaan qorannoo irraa argame ni mul'isa.Saardoo gurbaan ciratee kennuun mallattummaa hawwii gaarii qabachuu ibsa.Yeroo inni ciratee kennus abbaa fi haatii ni eebisu. Saardoon kunis,guyyaa hunda kan hin ciramne ta'u ragaa kennitoonii addeessu.Akka (obbo Hayiluu Yilmaa) ibsanitti guyyaa Saardoon ciramu jira.Guyyaa kana Oromoon dhahaa jedha.Guyyaan Saardoon ciramu's,kibxata,kaamisa,sanbata duraa kana sadaanitti cirama.Isumaa immoon dhahaa ilaalatu.Manguddoonii kana beekanu ala bulanii samii kana ilaalanitti urjii lakkaa'u.Gaafa Saardoon ciramu,gaafa kadhadhimannaa dhaqqaani kan himu warra ayaantu himaan ta'u.Urjii kana ala bulaanii lakkaa'aniitti guyyaa kadhan deemamu itti himu.Guyyaan kaadhimmannaaf filatamanis yeroo baay'ee guyyoota armaan dura ibsamani jechuun addeessu.

Haala kanaan duudhaa eegamu qabuufi adeemsa keessaa darbamu qabu erga eeganiin booda namoota hawaasicha biratti ulfinaafi kabaja qaban fayyadamuun Saardoo guyyootaa dhahaa ilaalchifachuun kaadhimmannaafi filataman keessaa tokkotti geessaanii akka itti kennaan taasifama.Akka duudhaa hawaasichaatti qaamni Saardoo geessu kun guyyaa jalqaba mooraadhaan ala dhaabatee Saardoo itti ergame kennee guyyaa beellama lammaffaa itti deebbi'anii qabatee gala.Sababni mooraadhaan ala dhaabatee galuuf aadaa hawaasichaa keessatti mallattummaa maatii intalaa safeeffachuufi kabaju ibsuuf.Gaafa beellama guyyaa lamaffas Saardoo buqqifatanii fudhanni deemuun gara mooraa keessaa olseenaanii ala taa'uun hasaa'anii Saardoo buqqifatanii deemani itti kennachuun beellama guyyaa itti aanu beellamanii galu.Ala taa'uun hasaa'uun mallattummaa walitti firoomuu jalqabuutii.Kunis,karra teessuma jedhama.Gaafa guyyaan beellama yeroo 3ffaa gahu akkumma filannoo guyyaa isaanitti jaarsooliiniifi abbaan ilmaa dhaqanii Saardoo qabatanii mana seenaanii dhaabbachuun gaaffii gaa'elaa yeroo jalqabaatiif dhiyeessu.

Sirna kana keessatti sadarkaa mana aseennaa bira gahuun obsa guddaa waan gaafatuufi waan hunda obsanii mana seennanii milkiin guutee jechuudha.Sana booda Saardoo kana warra intalaati kennu.Saardoon kun yeroo itti kennamu warri intalaa dubbiin waan haaraa itti ta'uuf yoo kennu barbadaan,akkuma isiin marii'aataniifi qoratanii dhuftan nutis ni mariiyaana jedhuun.Eessuma qabdi,gosa garaanaafi garaasi qabdi,nutis ni qoranna jedhu.Kan isaan qoratan,eessumma gurbaa fuudhuu,gosa abbaa isaati qoratu.Eessaa akka dhufe,eenyummaa isaa,namichi kun nama safuu egu immoo nama qacceen isaa gaariidha immoo kashalabbeedha immoo,nama qe'ee isaa hojjetatu immoo jedhanii qoraachuuf beellama kennu.Guyyaa kana nyaataafi dhugaatiin addaa qophaa'u hin jiru.Sababni nyaataafi dhugaatii hin qopheesineef maatiin gurbaa fuudhu adeemsa darbu qabu hunda waan keessa darbee hin xumureef.Garu buna fi akaawwii qopheessanii itti kennu.Buna fi akaawwii qophaa'eef nyaatanii dhugani booda Saardoo maatii intalaati kenname manuma sanatii olkeewwachuun guyyaa kaadhimmannaa beellamatanii gara manatti deebi'uu.Saardoo maatii intalaati kennamu fudhaachuu diduu hin dana'anii.Sababni isaa yoo Saardoo kennamu kana didaani intalli heeruma malee hafti jedhameeti amanama.Haala kanaan yaada guyyaa sanaa goolabu jechuun ragaa kennitoon addeessu.

### 4.7.2. HAALA KAADHIMMANNAA FI SAARDOO

Adeemsa sirna gaa'elaarratti bal'inaan mul'atu keessaa tokko sirna kaadhimmannaati.Sirna kana wajjin walqabatee akka ragaaleen ragaa kennitotaa (Obbo Faayeeraa Kabbadaa fi Amdiisaa Amanaa) irraa argame agarsiisutti,hawaasni Oromoo Walisoo Liiban fuudhaa fi heerumaa raawwachuu isaatiin dura yeroo hunda dubara erga ilaalatee fi qorateen booda gara warra dubara gaa'elaaf kaadhatamtuuti jaarsoolii jalqaba gaafa ergatu gosa margaa keessaa Saardoo buqqifatanii ergu.Saardoon ergame kunis irreessa/irreecha akka jedhamu ragaa kennitooni addeessu.Saardoo buqqifatamee kenname kanas,maqaa Waaqaatiin qabatanii yoo kadhatan hin dhaban jedhu.Nama Saardoo qabatee waa kadhatu diduun cubbuu fi safuudha jechuun ibsu.

Gama biratiinis,sirna kaadhimmannaa kana keessatti raawwiwwan adda addaa jirachuu isaa addeessu.Kunis,guyyaa beellamaa maatiin gurbaa fuudhuu gara maatii intalaa heerumtuu deemuu fiqophaa'u.kana jechuunis,maatiin gurbaa fuudhuu buna,Saardoo,mallaqaa ittiin intalli kaadhimmamtu qopheeffachuu qabu.Sana booda beellama kana irratti akka aadaa naannawa

Oromoo Walisootti jaarsooliin dura manguddoota muraasa dabalatanii Saardoo buqqifatamee itti kennameefi ulee qal'aa harkatti qabachuun maanguddoota (shaniifi ijoollee buna baachuu dandeessuu tokko walitti namoota jaha ) ta'uun dhaqanii warra intalaa ni dhaabbatu.Warri intalaas firaafi ollaa isaanii dubbifatanii taa'anii eegu.

Beellama kanarratti akka isa duraa alaan hin galani; Saardoo harkatti qabatanii mana seenuun hanga taa'aa jedhanii eeyyama argatanitti ni dhaabbatu.Haala kanaan yoo intala kennuu barbaadan qoranneerra,walirraa hin fokkifnu;Waaqni haajedhu jechuun Saardoo fi ulee harkaa fuudhanii borootti hirkisu.Yoo intala kennuuf fedhii hin qabaanne garuu,Saardoo fi ulee harkaa fuudhuu ni didu.Akka (obbo Faayeeraa Kabbadaa) jedhanitti "Yoo Saardoo fi ulee harkaa fuchuu dida'aanii fi intalaa dhowwatan,Saardoo dhagaa bakka rakkoo jiru keessaa kaa'anii galu.Kana jechuun,mallattummaa intalli carra lamaata heerumtu hin qabdu jedhame kan amanamu ta'u addeessu.Dabalatanis,guyyaa kana maatiin intalaas guyyaa beellamaa sanaaf warraa intalaa isanii kaadhimmatuuf nyaata fi dhugaati barbaachisuu hunda qopheefachuun firootanii isaanii qabatanii haalaani eegu.Jaarsooliin warra gurbichaas namoota biroo wajjin ta'uun Saardoo ciratanii warra intalaa ni dhaqu.Warri intalaatis qophii cimaa taasisuun ni eegu.Jaarsoliin eega qe'ee warra intalaa gaa'anii booda sirna mana seennaa raawwatama.Sirna kana keessatti jaarsooliin gara warra intalaatti Saardoo qabatanii dhaqanii qabachuun dhaabatu.Kunis,mallattummaa kadha warra intalaatti qaba.

Akka (Xiilahuun Waayessaa fi Sillaashii Saardoo) ibsanitti,gaafa beellama 4ffaa kana akka hawaasa Oromoo naannawa Walisootti,kanfaltiiwwan guyyaa kaadhimmannaa warri gurbaa warra intalaaf kennan ni jiraata jechuun ibsu.Akka ragaa kennitoonii (obbo Kabbadaa Galalchaa fi obbo Nugusee Gaanaa gaafa guyyaa 12/08/2014) himanitti immoon,jaarsa waltajjiitiin Saardoo,buna duudaa,qarshii margaa fi uwwisaa haadhaatiif jedhanii walumatti naannoo qarshii kuma sadi (3000) gingilchaa irra kaa'ama jedhu.Erga kana kaa'aniin booda maatiin gurbaa fuudhu ka'aanii dhaabatanii marga koo marga naaf godhaa,saardoo boroon naaf gaha jedhaanii gaafatu.Warrii intalaas Saardoo harkaa fudhannii seerii isaanii hundi guutamu erga hubataniin booda boroon isiiniif keenyee ta'a jedhu.Kana jechuun mallattummaa intaalli kaadhimmamuu isheetti addeessa.

Haala kanaan haadha intalaa irraa jalqabee firootani fi ollaa intalaa kaadhimamtu irraa namoota dhufaan hunda dhungachuun irraa deemani dubbisu.Kana malees,Saardoon kun hanga gaafa cidhaati boroo duubaa ta'a.Kunis,sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Walisoo keessatti Saardoon mallatummaa walitti firoomuu,mallattummaa hormataa fi mallattummaa intalli kaadhimmamtee kan warra gurba kaadhimmatee ta'u ibsa jechuun ragaa kennitooni addeessu.Haala kanaan erga xumuraniin booda beellama 4ffaa kanarrattis nyaataafi dhugaatiin garaagaraa dhiyaatee nyaataanii gabaabsanii guyyaa uwwisaa qabachuun sirnichi goolabu.

### 4.7.3 UWWISAA FI SAARDOO

Gaafa uwwisaa/ marga ragaasisaa abbaan gurbaa Saardoo qabatee dhaqa.Uwwisaa jechuun guyyaa gurbaan intalaa kaadhimmateef qubeelaa ka'uu jechuu dha.Guyyaa kana Saardoo isa jalqaba olkeewwatee maatiin intalaa akka dhiyyeessan abbaan gurbaa fuudhuu ni gaafata.Kanas,margakoo naaf fidaa jedhee yeroo gaafatu marga isa dura fidaanii isa amma fidatee walinni walitti maku.Sababni kana goodhaniif Saardoon jalqaba olkeewwatame sun mallattummaa imaanaa olkeewwachuu waan addeessuuf jedhu raga kennitooni. Kana booda abbaan gurbichaa jaarsoolii fudhatee dhaqe walinni gaafa uwwisaa/marga ragaasisaa maatii intalaattiin margaa geessee cimfadhuu jedha.Dabalatais marga koo marga naaf godhii,amartii qubaan naaf gahii jedha.Sana booda intalaa fidaanii eebbisaan qubeelaa harkaati ka'uun marga mataa isheeti suuqanii eebisuu isheenis gara boro duubatii baattee Saardoo boroo jala keessi.Kana gochuun immoo mallattummaa intalli kan warra kaadhimmatee taatee jechuudha jedhu.Haala kanaan beellama 5ffaa kanarrattis nyaataafi dhugaatiin garaagaraa dhiyaatee nyaataanii gabaabsanii guyyaa cidhaa qabachuun sirnichi goolabu.Kanaafuu,Saardoon warra intalaa dhaqu akka bu'a qorannoo irraa argameen kan baafamee gaatamu osoo hin taane mallattummaa kabaja waan qabuuf boroo jala kan kaa'amu ta'uun addeeffameera.Xumura irratti akka armaan olitti ibsameen intalaa qubeelaa harkaati erga ka'aaniin booda nyaataanii dhugannii beellama itti aanu qabachuun wantoota cidhaaf barbaachisaan qopheeffachuun dafaanii yeroo gabaababaa keessatti fuudhaa fi heeruma xumuru.

### 4.7.4. QOPHIIWWAN BIROO GUYYAA CIDHAA DURA RAAWWATAMAN

Akka ragaa kennitoon gaaffii afaaniin taasifameen ibsaanitti adeemsa sirna gaa'elaa aadaa keessatti,warra gurbaatiinis ta'ee warra intalaan qophiiwwan osoo guyyaan gaa'elaa

hingaa'intaasifaman nijiraatu.Gama lameeniinuu wantoonni sirnicharratti nyaatamaniifi dhugaman niqopheeffama.Akkasumas,meeshaaleen wantoonni kunniin itti hojjetaman dursa itti yaadamuun akka dhiyaatan taasifamu.Haala kanaan akkuma bal'ina gaa'elichaatti firoottan/ aanteewwaniifi namoonni naannoo ni waamamu.Kanamalees,gurbaan fuudhuu fi intalli heerumtu hiriyoota jalatan keessaa jaala lama-lama Saardoo ciratanii qabachuun,guutuu qopheeffachuunii,buna giingilchaa bituni,buna fi Saardoo fiidanii dhufanii gingilchaa irratti naquun jilba haadhaa irratti kaa'uun obbooleesa akka ta'uu gaafata.Yeroo kanas saardoo fi guutuu qabachuun karaa isiin dhuftan eesumni haa dhufu jechuun eebbisu.Sababni isaa eebbisaaniif immoon ijoolleen walitti urgaa'uufi walitti firoomuun mallattummaa hormaataafi firoomaa gaarii qabachuu waan addeessuuf.Sana booda nyaata qophaa'e nyaachuuf dhuguun,duudhaa hawaasa naannoo qorannooni kun gaggeeffame eeganii jaala kadhachuun guyyaa gaa'elaa sana bira dhaabbachuun akka kunuunsan ofqopheessu.

### 4.7.5. SIRNA CIDHAA KEESSATTI SAARDOO KENNUUFI EEBBA FUDHACHUU

Akka ragaa marii garee irraa bu'aan qorannoo argame addeessutti,Saardoo kennuufi eebba fudhachuu kun kan raawwatu guyyaa cidhaa qe'ee warra intalaatti eega adeemsi barbaachisu hundi raawwatamee booda dha.Sirna kanarratti firoottan,aantewwaniifi ollaan mana warra intalaa iddoo misirroowwan jiranitti walgahuun bakka qabatanii taa'u.Guutuun hunda isaaniitiifuu bifa haaraan ni guuttama.Dhadhaanis,haadhani muudama.Sana booda misirroowwan abbaa (hangafa abbaatiin) Saardoo kennanii eebba fudhatu.Eebba kana keessatti akka misirroowwan lachuu akka ifaan,tulluu ta'aanii akka mul'ataan,bonaafi ganna akka lalisaan,akka baay'ataan,akka wal-beekan,akka waliin horaaniifi waliin jiraataniifi qabeenya horachuu akka danda'aan ibsuun eebbisu.Haala kanaan wal-eebbisuun mallattummaa ifuu ykn miidhaguu,mallattummaa guddinnaa,mallattummaa misoomaa,mallattummaa hormaataa fi kkf qabachuu addeessu.

### 4.7.6. SIRNA MULLII FI SAARDOO

Akka ragaaleen gaaffii afaanii ragaa kennitoota irraa funaannameefi daawwannaan argame mul'isutti,sirni mullii adeemsa mataa isaa qaba.Adeemsi kunis baay'inaan sirna fuudhaa fi heerumaan walfakkaata.Mulliin sirna misirrittiinii fi misirroon lachaanuu waa'elaan isaanii waliin gara maatii intalaatti deemuun sirna,maatiin intalaa gurbaa intala isaanii fuudhe waliin

walbaran jedhamee beekama.Sirni kun bakka tokko tokkotti irra deebiis ni jedhama.Sirna kana keessatti dirqama gurbaan intalaa fuudhee fi waa'elaan isaa gara maatii intalaa deemuuf qophiiwwan adda addaa taasisantu jiru.Qophiiwwan gurbaan taasisu keessaa,hoolaa bittuun qopheessuu,gama birattiin hoolaan mallattummaa araaraa fi gurbaan intala fuudhe kabaja warra isheetiif qabu mul'isa.Gaabii/Uffannaa jirbii irraa foo'amee baay'inaa aanteewwan intalaa jiraaniin qopheessuu fi haadha intalaattiif qamishii fi naxaalaa/uffanna jirbii irraa foo'ame,dhadhaa muudaa fi kkf biituun warra gurbaattiin ni qopheeffama.Guyyaa beellamame galgala isaa jaarsooliin,jaallewwaniifi namoonni biroon misirroowwan farda yaabbachiisanii hoolaa korpheessa harkifatanii warra intalaa ni dhaqu.

Adeemsi sirnichaas akka hawaasa Oromoo Walisootti,yommuu mana maatii intalaa gahaanii hoolaa sana jaallewwan gurbaa namaa jabaa fi amanamaatii imaanaa kennachuun misirroowwan akka gara manaa seenanu eeyyamama.Yoo akkas ta'u baatee immoon ganamaa gurbaanii hoolaa qaluuf yeroo barbaadu hoolaan baddee jechuun qarshii kuma gaafatu.Qarshinni kun qarshii afaan bineensaa jedhamee kanfalchifama.Haala kanaanii eerga mana seenanii booda iddoo qophaa'eef ni taa'u.Maatiin intalaa,obboleewwan,firootaniifi namoonni naannoo (ollaanis) iddoo qabachuun ni taa'u.Kanatti aansuun nyaataaf dhugaattiin muraasni gara sirnichattii osoo hin deemaminni ni dhiyaataaf.

Eerga isa nyaataanii dhuganiin booda,buna gingilchaa tokko,hoolaa tokko,Saardoo,biqila ykn dhugaati lalaafaa fi xarmushii birrillee lama guutuu qabatanii kan ittiin eebbisaani waliin dhiyyeesuun sirna uwwisaa gaabii/uffannaa jirbii irraa foo'amee,Saardoo fi muudaa dhadhaatiin geggeeffama.Askeessatti Saardoon mallattummaa jaalala,mallattummaa hormaataa fiuwwisaan gaabii mallattummaa firoomani ifatii bahu,mallattummaa ulfinnaa qabachuu addeessa.Ittii aansuun jaarsooliin,abbaa fi haatii intalaa fi firootaan aantee ishee Saardoo qabatanii,guutuu harkaatii qabatanii,haaluma barameen angafaa-quxisuun wal-oofkalchanii walduraa-duubaan ni eebbisuu.Gurbaanii fi intalli walduraa-duubaan abbaafi haadha irraa eegalanii namoota taa'aniif Saardoo kennuun gateettiifi jilba isaanii dhungachuun nagaa walgaafatu.Sababni isa Saardoon jiidha waan taa'eef Oromoon jiidhaan waan eebbisuuf ta'ee jiidhii mallattummaa lubbuu ta'uu isaa ibsuun hawwii walhooraanii jirachuu isaanii ibsu akka ta'e addeessu.

Miinzoollins Saardoo misirroowwan hordofuun namoota taa’anii jiran hundaaf gateettiifi jilba dhungachuun ni kennu.Ittaansuun intaallii immoo dhadhaa urgooftuuadda addaatiin qopheeffachuun namoota achi taa’an hunda jaala abbaa warraa ishee waliin ta’uunii muududhaan waliingeessi.Kanatti aansuun maaddiin dhiyaachuun warri intalaa nyaataafi dhugaatii qopheeffatan ni dhiyeessu.Ergaa nyaataanii dhuganiin boodas Sirboonni garaagaraa (weedduun ,dhiichisni,ragadni, fi kkf.) siyaa’inaan weeddisaa bulu.Kunis,mallattummaa gammachuu ijoollee walfuudhaaniif qabani addeessu akka ta’e ibsu. Erga bulaniin booda ganamaa lammaffaa ka’anii hoolaa fuudhanii dhufaan qalamee bifa waadditiin qophaa’uun dursa abbaafi haadha intalaa irraa eegaluun, namootaaf dhiyaata.Sababni kun ta’uufis abbaa fi haati intalaa mallattummaa bakka bu’uumaa waaqaa waan qabaniif jechuun addeessu.Erga nyaatanii dhuganiin booda guyyaa lammaffaas haaluma kanaan itti fufee guyyaa sadaffaa yeroo laaqanaa booda gara galgalaa abbaa, haatii fi aanteewwan isaanii Saardoo qabatanii eebisuun haatii intalaa dhadhaa muuduun adeemsi sirnichaa waan goolabamuuf, iddoodhaa sochoo’uun bahanii misirroowwan gara warra gurbaatti deebi’u isaanii ragaan ragaa kennitoota irraa argame ni ibsa.Haa ta’uu malee sirni barreedaan fuudhaa fi heerummaa keessatti Oromoon durii jalqabee ittiin bulaa ture kun,yeroo amma kana bakka tokko tokkootii Saardoo faayadamuun sirnichaa karaa guutuu ta’een raawwachurraa bunaa fi sukkaara qofa geessuun eebba fudhachuun sirnichaa gabaabsuun ni mul’aata.Kunis,sababa amantaaleen adda addaa baay’achuu irraan kan ka’ee aadaa fi duudhaan ganamaa badaa jira jechuun ragaa kennitoon addeessu.



Suuraa 14: Sirna muudaa dhadhaa daawwannaa mulli irraatti qoratadhaan kaafame

## 4.8. JAARSUMMAA FI SAARDOO

Akka ragaan ragaa kennitoota (gaaffii afaanii,marii garee fi daawwannaa irraa argamee )ibsutti, sirni araara jaarsummaadhaan raawwatamu bifa garaa garaa qaba.Gosoota jaarsummaa jiraan keessaa akka fakkeenyaati,mata duree kana jalatti sirni walitti bu'insi abbaa fi ilmaa ykn haadhaa fi intalaa akkaataa Saardoo cirachuun jaarsummaadhaan furamu xiinxalameera.Kana jechuunis ilmii yoo abbaa miidhe ykn intalli yoo haadha miittee akka aadaa hawaasa naannoo qorannoon kun gaggeeffameen adeemsa akkamittiin araarsuun akka danda'amuufi mallattummaa akkamii akka qabu agarsiisuudha.Sirni kun gosoota jaarsummaa Saardoo qabatanii qaama walitti bu'ee tokko araarsaan keessaa isa tokko.Jaarummaan jaarmiyaalee hawaasaa yeroo waldhabdeen namoota lama fi sana oli ykn gosa lama gidduuti uumamu Saardoo ciratanii rakkoo uumaame furuuf murteessadha.Kana malees,jaarsummaan waldhabde maatii gidduu jiru,waldhabde ollaa fi hiriyaa lama gidduuti uumamuufi kanneen kana fakkaatan  furuuf  manguddoon Saardootii gargaaraamuun jaarsummaa qabatu.Sababni kuni ta'eef immoon armaan dura akkuma ibsameen Saardoon uumama qajeelaadha jechuun mallattummaa qajeelummaa qaba jedhaanii amanuu isaanii irraan kan ka'ee dubbiin keenya nuuf qajeela jechuun addeessu.

Akka (Obboo Silaash saardoo)n ragaa gaafa guyyaa 7/7/2014 mana jireenyaa isaanii deemuun qoratanii gaaffii afaanii taasisuun ragaan argatee mul'isuuti "adeemsa jaarsummaa keessatti inni angaafa hawaasicha keessaa nama walitti bu'e araarsuuf jaarsa lakka'anii qaama miidhaan irraa gahee Saardoo ciratanii jaarsummaan akka furamuu gochuudha.Gama birattiin,namooni abbaa fi haadha waliin yeroo waldhabaan,waldhaba namoota  qofa osoo hin taane mallattummaa uumaa wajjin illeen walitti bu'uun bakka tokko tokkooti kan mul'atu ta'u ibsu.Yeroo kana duudhaa fi safuu baduuf jiru seera uumaa eegsisuuf Saardoo ciraanii jaarsummaa qabachuun murteessadha.
Fknf,akka hawaasa Oromoo Walisooti ilmii abbaa reebuun,intalli haadha reebuun,abbaan warraa haadha warraa alseerummaan burqsuun,lafee cabsuun fi miidhaa hamaa  irraan gahuun safuudha."Jechuun ibsu.

Dabalatanis,akka ragaa kennaa(obbo Kabbadaa Galaalchaa)ibsanitti,wantoonni mallattummaa kabajaafi ulfina qaban hedduutu jiru.Isaanis,wantoota safeefannaa fi kabaja olaanaa kanneen qaban hedduu keessaa waaqa,lafa,abbaa,haadha,haadha,soddaatii,soddaa,Saardoofiabbaan gadaa isaan gurguddoodha,"jechuun ibsaanirruu.Goochi ykn taateen akka kana abbaafi ilma,haadhaafi

intalaa,abbaa warraa fi haadha warraa gidduuti raawwatame yoo jiratee manguddoonni dhimmichaaf filataman alangaa fi Saardoo qabatanii jaarsummaa gaafatu.

Alangaan mallattummaa angoo kan ibuufiSaardoon mallattummaa jiidhiinaafi qajeelummaa addeessa.Haala kanaan gaafatamnani araara diiduun nama akka hawaasa naannoo qorannoon kun gaggeeffameeti mallaqaa xiqqaa irraa hanga korma sangatti adabsiisa.Waan kana ta’eef abbaas ta’u,haati dhimma isaani jaarsatti kennu.Jaarsummaa erga kenaanii booda qaama lachuu walitti fiduun gaaddisa jala taa’uun jaarsummaa lakkoofsisu.Gaaddisnii askeessatti mallattummaa qabbannaa qabachu addeessu.Erga bitaa fi mirgaan jaarsummaa lakkoofsisaanii booda guyyaa beellamaa qabatanii kan guyyaa sanaa xumuru.Guyyaa beellama lamaaffaasi dhimmoota rakkoo giddu isaanii jiru qoratu.Haala kanaan rakkoo isaan gidduu uumame erga qulqulleefatanii booda dhugaan yoo baatu,qaama dhugaa argatee murtii kennuun araara buusu.Kan balleesses akka balleessaa isaati duudhaa hawaasa naannoo sana jiratu eeguun gaatii baleessaa abbaa fi haadha ofitti olaanniif jaarsii bahe balleessaa itti muree korma akka adabamu/adabamtu adabbiin itti murama.Erga adabbiin itti muramee, nama wallole sanas yeroo araarsan jaarsooliiniskaraa aadaa uummataa Oromootiin abbaan fi haati mallattummaa ulfoo waan qabaniif alangaa,Saardoo jiidhaa kutanii harkatti qabachuun maqaa Waaqaatiin nagaan akka ta’u kadhatu.Kunis,Saardoon mallattummaa nageenya akka qabu ibsa.Akkasumas,ijoolleenisSaardoo qabatani abbaa fi haadhati kennuun araaramuu isaanii ittiin mirkaneessu.Kunis,mallattummaa tokkummaa fi mallattummaa nageenyaa ibsa.Kana qofa osoo hin taane adabbiin itti murtaa’ees kan raawwatamu karaa jaarsoolli biyyaa dhimma kana raawattaniin ta'a.” jechuun addeessu.

Akka (ragaa kennitoota gaaffii afaanii irraa ragaan argame addeessu) tti yoo namni waldhaabe qaama waldhabde irratti miidhaame sana Saardoo ciratee dhiisi yoo jedheen wanuma miidhaame illeen akka dhisu ibsu.Sababni isaa Oromoon aadaa fi seera ittiin walbulchu waan qabuuf seera sana tarkanfatee kan bira hin darbinne ta’uun mallattummaa isaatti.Yoo Saardoon kadhatamee didee waan akka duudhaan caabbeet fuudhatamee gara adaabiiwwan birooti waan deemamuuf hin didaamu jechuun ragaa kennitoon ibsu.Kanaafuu,balleesaaf kana murree,kana hin balleesine dhifne,dhiisi jedhanii yoo Saardoodhaan kadhatan illeen itti argatu.Dabalatanis,namni Waaqaan bulu Saardoo jiidha qabatanii kadhanaanii kana bira darbee lola seenuun mallattummaa cubbuutti jechuun ibsu.Nama wallole sanas yeroo araarsan ilmii abbaa ykn intalli haadha Saardoo

qabachuun jilbaafi gaateetti gadii jedhanii akka dhungataanii taasisu.Gadii jechuun mallattummaa ajajamu,mallattummaa ani keetii jedhanii ofkennu akka ta’ee raga kennitooni adddeessu.Erga dhiifamaa taasisaanniin booda waani dhalli isaanii addabamee dhaabee qalachuun dura isa qalatani irratti Saardoo ciranii irraa kaa’u.Kun immoon hulluuqsisuu jedhama. Hulluuqsisuu jechuun mallattummaa beeyiladoota hafaaniif akka horaan hawwii gaarii hawwuu ykn mallatummaa hormaataa qabajechuun addeessu.Erga sirna kennaa kana raawwataniin booda,abbaan ykn haati Saardoo jiidha alakfattee tufttee/tufee eebbisuun araaramuu isaanii ittiin mirkaneessu.Saardoo jiidha alakfattee tufuun mallattummaa dhiisuu ykn nagaa buusuu akka ta’e addeessu.Haala kanaan namoota waldhaban gidduutti nagaan bu’a.” jechuun ibanirru.Akka waliigalaatti Saardoon dhimma jaarsummaa keessatti waldhabde mala aadaatiin xumuruufi araara buusuu keessatti walitti hidhiinsaafi mallattummaa jabaa qabachuu isa hubachuun danda’ameera.Gama birattiin Saardoon mallattummaa nageenya fi tasgabbii, mallattummaa hormaataa, mallattummaa haqaa akka ta’e hubachuun danda’ameera.

# BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun mata dureewwan xixiqqoo kanneen akka gudunfaa, argannoofi yaboo xiinxaluu, Mallatummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti jiru haammatee jira.

## 5.1. GUDUNFAA

Ummanni Oromoo akkuma saba kamiiyyuu jiruufi jireenyasaa keessatti mallattoolee ittiin aadaasa,amantisaa,eenyummaasaafi raawwiiwwan raawwatu ittiin ibsatu qaba.Wantoota maalummaa ykn eenyummaa saba tokkoo ibsan keessaa immoo mallattummaan Coqorsaa fi Saardoo isaan tokkodha.Qorannoon kunis, gadi fageenyaan sirnoota hawaasichi gaggeeffatu keessaa mallatummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban jedhuurratti fuulleffatee kan hojjetamedha.Haaluma kanaan,hawaasnii Oromoo sirnoota amantaafi duudhaalee hawaasni gaggeeffatu keessatti mallatummaa Coqorsaafi Saardoo,faayidaan inni sirnoota aadaa,duudhaalee fi amantaa keessatti inni kennu,yoomessaa kam kam keessatti sirnichii akka raawwatamu eenyu eenyu achi keessatti qooda akka qabu ibsame jira.Haata’u malee,hawaasni Oromoo kun dhiibbaa sirna siyaasaa,amantii, ilaalchaafi kkf saba biraatiin irra gahaa ture irraa kan ka’e,akka aadaa isaa dagataa deemu taasisaa turan ammas dagachiisaa jiru.

Kanaaf kaayyoon gooroo qorannoo kanaatis,mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu ture.Qorataa kanas akka mataduree kanarratti hojjettuuf kani isaa kakaase,aadaa,duudhaalee hawaasa Oromoo sirnoota amantaa,aadaa fi duudhaalee garaagaraa bu’uura gochachuun jiloota inni gaggeeffatu hedduu keessatti mallattoolee mul’ataan afaaniin dhalootaa,dhalootatti kan darbaa jiruudha malee bifa barreeffamaatiin qindaa’ee waan hinturreef,ragaa barreeffamaan kaa’uun akka hin dagatamneefi aadaa,amantaa fi duudhaaleen Oromoo kun itti fufiinsaan dhaloota itti aanutti qabiyyeefi mallattummaa isaa qabatee akka turuuf xiinxaluun gama isaatiin waa gumaachuuf qorannoo kana gaggeessee jira.Qorannoo kana gosoota qorannoo keessaa qorannoo akkamtaatti fayyadamee jira.Ragaawwan argamani immoo mala addeessuun ykn ibsaatiin addeeffamaniirruu.Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaati.Kunis namoota aanicha keessatti mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo aadaa Oromoo Walisoo Liiban ibsuu irratti muxannoofi beekumsa qaban irraa daawwannaa,gaaffii afaaniin fi marii gareedhaan ragaa ragaa-kennitootarraa argameen

xiinxalamee jira.Ragaaleen mala qorannoo keessatti malootaa funaansaa ragaa adda addaatiin funaannamanii qindeeffamanii xiinxalaamaniiru.

Xiinxalli qorannoo kanaatis aadaafi duudhaaleen Oromoo aanaa kanatti jiraan hedduu yoo ta’anis qabiyyeen as jalatti jiraanis jiloota duudhaalee fi amantaa gosa garaagaraa kan of keessatti qabataniidha.Ogummaa fi dandeettii hawaasni Oromoo aanaa kana jiloota gaggeeffatu keessatti wantoota uumamaa mallatummaa qaban akkaataa itti faayadamu fi dhimma itti bahu kan ibsuudha.Kunis, hawaasa Oromoo Walisoo Liiban saba fi sablammoota biyya kana keessa jiraan irraa kan adda isa godhu,rakkoowwan isa muddatanii kaamuufu mala maataa isaa kan qabu fi maloota inni qabuun rakkoon kanneen akka walajjeessuu saba Oromoo giddu qofa osoo hin taane saba biraa gidduu fi Saba Oromoo giddu irratti yoo muddatee illeen dafee walitti fiduun karaa sirna gumaattiin rawwachisuu,yoo ilmi abbaatii ykn intalli haadhatti gara hin maleen itti darbitee Saardoo buqqifatee kennuun haadha ykn abbaa irraa eebba fudhachuun abaarsaa gara eebbatti jijjiirsifachuudha. Ebbii fi abaarsii immoon wal jajuuf, wal barsiisuuf,wal qeequuf,hariiroo hawaasummaa uumuufi kkf fa’aaf kan fayyadu yoo ta’u,wanti dabee namaa fi waaqa gidduu yoo jiratee dafaanii waaqa kadhachuun deebiffachuu fi kkf saba fi sablamoota biyya kanaa irraa hawaasa Oromoo Walisoo adda isa taasisu.Gama biraatiin immoo wantooni Coqorsii fi Saardoon jiloota garaagaraa hawaasichi gaggeeffatu keessatti walitti hidhiinsi inni qabu fi mallatummaan meeshaalee ulfoo jiloota keessatti qabatamu walinni caalaqisisuun qooda olaanaa taphatu.Haaluma kanaan hawaasni Oromoon Walisoo Liiban aadaa,amantaa,fi duudhaalee inni gaggeeffatu keessatti Coqorsaa fi Saardoo fayyadamee eenyummaa Oromummaa inni qabu ibsuuf,kan gaarii hojjatee cimsuuf,waan kadhatee argatee tokkoof Waaqaa galateeffachuuf,waan dhabee immoon Waaqaa kadhachuuf Coqorsaafi Saardoo fayyadama.

Akkasumas wanta uumaafi uumamaa kana keessatti mallattummaa inni qabu ibsun beekumsa,ilaalcha,ogummaafi falaasama amantii,aadaa fi duudhaalee isaanii kan ganamaa wal hubachiisu,wal jaju,wal barsiisu,wal qeequ,dhaamsawalii dabarsuu.

## 5.2. ARGANNOO

Dhumarratti ragaawwan ibsaman kaayyoo qorannoo kanaa waliin kan walsiman ta’uun kan hubatamu yoo ta’u,argannoowwan mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo jiloota duudhaalee hawaasummaa,aadaafi amantaan gaggeeffamuun dhiyaate irratti hundaa’uun akka armaan gadiitti kaa’amaniiru:

- ❖ Akka ragaan qorannoo irraa argamee ibsuuti,jilooni Oromoon gaggeeffatu baay’een isaanii Coqorsaa fi Saardoo walinni walitti hidhiinsa cimaa kan qabanu ta’u isaa addeesseera. Kunis, jilli tokko wantoota uumaa fi uumamaa keessaa Coqorsaa fi Saardoodhan gaggeeffamu akka danda’uufi jiloota gaggeeffamanu kana keessatti Coqorsii fi Saardoon yoo keessatti hin jiranee jilli gaggeeffamu sun akka waan guutuu hin taaneetti ykn hir’uuti ilaalamuu isaa argannoon qorannoo ifoomseera.
- ❖ Yeroo fuudhaa fi heerummaa Saardoon warra gurbaa kaadhimmaatu irraa gara warra intalaa kaadhimmamtuu geeeffamu hanga gaafa intalaa gurbaan fuudhutti hin gatamu.Kun immoon hawaasicha biraatti Saardoon mallattummaa kabaja qabachuu isaakan ifoomseedha.
- ❖ Hawaasni Oromoo aanaa kanaa aadaa,amantaa fi duudhaa isaa calqisisufi dhaloota dhalootatti duudhaa isaa eegsisuun ittifufsisu keessatti mallattummaan Coqorsaafi Saardoo shoora olaanaa akka qabu hubatameera.
- ❖ Coqorsii fi Saardoon hawaasa aanichaa biraatii sirnoota raawwii duudhaalee hawaasaa jiloota amantaa fi alamantaa garaagaraa hawaasni Oromoo gaggeeffatu keessatti dhunfaa fi gareen kan dhimma itti bahu ta’uun isaa bira gahameera.
- ❖ Uummaataa Oromoo biraati bal’inaan walitti hidhiinsaa Coqorsaa ilaalchisee,yoomessaa jiloota adda addaa hawaasni kabajatu keessatti mallattummaa akka qabu qorannoo kanaan ifoomeera.Isaan,keessa muraasa isaanii ibsuuf waltajjiiwwan amantii jechuun Irreecha/Irreessa birraa fi Arfaasaa,sirna ateetee,sirna raawwiiwwan gumaa keessatti dhimma akka itti bahamu addeeffameera.Saardoon dhimmoota hawaasummaa keessatti sirna fuudhaa fi heerumaa fi sirna jaarsummaa keessatti immoon araara irratti taa’anii raawwachuu fi jilaalee garaagaraa keessatti akkaataa itti dhimmaa itti banu bu’aa qorannoo argameera adeeffameera.
- ❖ Raawwiiwwan sirnoota aadaa,amantaa fi duudhaalee hawaasaa keessatti Coqorsaa fi Saardoo fayyadamuun,hawaasa Oromoo Walisoo Liiban biratti,mallattummaa,nagafi tasgabbii, mallattummaa qaccee ofiitti fufsisu, badhaadhina, galateeffannaa, mallattummaa aangessuu,

mallattummaa araaraa, mallattummaa jireenya,mallattummaa eebbaa,mallattummmaa walitti firoomuu fi kkf of keessaa akka qabu argannoo qorannoo irraa mirkana’eera.

❖ Akka aadaa fi duudhaalee hawaasaa Oromoo Walisoo Liibanitti sirna fuudhaafi heerummaa raawwachuuf wantoota duudhaa hawaasaa guutuuf barbaachisaan keessaa tokko Saardoodha.Haa ta’uu malee yeroo amma kana bakka tokko tokkotti yeroo sirna kana raawwatan Saardoo biraa hambisaanii bunaa fi Sukkaara qofa geessuun raawwii karaa amantaa isaaniittiin Saardoodhaan ala raawwachuun ni mul’ata.Kun immoon aadaafi duudhaan hawaasichaa sababa amantaattiin cabbaa jirachuu isaa qorannoo kanaan addeeffameera.

❖ Coqorsii sirnoota aadaa fi amantaa keessatti mallattummaa qabachuu biraa darbe hawaasichi beekumsa xabboo qabuun Coqorsaa daandii addaan qoodee ceehuu qorichummaadhaafis akka itti faayadamu bu’aa qorannoo irraa hubachuun danda’ameera.

❖ Jilooni garaagaraa hawaasaa Oromoo Walisoo Liiban biratti Coqorsaa qabachuun kan jilatamuuf wantoon uumaa fi uumamaa kun as keessatti mallattummaa Waaqaa galateeffachuu, mallattummaa Waaqaa kadhachuu,mallattummaa eebbaa qabachuu isaanii qorannoo kanaan irraa gahameera.Eebbi jiloota gaggeeffamanu kanneen keessatti Coqorsaan eebbiffatamu immoon hawaasa naannoo sanaa jaju,gorsu,yookiin qeequ,hojiitti kakaasuufi barsiisuuf kan fayyadu ta’uu bira ga’amee jira.

❖ Akka hawaasaa Oromoo Walisoo Liibanitti bakka tokko tokkooti itti mallattummaan Coqorsaa dagatamaa jiraachuufi dhaloonni ammaa sirnoota garaagaraa gaggeeffatu keessatti karaa guutuu ta’een mallattummaa isaa kan hin beekne ta’uufi qorannoon gama kanaan gaggeeffamaa jiru laafaa akka ta’e bira gahameera.Kanaafis,sababoota kanneen ta’aan amantiin babal’achaa dhufuu,ammayyummaan liqimfamuu,kunuunsa aadaa,amantii fi duudhaalee Oromootiif xiyyeeffannoon jiru gadi bu‘aa ta’uu fi dhiibbaa siyaasaa sirna mootummoota Itoophiyaa darbaninnin taasifameen diinagdee hawaasaa irratti,iyyummaa irratti fi guddinna uumaata walinni deemsisu dadhabuun Oromoon naannoo qorannoon kun gaggeeffame jiru,beekumsa mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo irratti qabu bakka tokko tokkootii laafaa ta’u isaa qorannoo gaggeeffameerraa hubachuun dandameera.

❖ Akka bu’aan qorannoo addeessutti Coqorsii jiloota amantaa fi alamantaa Oromoon gaggeeffatu keessatti dhimmoota kadhaa waaqaaan walqabatuuf hawaasni naannoo qorannoon gaggeeffame jiratu kan dhimma itti bahu ta’uun beekameera.Akkasumas,Saardoon immoon duudhaalee hawaasummaa kanneen akka fuudhaa fi heerumaa,jaarsummaafi kkftu

gaggeeffachuuf hawaasichi dhimma ittiin baha.Kanaafuu,gosooni marga lachuu hawaasicha biraati kabaja guddaa kan qaban ta'uu hubachuun danda'ameera.Walitti hidhiinsaa fi faayidaa inni uumaata Oromootiif qabu kan durii fi ammaa maal akka fakkaatuu fi kabaja Oromoon Coqorsaa fi Saardoodhaaf qabu akkasumas,kunuunsa margaaf Oromoon taasisu bu'aan qorannoo kana addeessera.

### 5.3 YABOO

Yaadota armaan olitti dhiyaatan ka'umsa godhachuun dhimmoota itti'aananii dhiyaatan kunneen mallattummaan Coqorsaa fi Saardoo sirnootaa aadaa,amantaa fi duudhaalee hawaasichi yoomessa garaagaraa gaggeeffatu keessatti ittifufiinsaan osoo hin badiin dhaloota dhufuuf ittiin dabarsuuf murteessaadha.Raawwiiwwan jiloota kanneen keessatti raawwataman kun yoo haala uumama ganamaa qabatee dhalootaa dhalootatti darbuu baate uummanni Oromoo aadaa, eenyummaa, jaalalaafi kabaja,oogummaafi dandeettii isaa,duudhaafi safuu sabasaa ittiin ibsatu keessaa tokko dhabuu ni danda'a.Kunis, miidhaa baduu mallattummaa Coqorsaafi Saardoo aadaa sirnoota ayyaanicha fi jiloota gaggeeffamu keessatti tajaajila kennanii,dagatamuu Coqorsaa fi Saardoo fi kkf fiduu ni danda'a.Kanaafuu,namoonni dhimmi kun ilaallatu osoo yaaddoota armaan gadii kanneen raawwatanii guddinni aadaa,amantii fi duudhaalee hawaasaa walitti hidhiinsa Coqorsii fi Saardoon hawaasa Oromoo walinni qabu fi mallattummaa isaa ifa baasanii ibsuun bira darbee guddina biyyaatiif bu'aa olaanaa qaba.

❖ Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa yeroo ammaa kana aadaa hawaasichaa babal'isuufi tursiisuuf sochii gaarii gochaa jira.Haata'u malee sirnoota amantaa keessaa sirni ateetee guutumaan guutuuti sadarkaa baduu irraa waan jiruufi duudhaalee hawaasaa keessaa immoon fuudhaa fi heerummaa keessatti bakka tokko tokkootii Saardoo faayadamuun sirnichaa karaa guutuu ta'een raawwachurraa marga jiidha kana dhisuun akkuma armaan dura ibsameen bunaa fi sukkaara qofa geessuun eebba fudhachuun sirnichaa gabaabsuun mul'ataa jirachuu isaa bu'aan qorannoon kun ifatti baase jira.Kanaafuu,waajjirri kun xiyyeeffannoo addaa itti kennuun mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo jiloota adda addaa keessaa jiran, walitti guuruun waraabee gara barreeffamaatti osoo jijjiiree dhaloota boriif olkaa'e gaarii ta'a.

❖ Namni qorannoo dhimma kanarratti gaggeessu meeshaalee waraabbii viidiyoofi suur-sagalee fayyadamuun barreeffamatti jijjiiree otoo kaa'ee bu'aa olaanaa qaba.

❖ Dhaloonni ammaamallattummaa Coqorsaa fi Saardoo maatiifi hawaasa naannoorraa qoraachuun barreeffamatti jijjiiruun dirqama isaanii otoo ba'atanii jechuun qorannoon kun ni akeeka.

❖ Aadaan uumaata Oromoo fi hawaasa Oromoo namoota hunda biratti kununfamu fi eegamuu qaba ture.Garu bakka tokko tokkoti garu wantoota uumamaa kana fayyadamu dhiisuun wanta aadaa irraa maqee gara amantaa garaagaraatti hirkaachuun kabaja fi safuu dhabsisuun rakkoo keessa jirachuu isani naannoon qorannoo gaggeesse irraa beekuun danda'ameera.Sababni isaas dhalooni booda kanaa aadaafi dhimmoota aadaa walinni waliqabataan irratti xiyyeeffachuu irraa dhimmoota ammayya'ati xiyyeeffata.Haalli ammayyumaa fi amantaa biroo hordoffuun kun immoon beekumsa aadaa,duudhaa fi amantaa uumamaan ganama Oromoon kuufatee akka dhabu fi safuu wantoota uumamaa eeguu fi kunuunsun akka hin jire taasiseera.Kanaafuu,ummannii Oromomoo martii gara dhimmoota aadaatii deebi'uun duudhaalee hawaasaatiif osoo xiyyeeffannoon itti kenname gaariidha.

❖ Qorannoon kun aadaa,duudhaa,safuu hawaasafi beekumsa uumamaa hawaasni qabu dhaloota dhufu itti fufsisu,raagaa qinda'aan kuusu,dhaloota ammaa hubachisuun dhaloota dhuufuuti dabarsuun bal'inanni akka itti faayadamani gochuu fi aadaa badaa jiru bakkatti deebisuun wantooni uumamaa naannoo keenya jiran keessaa Coqorsaa fi Saardoo qabatamanii jiloota gaggeeffaman Coqorsaa fi Saardoon ala raawwachuun waan mul'ata jiruuf sirnoonii aadaa,duudhaalee fi amantaa Coqorsaa fi Saardoo dhimma itti bahaanii gaggeeffatanii akka eegamani itti fufaaniif qaamni aadaa Oromoo jaalatu,hayyoon Oromoo,Abbootiin aadaa beekan,Waajjirri aadaa fi Turizimii Aanaa Walisoo fi abbootiin Gadaa xiyyeeffannoo kennuun aadaan keenyaa akka itti fufsisuu qabaniin dhama.

❖ Qoratooni aadaa irratti kana booda qorannoo gaggeessitanii hundi dhimma mallattummaa Coqorsaafi Saardoo aadaa uummatichaa keessatti,duudhaalee hawaasa fi amantaa Oromoon gaggeeffatu keessatti iddoo qoratan kun qaqabee hin ibsne gaddi fageenyaan ibsuuf qooda akka fudhatatani dhamsa kooti.

**WABIILEE**


Abelson R.P. (1979). Differences Between Belief And Knowledge Systems. *Cognitive Science,3,*, 355-366.

Abiyoot, B. (2011). *Qaaccessa Adeemsaa Raawwii fi Fookkoommii Meeshaalee Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo:Aanaa Dandii.* Finfinnee: Yuuniversiitii Addis Ababaa.

Aguilar M. (2005). The God of the Oromo. *A religious paradigm in the work of Lambert Bartels." J.Oromo study. 12(1-2):52-67*, 52-67.

Alamaayyoo Hayilee. (2007). *Gadaa:.* Finfinnee: Siyaasaa Oromoo Tuulamaa.

Alemayehu H. (2009). Gada System:. *The Polotics of Tulama Oromo.First Edition.Oromia Culture And Tourism Bureau. Volume I*, 65-70.

Alemu Disassa. (2016). Gender power relationship in jaarsummaa,A traditional dispute meadeation among Arsi Oromo of Ethiopia. *Desertation*, 264-67.

Appiah,Kwaine Anthony. (1992). *In my father's house:.* New York and Oxford:: Oxford University Press.

Aseba R . (2007). *Ethnicity and Inter-ethnic Relations:the "Ethiopian Experiment" and the case of the Guji and Gedeo.* Norway:: University of Tromso .

Asmarom. L. (1973). Gada :. *Three Approaches To The Study Of African Society.Asmarom Legesse. In American Anthropologist (Vol. 77, Issue 2,* , pp. 386-387).Https://Doi.Org/10.1525/Aa.1979.77.2.02900440.

Azeze, F. (1991). *Introduction to Oral Literature 4th ed.* Addis Ababa: Addis Ababa:Artistic Printing Enterprize.

Bartels L. (1983.). *Oromo Religion, Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia:An Attempt to Understand* . Berlin:: Dietrich Reimer Verlag.

Bartels L. (1983). *Oromo Religion,Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia:.* Berlin : An Attempt to Understand Berlin: Dietrich Reimer Verlag.

Beellamaa, A. (2011). *Qaaccessa Adeemsa Raawwii fi Fakkoommii Meeshaalee Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo:Aanaa Dandii.* Finfinnee: Yuunivesiitii Addis Ababaa.

Behrens, K.G. (2014). "An African Relational Envernmentalism and Moral Considerability," in Enveronmental Ethics:. *An Interdisciplinary Journal Dedicated to the philosophical Aspects of Enverionmental problems,36(1):*, 62-81.

Birhaanuu Tasfaayee Bazzaa. (2017). *Xiinxala Qabiyyee Fayyadama Afaanii Gumaa Baasuu keessatti: Haala Aanaa Abuunaa Gindabarat.* Finfinnee: Yuuniversitii Addis Ababaa.

Bujo, B. (2009). "Ecology and Ethical Responsibility from an African perspective," in Munyaradzi Felix Murove (ed). African Ethics:. *An Anthology and Appplied Ethics,Pietermaritzburg: University of KwaZulu-Natal press,,* pp,2810-297,.

Chemhuru, M and Masaka, D. (2010). " Taboos as Sources of Shona people's Enverionmental Ethics," . *Journal of Sustainable Development in Africa, 12(7):,* 121-133,.

Coffins, Mary. (1976). Ritual Symbols and the Ritual process:. *The work of victor W.Turner.worship 50:,* 336-346.

Daaniyaa. ((2006).). *Waldaa Aadaa fi Duudhaa Oromoo.* Finfinnee: Waldaa Aadaa fi Duudhaa Oromoo.

Damisee, D. (2012). *Ilaalcha Oromoo.* Finfinnee: Addis Ababa University.

Daniel Ayana,. (1984.). *" The concept of waqa and Missionaries: a preliminary study in Grafting of Christianity on Traditinal Religion in Wollega," proceedings of the second Annual seminar of the department of History,.* Addis Ababa,: Addis Ababa University.

Dastaa Dassaalany,. (2013). *Bu'uura Qorannoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Far East Trading PLC.

Dejene Gemechu. (2002.). *Some Aspects of Conflict Resolution Among Waliso Oromo of Eastern Mecha, with particular Emphasis on Guma.* Addis Ababa: Unpublished thesis for partial fulfillment of MA degree,.

Delessa Guddisaa. ((2008).). *The Role Of Gada Centers In Conflict Resolution Among The Kutaye Oromo Of Western Shoa: ASocial Reference To Booku Cittu.* Addis Ababa: Addis Ababa University.

Dorson,Rechard M. ((1972)). *Foklife: An Introduction.Chicago And London :.* Chicago: The University of Chicago Press.

Farley, J.E. ((2003)). *Sociology, (5th Ed.).Upper Saddle River, Nj:.* America: Prentice Hall.

Fayem, A. K. (((2016)). " African Enverionmental Ethics and the poverty of Eco-Activism in Nigeria:. *A Hermeneutico-Reconstructionist Appraisal," Matatu 48:,* 363-388.

Gemechis Itichaa. ((2014)). The role of indigeneous settelement among the tuama Oromo of the Sululta District:. *The Case of Qaallu oofa Abbukko. MA Thesis:,* Addis Ababa University.

Gemechu J .Geda. ((2013)). *Pilgrimages And Syncretism:Religious Transformation Among The Arsi Oromo of Ethiopia.* Addis Ababa: Addis Ababa University.

Gemechu Megerssa Ruda Ph.D. ((1993).). *Knowledge,Identity And The Colonizing Structure The Case of The Oromo In East And Northeast Africa University O f London School Of Oriental And African Studies.* London: Northeast African University.

Getahun J . ((2016)). Oromo Indigenous Knowledge and practices in Natural Resources Management:. *Land,Forest, and water in Focus, J Ecosys Ecograph 6:181 doi:10.4172/2157-7625.1000181*, 181.

Girardot,Miller and Xiaogan. (2001.). *Daoism and Ecology.Way within A Cosmic Landscape.Usa, Harvard University press.* Harverd: Harverd University Press.

Green, T . (1997.). *Foklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs,Tales,Music, And Art, Santa Barbara California, Denorer Colorado, England,.* England: England,Denorer Colorado press.

Huntingford. (1955). *The Galla of Ethiopia: The Kingdom of Kafa and Janajero.London,International African Institute.* London: London,International African Institute.

Huseen B. ((2000).). Seera Fuudhaa fi Heeruma Oromo Arsii. *Seera fuudhaa fi heeruma*, Finfinnee Commercial printing Enterprise.

Itichaa, S. (2014). *Fuudhaa fi Heerumaa Oromoo:Shawaa.* Finfinnee: Addis Ababa University.

Jamila Adem. ((2014)). Women and indigenous conflict resoultion institutions in Oromia:Experiences from Siinqe the wayyu shaman Arsi Oromo in Adami tulu.MA Thesis:Addis AbabaUniversity. *Journal for the Scientific Study of Religion 18(4):*, 432-434.

K, K. ((1997).). "The Siiqqee Institution In Oromo Women," J. Oromo Study. 4(1 and 2).Leykun, Samuel (2013)."Irreecha" Ceremony Among Shoa Oromo. *Journal of science and Sustainable Development (Jssd),2(1),96-110. Https:// Doi.Org/10.20372/Au.Jssd.2.1.2014.028*, 96-110.

Kassam, A. a. (1994.). "Aloof Aloollaa.The Inside And The Outside;Borana Oromo Environmental Law and Methods of Conservation,"in Brokensha(ed). *A River of Blessing:Essays in Honor of paul Baxter,pp 85-98.Syracuse:Maxwell School of Citizenship and public Affairs.www.emeraldininsight.com*, 85-98.

Kassam,Aneesa and Gemechu Megerssa. (1996.). *Sticks,Self and Society In Boorana Oromo: A symbolic Interpretation.In African Material Culture,Edited By M.J. Arnolidi Et Al.,.* Bloomington: Bloomington,Indiana University press.

Kottak.P.C. (2010.). *Mirror for humanity: A concise Introduction to Cultural Anthropology.(7 thedd.), New York,.* New York: Thec. Mac Graw Hill Companies In.

Kumsa k. ((1997).). "The Siiqqee Institution in Oromo women". *J. Oromo stud.4(1 and 2)*, 45-56.

Maatii Sabaa. (2006.). *Daaniyaa.* Finfinnee: Finfinnee.

Maraman, M. ((2010).). *Cultural and development evaluation and practice, Unesco work In papers,Nospain: Unesco.* Nospain: Nospain: Unesco.

Megersa Regassa and Dejene Gemechu. ((2015).). Jigaa Institution:The Surviving Gadaa Courts Among The Jimma Oromo, Ethiopia. *Ethiopia. J.Soc. Lang. Stud. 2(2), 3-25. Eissn: 2408-9532;Pissn: 2412-5180.1*, 3-25.

Megerssa, G. ((2005).). The Oromo Worldview. *Journal of Oromo Studies,12(1 and 2),*, 68-79.

Melaku Melba. (1988.). Oromia:An introduction.Khartoum,Sudan:self.Merry,Sally Engle.2001a,____women,violence and the HUman Rights System.I In women,Gender,and Human Rights:. *A Global perspective,edited by Marie Agosin.New Brunswick,NJ: Rutgers University press.*, 83-97.

Meron Zelke. (2010.). Ye Shakoch Chilot(the Court of the Sheikhs): A traditional institution of conflict resoulation in Oromia Zone of Amhara Reginal state,Ethiopia. *African Journal of Conflict Resolution,10(1):*, pp.63-84.

Misganu Gabayo*. . (2016). "Oromo Tradtional attitudes towards natural resource protection;the case of Abbat Choman and Horro districts,western Ethiopia (Forest,wildlife and soil in focus).". *IOSR Journal of Humanities Social Science(IOSR-JHSS),25(9),2020,*, pp.36-41.

Mobera,Mark. (2013.). *Engaging Anthropological Theory.New York,Routeledge.* New York: New York,Routeledge.

Nimoonaa Yaazaachoo. ((2011/2019).). *Qaaccessa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat.* Yuuniversiitii Addis A babaa: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Pankhrst, Alula and Asseffa Getachew eds. (2008.). *Grass-roots justice in Ethiopia:The contribution of customary dispute resolution.* Addis Ababa,: Centre francais d'etudes ethiopiennes.

Quimby,Lucy G.Rev.of. (1976). " Symbols and Society In Afric" Asa Review of Books publication Info,. *1976:Vol.2:*, pp.163-174.Http://Www.Jstor.Org(stable) 5313 65.

Tangula,G.B. ((2004)). " Some African Reflections on Biomedical and Environmental Ethics,"In Wiredu,K (Ed,),A companion To African Philosophy. *Australia:Black well publishing,*, pp.387-395.

Tarruu Unguree. ((2015).). *Waaqeffannaa:Amantii Duudhaa Ganamaa:*. Finfinnee:Oromiyaa: Yuunvarsiitii addis Ababaa.

Turner, Victor W. ((1968a)). *The Drums of Afflication: Astudy of Religious processes Among The Ndembu of Zambia.Oxford:Clarendon press.* Zambia: Clarendo press.

Turner,Victo W. ((1967)). *The Forest of symbols:Aspects of Ndembu Ritual Ithaca:Cornell University press.* Ithaca: Umar Adam.(2004).

Turner,Victor W. ((1977a)). Symbols in African Ritual.In Symbol Anthropology: A Reader In The Study of Symbols And meanings,Edited By. *J.L Dolgin.D.S.Kemnitzer And D.M.S Chneider,183-194. New York:Columbia University press*, Colmbia University press.

Whitehead, Alfred North. (1985). *Symbolism: Its meaning and Effect.New York: Fordhham Unversity press,*. New York: Fordhham University press,.

Workeneh, K. ((2001).). Traditional Oromo Attitudes Towards The Environment: An Argument for Environmentally Sound Development. *Social Science Research Report Series,19.IX,*, 108p.

Workeneh, K. ((2005).). *Discussion paper:The Utility of Ethical Dialogue For marginalized Vocies In Africa.London;Intrnational Institute For Envernmental and Development.* London: London press.

Workeneh,K. ((2010).). *"Indigenous Environmental Philosophy," In Edelglass,W And Garfield,J.L(Eds.).The Oxford Hand book of world philosophy.Oxford:*. Oxford: Oxford University press.ppp.574-581.

Workeneh,k. ((2014).). " Can Environmental Ethics Contribute To Environmental policy In Africa," In Environmental Ethics:. *An Interdis Ciplinary Journal Dedicated To The Philosophical Aspects Of Environmental problems,36(1):*, 31-61.

Wubaayyoo Olaanii. ((2011/2019).). *Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadha Deessuu Mullisan:Aanaa Ada'aa Bargaa* . Addis Ababaa: Yuuniversiitii Addis Ababaa.

Yaazoo Nugusuu. ((2016).). *Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo:Shawaa Bahaa.* Addis Ababaa: Yuunvarsiitii Addis Ababaa.

# DABALEEWWAN

## DABALEE “A”

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO**

**DABALEE “A” GAAFFII AFAANII**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO**

**1. GAAFFII AFAANII**

Naannoo Oromiyaatti Godina Shawaa kibba Lixaa Aanaa Walisootti Coqorsaa fi Saardoo raawwii sirnoota garagaraatiif ittiin dhimma bahaan keessatti mallattummaa isaan qaban qorachuu ilaalchisee gaaffii afaaniif dhiyaatedha.

Akkam bultan? Duraan dursee, gaaffiifi deebii waliin taasisuuf kana dura waliin beellamannee turre irratti eeyyamamoo ta’uun asitti naaf argamuu keessaniif onneerraan isin galateeffadha.Itti aansuun,Maqaan koo Indaalaa Yohaannisiin jedhama.Kanan dhufe yuunivarsiitii Jimmaa kolleejjii saayinsii hawaasaa fi namoomaa muummee fookloorii Fi og-Barruu Oromoo yoo ta’u, qorannoo bu’uuraa qopheessuuf mata duree “Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti.” kan jedhu irratti qorannoo gaggeessaan jira waan ta’eef, deebiin isin naaf laattan galma ga’iinsa qorannoo kootiif faayidaa guddaa qabaa waan ta’eef ragaa qabatamaa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

**A/ AFGAAFFII DHIIRAAFI DUBAROOTAA DHUUNFAAF DHIYAATE**

Maqaa------------------------Koorniyaa_____ Umrii___ Ganda__________ Sad. Barumsaa____ Hojii_______

1. Coqorsii isiiniif maal? Saardoon hoo?

2. Yeroo ayyaana waggaa ayyaaneffattan wantonni isin qabatanii bakka ayyaanichaatti argamtan maal fa’i? Eenyufaatu qabata? Yoo ni qabatu ta’e, yeroo akkamiifi eessati qabatama? Maaliif qabatu ?

3. Coqorsii fi Saardoon tokko immoo garagaara? Tokkummaa fi garaaagarummaa isaan qaban nati himu dandeessu?

4. Coqorsaa fi Saardoo yeroo ayyaanaan ala nigargaaramtu? Yoo ni gargaaramtu ta'e yoom yoom? Yoo hin gargaaramtan ta'e maaliif?

5. Coqorsaa fi Saardoo kanneen eessaa argattu? Faayidaan isaan qaban maali?

6. Yoo Coqorsaa fi Saardoo qabatanii bakkichatti hin argamne rakkoo maalii qaba?

7 Faayidaa fi walitti hidhiinsi Coqorsaa fi Saardoon duudhaalee hawaasummaa, waltajjiiwwan Amantii fi aadaa keessatti qaban maali?

8 Coqorsaa fi Saardoo jila adda addaarratti gargaaramtan kana mallattummaa isaan qaban tokko tokkoon himuu dandessuu? Kan beektan natti himaamee?

9 Yeroo ammaa kana akka hawaasa Oromoo Walisoo Liibanitti Coqorsaa fi Saardoo akkuma duriitti Kabajuun itti fayyadamaa jirtu?Yoo hin jirannee maaliif?

10 Dhimmoonni Coqorsii fi Saardoo akka haala duriin itti fufinsaan itti hin fayyadamne isin taasisan maali?

**DABALEE "B"**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO**

**2. MARII GAREEXIYYEEFFATEE**

Akkam bultan? Duraan durseee,Marii Garee waliin taasisuuf kana dura waliin beellamannerratti naaf argamuu keessaniif hedduu Galatoomaa,baga nagaan dhuftan.Itti aansuun,maqaan koo Indaalaa Yohaannisiin jedhama.Kanan dhufe Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Namoomaa Muummee Fookloorii Fi og-Barruu Oromoo irraa yoo ta'u,qorannoo bu'uuraa qopheessuuf mataduree "Mallattummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti." jedhu irratti qorannoo gaggeessaan jira.Deebiin isin naaf laattanis galma ga'iinsa qorannoo kootiif faayidaa guddaa qaba.Kanaaf,marii ho'aafi hawwataa ta'e waliin taasisuun ragaa qabataamaa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

**B/ GAAFFII MARII GAREEXIYYEEFFATEE**

Maqaa____________Korniyaa______Umrii___ Ganda_________________ Sad.Barumsaa____ Hojii_______

1. Coqorsii fi Saardoon isiiniif maal?

2. Dubartoonni Coqorsaa fi Saardoo ayyaannoota kam kam keessatti qabatu?Dhiiroon hoo?

3. Jiloon dubartoonni qofti Coqorsaa fi Saardoo qabatanii jilatanu jira? Yoo jiratee maal fa'i?

4. Coqorsii fi Saardoo uumamaan walqabatu jetaanii yaadu?

5. Maaliif ummanni Oromoo Yeroo duudhaalee hawaasaa fuudhaa fi heerumaa,ijaarsaa manaa, gummaa, jaarsummaa, sirna ateeteefi kkfti Coqorsaa fi Saardoo qabata?

6. Coqorsaa fi Saardoo yeroo ayyaannootaa fi jilootaa garaagaraa qabatanii ittiin fayyadamtan kun mallattummaa isaani qaban beektu? Hiikni isaanii kennaan hoo?

7. Qabiyyee yookiin ergaan Coqorsiifi Saardoo jiloota keessatti dabarsu maal jettanii yaadu?

**DABALEE "C"**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA**

**MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO**

**DAAWWAANNAA**

Kaayyoon dawwaanna qorannoo kanaa mata duree "Mallatummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo Liiban keessatti." jedhu irratti qorannoo qoratan digrii 2ffaa guuttachuuf taasiifamuuf ragaa gumaacha goochuu dana'uu argachuuf yommeessa jiloota gaggeefamu keessatti argamuun akkumma armaan dura ibsameen manguddooni Coqorsa qabachuun sirna gumaa muruu fi seera tumuu,raawwii sirna gummaa keessaa harkaa dhiqannaa,sirna cidhaa,ijaarsa manaa haala aadaatiin ijaaramufi sirna Irreechaa daawwachuun ragaalee qindeefateera.sirna kabaja ayyaanoota kanatis meeshaalee warabbii barbachiisaniitti dhimma bahuun waraabameera.

**DABALEE "D"**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA**

**MUUMMEE FOOKLOORII FI OG-BARRUU OROMOO**

**RAGAA KENNITOOTA**

Gabatee 1: Ragaa kennitoota Waliigalaa mallatummaa Coqorsaa fi Saardoo Aadaa Oromoo Walisoo keessatti jedhu irratti ragaa kennaan

Ibsa: Qo. - Qonnaa Dub. - Dubartii

Dhi.- Dhiira

**Gabatee 1 Haala waliigala Ragaa kennitootaa agarsiisu**

| T/L | Maqaa | Korniyaa | um | S/Ba | G/hojii | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tasfaayee Tujjoo | Dhi. | 68 | Diip. | A/Gadaa | A/Gootuu |
| 2 | Waggarrii Lamuu | Dhi. | 61 | 3 | Qonnaan Bulaa | A/Gootuu |
| 3 | Dabbaree Kabbadaa | Dhi. | 52 | 8 | Qonnaan Bulaa | A/Gootuu |
| 4 | Obbo Hayiiluu Yilmaa | Dhi. | 48 | 2 | Qonnaan Bulaa | A/Gootuu |
| 5 | Obbo Amddisaa Amanaa | Dhi. | 80 | 3 | Jaarsaa Biyyaa | A/Gootuu |
| 6 | Obbo Abbushee Igaazuu | Dhi. | 51 | 6 | Qonnaan Bulaa | A/Gootuu |
| 7 | Obbo Daggaafaa Biqilaa | Dhi. | 85 | ------ | Jaarsaa Biyyaa | A/Gootuu |
| 8 | Obbo Xiilahuun Wayeessaa | Dhi | 67 | 8 | Guulaa | Diree Dullatti |
| 9 | Aadde Birqii Angaasaa | Dub. | 72 | --- | Haadha Siinqee | Diree Dullatti |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 10 | Aaddee Boontuu Macheessaa | Dub. | 68 | ---- | Haadha manaa | Leeman Ayeetuu |
| 11 | Obbo Naggaa Indaalaa | Dhi. | 75 | 10 | Jaarsaa Biyyaa | L/Ayeetuu |
| 12 | Obbo Faayeeraa Kabbadaa | Dhi. | 74 | 6 | Guulaa | L/Ayeetuu |
| 13 | Obbo Nugusee Gaanaa | Dhi. | 82 | --- | Guulaa | D/Dullatti |
| 14 | Obbo Sillaashii sarddoo | Dhi. | 74 | 4 | Jaarsaa Biyyaa | D/Dullatti |
| 15 | Aaddee Hirphee Tarreessaa | Dub. | 78 | ----- | H/manaa | L/Ayeetuu |
| 16 | Obbo Kabbadaa Galalchaa | Dhi. | 69 | ---- | Guulaa | L/Ayeetuu |
| 17 | Obbo Fiqaaduu Acaaluu | Dhi. | 54 | Dig. | H/mootummaa | D/DUllatti |
| 18 | Aaddee Hawwii Badhaadhaa | Dub. | 68 | ---- | H/manaa | L/Ayeetuu |
| 19 | Aadde Kitaabee Waaqummaa | Dub. | 60 | Dip. | H/mootummaa | D/Dullatti |
| 20 | Aadde Gaaddisee Kitaabaa | Dub. | 84 | -- | H/manaa | D/Dullatti |

**DABALEE “E”**

**SUURA YEROO RAGAAN FUNAANAMU KAAFAME AGAARSIISU.**



Suuraa 7: ijaarsaa mana cittaa aadaa daawwannaa hojii dirree irratti Coqorsa,garbuu, dhoqqee fi Aannan utubaa mana jala yeroo namu gaafa 20/9/2014 qoratadhan fuudhatame



Suuraa : ijaarsaa mana cittaa aadaa daawwannaa hojii dirree irratti Coqorsa,garbuu, dhoqqee fi Aannan utubaa mana jala yeroo namu gaafa 20/9/2014 qoratadhan fuudhatame



Suuraa : ijaarsaa mana cittaa aadaa daawwannaa hojii dirree irratti Coqorsa,garbuu, dhoqqee fi Aannan utubaa mana jala yeroo namu gaafa 20/9/2014 qoratadhan fuudhatame



Suura :Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo mallaqaa kennuun araaraa raawwatanu magaalaa Diilalaatti qoratadhan kaafame.



Suura:Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo araaraa raawwatanu qoratadhan magaalaa Diilalaatti kaafame.



Suura:Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo araaraa raawwatanu magaalaa Diilalaatti qoratadhan kaafame.



Suura :Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo mallaqaa kennuun araaraa raawwatanu tumaanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame.



Suura :Guyyaa harka dhiqannaa yeroo seeraa tumaanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame



Suura:Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo seeraa tumaanuufi araaraa raawwatanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame



Suura :Guyyaa harka dhiqannaa yeroo seeraa tumaanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame



Suura:Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo seeraa tumaanuufi araaraa raawwatanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame



Suura:Raawwii seeraa gumaa keessatti Coqorsaan yeroo seeraa tumaanuufi araaraa raawwatanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame



Suura :Guyyaa harka dhiqannaa yeroo seeraa tumaanu ganda Koonnoo Lafee Arbaati qoratadhan kaafame




Suuraa: Daawwannaa gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame.



Suuraa: Daawwannaa gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame.



Suuraa: Daawwannaa gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame



Suuraa: Daawwannaa gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame.



Suuraa: Daawwannaa gaafa 9/8/2014 Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame.



Suuraa:Irreecha Arfaasaa Tulluu Horaa Ayeetuu Walisooti gaaggeefamee irraa qorataan kaafame



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame.



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame



Suuraa :Saardoo kennuufi eebba fudhachuu daawwannaa cidhaa gaafa guyyaa 29/8/2014 Dur.Tashaalee Mulugeetaa fi Dar. Sinyayoo irraatti qoratadhaan kaafame



Suuraa:Marii garee ganda dirree dullatiitti qoratadhan kaafame

## YUUNVARSIITII JIMMA

## DHAABBATA DIGRII DURAATIIN BOODDEE

## WARAQAA MIRKANEEFFANNAA

Ani qorataan maqaafi mallatoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaafi kanaan dura Yunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta`uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta`een fudhadhee wabii keessattis kaa`uu koo nanmirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo _________________________

Guyyaa ____________________________